# Itti Fayyadama Malleen Dubbii Kitaabota Walaloo *Miila Kaayyoo* fi *Edas-Edanas*

**Qorataan: Biraanuu Olqabaa Dhufeeraa**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuutiin Guuttachuuf Qophaa'ee Yuuniversiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiif Dhiyaate**

***Hagayya, 2011***

***Jimma***

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuutiin Guuttachuuf Qophaa'ee Yuuniversiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiif Dhiyaate**

# Itti Fayyadama Malleen Dubbii Kitaaboota Walaloo *Miila Kaayyoo* fi *Edas Edanas*

**Qorataan: Biraanuu Olqabaa Dhufeeraa**

**Gorsaa: Taayyee Guddataa**

**Gargaaraa Gorsaa: Hiristee Akkawaaq (MA)**

***Hagayya, 2011***

***Jimma***

# Yuunivarsiitii Jimmaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf, Biraanuu Olqabaan mata duree‘Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas Edanas irratti gaggeeffame sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guutera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa ___________________________________ Mallattoo ____________Guyyaa _________

Qoraa keessaa ___________________________ ____Mallaattoo ___________Guyyaa _________

Gorsaa _______________________________________ Mallattoo ____________Guyyaa _________

Itti gaafatamaa Muummee Yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

# Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu, kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

**Maqaa:____________________________________**

**Mallattoo____________________________________**

**Guyyaa______________________________________**

## Galata

Duraan dursee asiin gahee qorannoo kana akkan gaggeessuf kan na gargaare waaqayyoof galata guddaan galcha. Itti aansuudhaan immoo kaayyoon qorannoo koo akka galmaan gahuuf jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii osoo hin qusatiin dhadhabbiifi nuffa tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Taayyee Guddataaf galanni koo guddaadha. Akkasumas maatii koo osoo hin baratiin na barsiisaniif galataafi kabajan qabu ibsaa Waaqni umurii dheeraa akka isaaniif kennu hawwa. Keessumaa kaayyoo qorannoo koo akkan galmaan gahuuf yaadaafi maallaqaan na bira dhaabbachaa kan ture obboleessa koo barsiisaa Nagaasaa Olqabaaf galanni koo guddaadha. Dabalataanis hiriyyoota koo deeggarsa yaadaafi ogummaa qabaniin na deeggaraa turan hundaaf galatan qabun ibsa.

**_Axereeraa_**

*Qorannoon kun malleen dubbii ogwalaoloo "Miila Kaayyoo"fi "Edas Edanas" keessatti argaman qaaccessuu irratti gaggeeffame. Qorannoo kana gaggeessuuf waanti qorataa kakaase qaaccessi ogwalaloo Oromoo irratti gaggeeffaman muraasa ta'uu isaaniiti. Kun immoo gumaacha qorannoon gama ogwalaloon guddina ogbarruu irratti qabu hir'iseera. Kanuma ka'umsa godhachuun qorataan kun malleen dubbii ogwalaloo kanneen lamaan keessatti argaman qaaccessuun gumaacha guddina ogbarruu Oromoo keessatti qooda fudhachuuf kaka'e. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti fayyadama malleen dubbii ogwalaooo Miila Kaayyoofi Edas Edanas keessatti dhimma itti bahaman qaacceessuudha. Barbaachisummaan qorannoo kanaa: namoonni ogwalaloo kana dubbisan akka dubbiiwwan qoolaa hubannoo isaanii hin gufachiifne ni taasisa; namoota qorannoo gosa kanaa geggeessuu barbaadaniifis ka'umsa ta'uu ni danda'a. Ogbarruun qeeqa malee waan quucaruu danda'uuf, xiinxalli qo'ataan kun gaggeesse guddina ogbarruu Oromoo keessatti gumaacha mataa isaas niqabaata. Qorannoon kun ogwalaloowwan Oromoo keessaa ogwalaloo lama qofa irratti gaggeeffame. Sababa qorataan ogwalaloo kannneen filateefis ogwalaloon miila kaayyoo yeroo dhihoo waan maxxanfameef qorannoon akka irratti hin gaggeefamne qorataan hubaeera. Ogwalaloo Edas Edanas immoo kan filatameef itti fayyadamni jechootaa waloon itti gargaararame salphaatti hubachuun kan danda'amu hinfakkaatu. Ogwalaoon kun filannoo jechootaan kan badhaadhe waan ta'eef salphaatti hubachuun akka nama rakkisu qorataan yeroo dubbisu argeera. Kun immoo hubannoo dubbistootaa ni gufachiisa jedhee waan yaadeefi. Qorannoon kun gosa qorannoo qulqulleeffataa yommuu ta'u, gosoota iddattoo qorannoo qulqulleeffataa keessaa immo iddattoo akkayyootti gargaarame. Akkasumsas qorannoon kun mala akkamtaatti gargaaramuun kan adeemsifameefi qorannoo kana keessattis qorataan maddi ragaan itti gargaarame madda raga tokkoffati. Innis ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas Edanas sakatta'uun malleen dubbii qaaccessuun yommuu ta'u, odeeffannoon argames sakatta'a barruu gargaaramuunidha. Odeeffannoon sakatta'a barruun walitti qabames saxaxa ibsaafi addeessuun qaaccefameera. Kunis yaadrimee Giloux(1974:10)fi kan biroo bu'uura godhachuun gosoota malleen dubbii ogwalaloo filataman keessatti itti fayyadaman yaadxiina faayidaalessummaa bu'uura godhachuun faayidaa maalii akka qaban xiinxalamanii jiru. Gosoonni malleen dubbii walaloo Miila Kaayyoo keessatti qorataan sakatta'e lakkoofsaan sagali. Isaanis: akkasa ,iddeessuu, nameessuu, mitihee, atee, arbeessuu, mallattoo,tuqsee fi habalaka yommuu ta'an, ogwalaloo Edas Edanas keessattis bifuma walfakkaatuun sagal sakatta'amaniiru. Malleen dubbii kunis ogwalaoo kanneen keessatti faayidaa adda addaa addeessuufi dhimmoota adda addaa ibsuuf kan galanidha. Xumura irrattis kallattiin gara fuula duraa kaa'amuun qorannichi xumurame.*

***Jechoota Ijoo:*** *Ogbarruu, Ogwalaloo, Malleen Dubbii, Qaaccessa, Akkasaa, Nameessa, Habalaka, Iddeessa, Eeyemitii,Arbeessuu, Atee, Tuksee,Mallattoo*

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata……………………………………………………………………………….…………...I

Axereeraa………………………………………………………………………..…………...II

Baafata…………………………………………………………………...…………………III

BOQONNAA TOKKO SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........................................................................................ 1

1.2. Ka'umsa Qo'annichaa ............................................................................................. 3

1.3. Kaayyoo Qo'annichaa ............................................................................................. 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo........................................................................................... 5

1.3.2.Kaayyoo Gooree ............................................................................................ 5

1.4.Barbaachisummaa Qo'annichaa ............................................................................... 5

1.5. Daangaa Qo'annichaa ............................................................................................. 6

1.6. Hanqina Qorannichaa .............................................................................................. 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WAL-FAKKAATANII .................................. 7

2.1. Maalummaa Ogbarruu............................................................................................. 7

2.2. Faayidaa Ogbarruu .................................................................................................. 8

2.3. Gosoota Ogbarruu ................................................................................................. 10

2.4. Itt Fayyadama Afaan Ogwalaloo........................................................................... 10

2.5. Amaloota Ogwalaloo............................................................................................. 11

2.5.1. Qabatamummaa: ......................................................................................... 12

2.5.2. Filannoo jechootaa:...................................................................................... 12

2.5.3. Rukkuttaa:.................................................................................................. 12

2.5.4. Safara: ....................................................................................................... 12

2.6. Malleen Dubbii ..... 13
2.7. Faayidaa Malleen Dubbii ..... 15
2.8. Gosoota Malleen Dubbii ..... 17
2.8.1. Akkee /Akkasaa: ..... 17
2.8.2. Iddeessa ..... 18
2.8.3. Habalaka ..... 19
2.8.4. Nameessa ..... 19
2.8.5. Arbeessuu ..... 20
2.8.6. Anyarsee(Gurra xiqqeessuu) ..... 20
2.8.7. Mit'eeyee ..... 21
2.8.8. Atee/hin jirree dubbisuu ..... 21
2.8.9. Mallattoo ..... 22
2.8.10. Walqabsiisa ..... 22
2.8.11. Tuksee ..... 23
2.9. Sakatta'a Qorannoo Wal fakkii ..... 23
2.10. Yaadxiina Qorannoo ..... 25
2.10.1.Yaadxina faayidaa(Functionalism) ..... 25
2.11. Waa'ee Kitaabotaa Amma Tokko ..... 26
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ..... 28
3.1.Saxaxa Qorannichaa ..... 28
3.2. Madda odeeffannoo ..... 28
3.3. Mala Iddatteessuu ..... 29
3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin  Funaaname ..... 29
3.5. Mala Qorannoon Ittiin Qaacceffame ..... 30
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA  RAGAA ..... 31

4.1. Qaaccessa Malleen Dubbii Ogwalaloo *Miila Kaayyoo* .................................................... 32

4.1.1. Akkasaa/Akkee/ .......................................................................................... 32

4.1.2. Habalakaa .................................................................................................. 36

4.1.3. Bakkasaa/iddoosaa) .................................................................................. 39

4.1.4. Nameessaa ................................................................................................. 43

4.1.5. Ate(hin jirree dubbisuu) ............................................................................ 46

4.1.6. Eyemitii ..................................................................................................... 50

4.1.7. Arbeessuu/gurra guddisuu/ ........................................................................ 53

4.1.8. Tuksee (Wabiilee alaa )/Allusion/xternal reference) ................................. 55

4.1.9. Mallattoo .................................................................................................... 58

4.2. QAACCESSA MALLEEN DUBBII KITAABA WALALOO *EDAS-EDANAS* ............. 61

4.2.1. Akkasaa ...................................................................................................... 61

4.2.2. Iddoosaa/ Bakkasaa/ ................................................................................... 65

4.2.3. Nameessuu .................................................................................................. 68

4.2.4. Eeye mitii .................................................................................................... 72

4.2.5. Habalakaa .................................................................................................... 75

4.2.6. Tuksee .......................................................................................................... 78

4.2.7. Mallatto ........................................................................................................ 81

4.2.8. Arbeessuu .................................................................................................... 82

4.2.9. Atee .............................................................................................................. 84

4.3. Shoora Malleen Dubbii Ogwalaloo Kanneen Keessatti Itti Dhimma Bahaman Taphatan ...85

BOQONNAA SHAN CUUNFAAFI XUMURA……………………………………………..…………87

5.1. Cuunfaa ........................................................................................................ 877

5.2. Xumura ......................................................................................................... 8888

Wabiilee ..................................................... 909
DABALEE‘A’: HAALAWWAN DUBBII KITAABA WALALOO *MIILA KAAYYO* .............. 93
I. AKKASAA ..................................................... 93
II: Habalaka ..................................................... 95
III. Iddoosa ..................................................... 96
IV. Nameessuu ..................................................... 96
V. Atee ..................................................... 97
VI. Arbeessuu/Gurra gudisuu ..................................................... 99
VII. Tuskee ..................................................... 99
VIII. Eeye mitii ..................................................... 100
DABALEE B: HAALAWWAN DUBBII WALALOO*EDAS-EDANAS* ..................................................... 101
I. Akkasaa ..................................................... 101
II. Iddoosa/Bakkasaa ..................................................... 102
III. Nameessa ..................................................... 102
IV. Eeyemitii ..................................................... 102
DABALEE C: Qabxiilee Mirkaneessituu (Checklist) ..................................................... 103

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan Oromoon Oromiyaa fi biyyoota Oromiyaa daangessan keessatti hedduminaan dubbatamu iyyuu, imaammatni mootummoota darbanii afaanichi akka hin guddanneefi afaan ogbarruu akka hintaaneef bara dheeraaf cunqursaa cimaa irra kaa'ee ture. Yaada kana ilaalchisee Wandimu (2016:9) hayyoota (Mekuria, 1994, Mohammed,1994; Feyisa, 1996) wabeeffachuun yoo ibsu, "The Ethiopian governments had neglected and actively suppressed the development of Oromo literature and other groups whose native language is not Amharic. For this reason, Afan Oromo today lucks a developed literature and has less printed materials"jedha.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti mootummoonni Itoophiyaa darban Afaan Amaaraa qofaaf kan iddoo kennaa turan; guddina ogbarruu Oromoo kan balaaleffataa turaniifi guddina isaa quucarsaa akka turanidha. Haa ta'u malee osoma rakkoon jiraatu Afaan Oromoo afaan barreeffamaafi ogbarruu gochuudhaaf wareegaa qaqqaalii kaffalaa kan turan hedduu akka ta'an hayyoonni garaa garaa qorannoo isaanii keessatti addeessaniiru. Fakkeenyaaf yeroo jalqabaaf ka'umsa ogbarruu oromoof guumaata guddaa kan taasisaa turan Onosmoos Naasibiifi Aster Gannoofi kanneen biroos akka ta'an beektonni ni ibsu. Kunis namoonni kun yeroo Afaan Oromoo dubbachuun dhorkamaa turetti hojiiwwan ogbarruu hojjetaa turaniiru. Hojiilee isaanii ilaalchisee Mekuria (1995:40) haala armaan gadiin ibsa:

> Onesimos Nasib's literary works were both religious and secular. He wrote or translated most of them between 1885 and 1898. During those thirteen intensively active years he translated seven books, two of them with Aster Ganno, one of the young girls liberated and brought to the missionaries in 1886.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti Onosmoos Naasib bara 1885-1898 gidduutti kitaabilee toorba gara afaan oromootti kan jijjiiree barreesse ta'uu isaati. Kanneen keessaas kitaabilee lama Aster Gannoo waliin ta'uun akka hojjatan ibsamee jira. Kanaafuu Onosmosiifi Aster Gannoo ka'umsa ogbarruu Oromoof tattaaffii guddaa gochaa kan turaniifi dhaloota har'aafillee gumaata guddaa gumaachaniiru.

Ogbarruun jechoota oguma yookin kalaqa of keessaa qabaniin kan ijaaramu ta'ee akka walii galaatti iddoo gurguddoo lamatti qoodamee ilaalamuu danda'a. Isaaniis ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaati. Yaada kana ilaalchisee Dastaa (2013:8) yoo ibsu, "ogumni (literature) barreeffamaafi ogafaan of jalaa qaba" jedha. Ogbarruu barreeffamaa jechuun dhugaa hawaasa keessa jiru walitti qabee kuusuudhaan barreeffamaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha. Dabalataanis Lazar(1993:7) haala kanaan ibsiti: "Literature is the use of language to evoke a personal response in the reader or listener." Akka yaada armaan oliitti ogbarruun itti fayyadama afaanii ta'ee kan dubbisaan yookiin dhaggeeffataa hubatee dhuunfaa isaan yaada itti kennuu danda'udha.

Ogbarruun barreeffamaa gosoota garaa garaa of jalaa qaba. Kunis barreeffamoota kalaqa ilma namaa qabaniifi filannoo jechootaan barreeffaman kan hammatu yommuu ta'u, isaanis: kanneen akka asoosamaa, diraamaa, walaloofi kkf dha. Rabbirraa (2010:135) akka ibsetti: "Ogbarruun barreefamaa kalaqa ilma namaa barreeffamaan bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'utti mi'eeffamee dhugaa hawaasa keessa jiru ifatti kan baasudha. Isaanis kanneen akka walaloo, asoosamaafi iskiriiptii do'ii fa'a" jedha. Dabalataanis (Vivek 2017:3) "Literature as poetry, novels, history, biography, gives us pleasure and wisdom" jechuun ibsa. Walumaa galatti ogbarruu gosoota gurguddoo sadii qaba. Isaanis asoosama, diraamaafi walaloodha.

Ogwalaloon damee ogbarruu barreeffamaa ta'ee jechoota gaggabaaboofi mimmiidhagoo miira namaa hawwachuu danda'aniin kan barreeffamudha. Kunis kan waloon dhugaa, ilaalcha, fedhii, aadaa, faalaasama, diinagdee hawaasa tokkoo oguma mataa isaa itti dabalee ifatti baasee kan agarsiisudha. "Poetry is any kind of verbal or written language that is structured rhythmically and is meant to tell a story, or express any kind of emotion, idea, or state of being" (Ollila and Jantas 2006:2). Akka yaada hayyoota kanaatti ogwalaloon afaan barreeffamaan kan ibsamuu ta'ee bifa qindoomina qabuun kan ijaaramu, wal-unata sagalee kan qabuufi filannoo jechootaa yookiin malleen dubbii adda addaa kan gargaaramuun dhageettii, yaadafi seenaa tokko ibsuuf kan gargaaru ta'uu isaati. Ogwalaloon barreeffamoota biroo irraa kan adda isa godhu jechoota gaggabaaboo miidhagina qabaniifi miira namaa harkisuu danda'an mala adda addaan yookiin

malleen dubbii gargaaramuun ergaa bal'aa gabaabsee ibsuu isaafi wal-unata sagaleen guutamuu isaati.

Kanaafuu malleen dubbii itti fayyadama afaanii karaalee adda addaa ta'ee barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessan kan itti gargaaramudha. Yaada kana ilaalchisee (Lori 2010:2) "Figures of speech are frequently used in literacy texts. For English language learners (ELLs), this language is difficult to understand since it cannot be translated literally" jechuun ibseera. Yaada kana irraa akka hubatamutti malleen dubbii itti fayyadama jechootaa karaa addaan ta'ee, bal'inaan ogbarruu keessatti kan dhimma itti bahamudha. Malli dubbii ergaa kallattii adda addaan yookiin karaa dhokataa ta'een waan dabarsuuf salphaatti hubachuuf kan nama rakkisudha. Sababiin isaas malleen dubbii kallattiidhaan kan hiikaman osoo hin taane haala galumsa barreeffama sanaa xiinxaluun yookiin ergaa maalii akka dabarsuu barbaade gadi fagenyaan yaaduu kan barbaadu ta'uu isaati. Dabalataanis Lazar (2009:204) waa'ee malleen dubbii hiikkachuu ilaalchisee yoo ibsitu: "Students might find it difficult to understand and interpret a metaphor in a poem for a number of reasons.To begin with, it may not be very clear to students that a metaphor is being used, or rather that a metaphorical reading of a poem is required." Akka yaada armaan oliitti barattoonni walaloo yeroo dubbisan  malleen dubbii hubachuuf baay'ee akka rakkatanidha. Innis waloon tooftaa adda addaa gargaarамee ergaa isaa dubbistoota biraan gahuuf kan kalaqe yemmuu ta'u, hubachuudhaaf xiinxala barbaada.

Kanaafuu qorannoon kun xiyyeeffannoon isaa itti fayyadama malleen dubbii Ogwaloo *Miila Kaayyofi Edas Edanas* jedhu irratti yoo ta'u, qorataan malleen dubbii kitaabota walaloo kanneen keessaa baasee ibsee jira. Akkasumas ergaa waloon malleen dubbii kana gargaaramee dabarsuu barbaade xiinxaluun addeessee jira.

### 1.2. Ka'umsa Qo'annichaa

Ka'umsi qorannoo tokkoo qorannoon tokko maaliif akka gaggeeffamu yookiin sababa ka'umsa qorannoo tokkoo kan addeessudha. Ka'umsi qorannoo rakkoolee qorataan sammuu isaatti qabatee furmaata isaa barbaaduuf deemudha. Kanaafuu qorannoo kana gaggeessuuf waantonni qorataa kakaasan ni jiru. Kunis yeroo ammaa ogbarruuwwan hedduun Afaan Oromootiin barreefamanii gabaa irra oolanii jiru. Haaluma kanaan qorattoonni hedduunis qeequu, xiinxaaluufi itti fayyadama malleen dubbii irratti qorannoo isaanii gaggaassaniiru. Gosoota

ogbarruu keessaas ogwalaloowan isaan tokko yemmuu ta'an, isaanis hedduun barreeffamanii maxxanfamanii jiru. Haa ta'u malee qorannoon gama kanaan adeemsifame amma qorataan kun sakatta'etti gahaa miti. Kun immoo guddina ogbarruu Oromoo quucarsuu danda'a kan jedhu ka'umsa qorannoo kanaa isa bu'uuraati. Kanaafuu qorataan guddina Ogbarruu oromoo keessatti qooda fudhachuuf waan kaka'eef ogwalaloowwan maxxanfamanii jiran keessaa ogwalaloo lama filachuun qorannoo isaa gaggeessee jira. Kunis inni tokko ogwalaloon *Miila Kaayyoo* jedhu kan waxabajji bara 2010 kan maxxanfame yommuu ta'u, qorannoon kanaan dura irratti geggeeffame akka hin jirre qorataan hubatee jira. Akkasumas ergaan walaloo kanaa karaa tokko qofaan hubatamuu akka hin dandeenyefi baay'inaan malleen dubbiitti gargaaramee akka barreeffame qorataan kun yeroo ofii isaa dubbisu argee jira. Dabalataaniis Ogwalaloon *Edas Edanas* jedhu bara 1997 keessa kan maxxanfame ogwalaloowwan Oromoo barreeffamanii jiran keessaa isa tokkodha. Kunis amma qorataan kun sakatta'etti kitaaba kana ilaalchisee itti fayyadama malleen dubbii qaaccessuu irratti qorannoon gaggeeffame hin jiru. Haa ta'u malee guddina ogbarruu Oromoofis ta'e rakkoo hubannoo dubbiin qoolaa ogwalaloo keessatti fidu hambisuuf qorannoon gama kanaan gaggeeffamuu akka qabu qorataan kun hubatee jira. Kana irraa ka'uudhaan itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* jedhu qaaccessuuf isa kakaaseera. Qorannoon mata duree kanaan walfakkaatanis gaggeeffamanii haa jiraatan malee garaagarummaan ni jiraata. Kunis Ibsaa Addunyaa (2009) qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii Ogwalaloo Anaan'yaa keessatti jedhu irratti qorannoo gaggeessee jira. Qorannoo kana keessatti qorataan malleen dubbii waloon itti gargaaramee barreesse qaaccessee kaa'eera. Qorannoon kun immoo itti fayyadama malleen dubbii Ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas Edanas jedhu irratti kan gaggeeffamedha. Kanaafuu garaagarummaan qorannoowwan kanneen gidduu jiru kitaaba adda addaa irratti gaggeeffamuu isaaniiti. Dabalataanis Abiyoot Tasfaayee (2009) qaccessa qabiyyee dubbii qoolaa Asoosama Dhoksaa Jireenyaa keessatti jedhu ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunversiitii Jimmaatti, Sanyii Raggaasaa (2011) xiinxala itti fayyadama malleen dubbii asoosama ichima jaalalaa jedhu irratti ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunversiitii Jimmaatti gaggeessanii jiru. Qorannooleen kunniin qaaccessa malleen dubbii irratti geggeeffamuun isaanii qorannoo kanawaliin wal faakkeenya ni qabaatu. Haa ta'u, malee qorannoon Sanyiifi Abiyoot gaggeessan gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa Asoosama irratti yemmuu ta'u,qorannoon gaggeeffame kun immoo ogwalaloo barreeffamaa irrattidha. Kanaafuu

kitaaba adda addaa irratti geggeeffamuu dabalatee asoosamaafi ogwalaloo irratti gaggeeffanmuun isaanii garaa garummaa gidduu isaanii jirudha. Kana hubachuudhaan qorataanis gama isaatiin xiinxala ogbarruu oromoo keessatti qooda fudhachuuf waan barbaadeef itti fayyadama Malleen Dubbii Ogwalaloo Miila Kaayyoofi Ogwalaloo Edas Edanas keessaa qaaccessuun ibsee jira. Kun immoo hanqina gama xiinxalaafi qaaccessa ogwalaloo barreeffamaan jiru amma tokko ni hir'isa jedhamee yaadama. Gaaffileen bu'uuraa armaan gadiis qorannoo kana keessatti deebii argatu jedhamee yaadama.

- Malleen dubbii ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas-Edanas jedhu keessatti itti dhimma bahaman kan akkamiiti?
- Barreessitoonni ogwalaloota kannen keessatti dubbiiwwan qoolaa gargaaramanii ergaan isaan dabarsan maali?
- Itti fayyadama afaanii cimsuudhaan ergaaleen walalootaa sammuu dubbisaa keessaatti akka hafan gochuurratti shoorri malleen dubbii kunniin taphatan hangam?

### 1.3 Kaayyoo Qo'annichaa

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qo'annoo kanaa itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas Edanas jedhu qaaccessuudha.

#### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Ogwalaloota kanneen keessatti malleen dubbii itti gargaaramanii barreeffaman qaacceessuu
- Ogwalaloota kanneen keessatti malleen dubbiitti gargaaramuun waloon ergaa maalii dabarfachuu akka barbaadan yookiin immoo malleen dubbii ogwalaloota kana keessatti faayiida maalii akka qaban ibsuu.
- Malleen dubbii ogwalaloota kana keessatti barreeffaman itti fayyadama afaanii cimsuudhaan sammuu dubbisaa keessatti akka hafan gochuurratti shoora maalii akka taphatan ibsuu.

### 1.4 Barbaachisummaa Qo'annichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu faayidaa mataa isaa ni qabaata. Haaluma kanaan qorannooon kun malleen dubbii ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas Edanas jedhu keessatti

dhimma itti bahaman qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Bu’aan qorannoo kana irraa argames malleen dubbii ogwalaloo kana keessatti dhimma itti bahaman adda baasuun faayidaa maaliif akka isaan galan ni tarreessa. Dabalataan immoo namoota qorannoo gosa kanaa geggeessuu barbaadaniif ka’umsa ta’uu ni danda’a. Kooppiin isaa mana kitaabaa keessa yoo taa’ee barattootaaf akka deggarsaatti tajaajiluufi walaloof sisi’aayina akka isaan horatan gochuu ni danda’a. Ogbarruun qeeqa malee waan quucaruu danda’uuf, xiinxalli qo’ataan kun gaggeesse guddina ogbarruu Oromoo keessatti gumaacha mataa isaa niqabaata.

## 1.5 Daangaa Qo’annichaa

Qorannoon kun gooroowwan ogbarruu keessaa ogwalaloo qofa irratti xiyyeeffata. Ogwalaloo Oromoo keessaa immoo waloo Lataa Qana’iitiin kan barreeffame *Miila Kaayyoo* kan jedhufi waloo AsafaaTafarraatiin kan barreeffame *Edas Edanas* kan jedhu irratti daangaa’adha. Kunis malleen dubbii ogwalaloota kanneen keessatti dhimma itti bahaman qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu qorannoon kun gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa ogwalaloo barreeffamaa irratti kan daanga’e yoo ta’u, ogwalaloo barreeffamaa keessaa immoo ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas-Edanas* irratti daanga’ee, qaaccessa Malleen Dubbii Ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas-Edans* jedhu irratti kan gaggeeffamedha.

## 1.6.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu tokko hanqina mataa isaa qabaachuu ni danda’a. Haaluma kanaan qorannoon kun kan geggeeffame ogwalaloo Miila Kaayyoofi Edas Ednas irratti kan adeemsifame yommuu ta’u, guutummaa guutuutti hanqina hin qabu jechuu hin danda’amu. Sababiin isaas qorataan kitaabota walaloo laman qaaccessuuf karoorfatee malleen dubbii achi keessatti argaman jedhee yaade qaaccessee jira. Garuu immoo malleen dubbii kitaabota kanneen keessatti argaman tokko osoo hin hafiin funaanamaniiru jechuun rakkisaadha. Sababiin isaas kittabonni filataman kunniin lamaan bal’ina waan qabaniifi baay’inaan malleen dubbiitti gargaaramanii waan barreessaniis kanneen hin qaacceffamiin hafan jiraachuu ni danda’u. Beektonni hedduun akka jedhanitti baay’inni malleen dubbii amma kanaati jedhanii lafa kaa’uun nama rakkisa. Kanaafuu malleen dubbii jiran hundi qorannoo kana keessatti qaacceffamaniiru jechuun hin danda’amu. Kun immoo akka hanqina qorannoo kanaatti ilaalamuu danda’a.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WAL-FAKKAATANII

Boqonnaa kana jalatti maalummaafi faayidaa ogbarruu, gosoota ogbarruu, ittifayyadama afaan ogwalaloo, amaloota ogwalaloo, mallen dubbiifi faayidaa isaanii, gosoota malleen dubbiifi sakatta'a qorannoo walfakkii kanneen jedhaman tokko tokkoon ibsi itti kennamee jira.

### 2.1.Maalummaa Ogbarruu

Jecha ogbarruu jedhuuf beektonni hiika adda addaa kennaa turaniiru. Ogbarrruun oguma itti fayyadama jechootaa ta'ee kan jiruufi jiraanya hawaasa tokkoo ifatti baasee mul'isudha. Waa'ee ogbarruu ilaalchisee Eshete(2013:37)yeroo ibsu, "Literature is a representation of life and a mirror of social reality in a given space and time" jechuun lafa kaa'a. Akka yaada armaan oliitti ogbarruun bakka bu'ee yookiin mallattoo jiruufi jireenyaa, akkasumas bakkaafi yeroo barbaachisaattii calaqqeessituu jiruufi jireenya dhugaati. Faruk (1991:300) Baird (1969: 203) wabeeffachuun yoo ibsu, "Literature is the use of language effectively in suitable conditions" jedha. Yaada kana irraa waanti hubatamu ogbarruu jechuun haala barbaachisaa keessatti afaanitti sirriitti fayyadamuu jechuudha. "Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa, galmee jiruufi jireenya ilmoo namaa, kan namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoo, sadarkaa adda addaa qabaniiti" Asafaa (2009:20)

Vivek (2017:3) immoo "Literature as poetry, novels gives us pleasure and wisdom. All the human emotions like anger, happiness, sadness, passion, love and hatred can be expressed through literature" jechuun ibsa. Yaada kanarraa waanti hubatamu ogbarruun kanneen akka walaloofi asoosama oguma kan of keessaa qabaniifi aarii, gammachuu, gadda, jibbaafi jaalala ittiin ibsachuuf kan oolan ta'uu isaati. Jechi ogbarruu jedhu jechoota lama irraa kan dhufe yommuu ta'u, isaanis: jechoota 'og'fi 'barruu' jedhan irraati; 'og' jechuun 'ogumma' jechuudha, 'barruu' jechuun immoo 'barreeffama' jechuu akka ta'e hayyoonni hedduun kaasaniiru. Kanaafuu jechi ogbarruu jedhu ogummaa barreeffamaa kan jedhu ofkeessaa qaba jechuudha.

Walumaa galatti ogbarruun ogummaa kan of keessaa qabu ta'ee, waanuma hawaasa keessatti guyyaa guyyaadhaan raawwatamu, siyyaasa, diinagdee, ilaalcha, fedhii, hawwii, falaasamafi kkf filannoo jechootaatti gargaaramuun bifa miidhagina qabuun, sammuu dubbistootaa keessatti bifa fakkii uumuu danda'uun kan qalaqamudha.

### 2.2.Faayidaa Ogbarruu

Ogbarruun fedhii, hawwii, ilaalcha, falaasama, dinagdee, siyaasa hawaasa tokkoofi kanneen biroos calaqqisiisuuf gargaara. Akka Asaffaan (2009) ibsetti ogbarruun haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agrsiisu hariiroo hawaasni sadarkaa adda ddaatti qabu kan mul'isu fi seena darbe kan ittiin yaadachisaanidha. Kunis, dhippina, gidiraa, soba, haxxummaa, mamii, kachachala, fakkeessaa, ofittummaa, hamee, hannaafi kkf hawaasa keessaa ifatti baasee kan mul'isudha. Dabalataanis ogbarruun haqa dabe ibsuuf,kanneen fafa ta'aniifi hin taane adda baasee agarsiisuufi waan sirriif dogoggoraa addaan baasee kan barsiisudha. Faayidaa ogbarruu ilaalchisee Charles (_:2018) akka ibsutti:

> Literature adds to reality,it does not simply describe it. It enriches the necessary competencies that daily life requires and provides; and in this respect, it irrigates the deserts that our lives have already become. Literary works are portrayals of the thinking patterns and social norms prevalent in society. Classical literary works serve as a food for thought and encourage imagination and creativity.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti ogbarruun dhugaa baasee mul'isa kan jedhudha. Innis jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti kanneen murteessaa ta'aniifi guyyaa guyyaan mul'atanii darban, fuuldurattis kan dhufuu danda'an walitti fiduun kan dhiheessuufi dhoksaa tokko ifa baasee kan mul'isu ta'uu isaati. Dabalataanis ogbarruun safuufi aadaa hawaasa tokkoo barsiisuuf yookiin yaadachiisuuf gargaaruu irra darbee barreeffamoonni kalaqa of keessaa qaban dubbiitti bocafi miidhagina uumuun akka biddeenaatti tolfamanii kan dhihaatan ta'uu isaa ibsameera. Chandran (2016:8) Faayidaa ogbarruun afaan barsiisuu keessatti qabu yammuu ibsu, "Language learning through literature has four main advantages. They are to facilitate intelligence and sensibility training,to stimulate students creative and literary imagination, to improve students general cultural awareness, to enhance the psycholinguistic aspect of language learning"jedha. Yaada kana olii irraa akka hubatamutti ogbarruun qabanii afaan barachuun faayiidaa gurguddaa afur akka qabudha. Isaanis: Sammuu isaanii dadammaksuuf, waan ibsamaa jiruu tokko sammuu isaanii keessatti fakkii uumuudhaan salphaatti akka hubataniifi akka waa kalaqaniif isaan kakasa, akka barattoonni hubannoo waa'ee aadaa qabaatan guddisuufi ilaalcha yookiin rakkoo xiinsammuu barattoonni afaan barachuu irratti qaban ni hir'isa kan jedhudha. Dabalataanis Rafiul (2014 :31)Ghosen (2002) wabeeffachuun, "Literature is seen as a medium

for the students to develop their appreciation of different language systems. Moreover, studying literature can faster the students interpretations,and enhance their language and communication skills. Literature is inherently authentic and provides authentic input for language learning" jedha.

Yaada armaan olii irratti kan ibsame ogbarruun afaan barsiisuuf akka maashaa gidduu galeessa ta'etti kan ilaalamudha. Innis dandeetti waa hubachuufi hiikkachuu, dandeettii walii galtee isaani nicimsa; akkasumas beekumsa qaban irratti akka waa dabalachuuti.

Faruk (1991) faayidaa ogbarruu ilaalchisee akka ibsetti: barreeffamoonni ogbarruu dandeettii dubbisuu cimsuu qofaa osoo hin ta'iin dandeettii dhaggeeffachuu, dubbadhuufi barreessuu barsiisuu keessatti gahee olaanaa qabu. Akkasumas, akka barattoonni jireenya dhugaafi taateewwan(event) walitti fiduun yaada walii galaa akka hubataniif isaan gargaara. Dabalataanis akka dubbistoonni gama aadaa(culturally)fi barnootaan(educationally) beekumsa isaanii cimsatan taasisuu isaati. Ogbarruun daree barnootaa keessatti akka meeshaa deeggarsa barnootaa tokkootti itti gargaaramuun akka barattoonni dandeettii waa yaaduu isaanii gonfataniifi achi keessaan immoo aadaa naannoo isaanii baratan kan taasisudha. Yaada kana ilaalchisee Lazar (2009:3)akkas jechuun ibsitetti:

> Literary texts have a powerful function in raising moral and ethical concerns in the classroom. The tasks and activities we devise to exploit these texts should encourage our students to explore these concerns and connect them with the struggle for a better society. In fact, being made to read texts so alien to their own experience and background may only increase students' sense of frustration, inferiority and even powerlessness

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti barreeffamoonni ogbarruu daree barnootaa keessatti safuufi namuusa barsiisuuf humna guddaa kan qabanidha. Barattoonni barreeffamoota ogbarruu yeroo dubbisan muuxannoofi dandeettii waa xiinxaluu dabalaa akka adeemaniifi fedha dubbisuu illee horachaa akka adeemanif isaan gargaara. Walumaa galatti ogbarruun barreeffamaan dhalootaa dhalootatti kan darban ta'ee daree barnootaa keessatti barattoota ittiin barsiisuuf humna cimaa kan of keessaa qabaniifi barattoota sissi'eessuun yookiin dadammaksuun bashannansiisaa kan barsiisani dha.

**2.3.Gosoota Ogbarruu**

Gosoota ogbarruu ilaalchisee hayyoonni akka ibsanitti kanneen barreeffamaan jiran qofa osoo hin taane ogafaan illee akka dabalatudha. Fakkeenyaaf Dastaa (2013:8) waa'ee ogumaa yoo ibsu: "Ogumni(literature) barreeffamaafi ogafaan of jalaa qaba. Ogumni barreeffamaa (written literature) bakka gurguddaa sadiitti qoodama. Isaanis: asoosama, ogwalaloofi diraamaadha" jedha. Dabalataanis gosoota ogbarruu ilaalchisee Rabbirraan (2010)akka ibsetti Ogbarruun gosoota gurguddoo lama qaba. Isaanis ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaati. Ogbarruu afoolaa kanneen jedhaman makmaaksa, sheekkoo, geerarsa, hibboo, eebbaafi abaarsa, cigoo, dubbii qoolaa, tapha ijoolleefi kkfdha. Akkasumas ogbarruun barreefamaa kalaqa ilma namaa barreeffamaan bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'utti mi'eeffamee dhugaa hawaasa keessa jiru ifatti kan baasudha.Isaanis kanneen akka walaloo, asoosamaafi iskiriiptii do'ii fa'a.

**2.4.Itt Fayyadama Afaan Ogwalaloo**

Ogwalaloon afaaniin yookiin barreeffamaan dhalootaa dhalootatti kan darbuufi kan waloon tokko jechoota mimmiidhagoo fi filatamoo ta'an kanneen miira dubbisaa keessatti suura uumuu danda'an filachuun ilaalcha, fedhii, hawwii, aadaa, duudhaafi siyyaasa hawaasa tokkoo kan ittiin ifatti baasee mul'isudha. Ogwalaloon gosoota ogbarruu keessaa isa umurii dheeraa qabu akka ta'e ni ibsama. "The development of poetry came from man's desire to imitate. Men possess a desire to recreate and imitate their lives and environments,either as ameans of expression,or to gain a better understan ding" (Ollila and Jantas 2006:3). Yaada hayyootaa kana irraa akka hubatamutti dhalli manaa ogwalalootti fayyadamuu kan jalqabe waan naannoo isaaniitti hojjetamu yookiin jiruufi jireenya isaa ibsuu yookiin akkeessuuf yaaluu isaanii irraa ka'eeti. Kunis namoonni jiruufi jireenya isaanii ibsachuuf tattaffi kalaqaa gochaa turan irraa kan dhufe ta'uu isaati. Dabalataanis itti fayyadama ogwalaloo ilaalchisee haala kanaan ibsu: "Poetry is any kind of verbal or written language that is structured rhythmically and is meant to tell a story,or express any kind of emotion, idea, or state of being" (Ollila and Jantas 2006:2). Akka yaada hayyoota kanaatti ogwalaloon afaan barreeffamaan kan ibsamuu ta'ee bifa qindoomina qabuun kan ijaaramu, walunata sagalee kan qabuufi malleen dubbii adda addaa kan of keessaa qabu ta'ee

dhageettii, yaadafi seenaa tokko ibsuuf kan gargaarudha. Dabalataanis Dastaa (2013:23) waa'ee ogwalaloo yeroo ibsu:

> Ogwalaloon jecha Greec 'poeiein'jedhurraa kan dhufe yemmuu ta'uu hiikni isaas Afaan Ingiliziitiin 'to make'waa hojjechuu,uumuu yookiin kalaqu jechuudha. Ogwalaloon hojii ogumaa keessaa ogummaa umurii dheeraa qabu akka ta'e ni himama. Ilmi namaa yeroo dheeraadhaaf gammachuufi gadda isaa, fedhiifi hawwii isaa, muuxannoofi mudannoo isaa ogwalaloo fayyadamee faarfachuu, weellisuufi sirbuudhaan ittiin ibsaa tureera. Yeroo ammaas itti fayyadamaa jira.

Yaada armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti ogwalaloon gosoota ogbarruu keessaa tokko ta'ee oguma kan of keessaa qabuufi afaan hawaasaa ta'uudhaan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ifatti kan baasudha. Dabalataanis "Walaloon akkaataa jechaa kan gargaaramu ta'ee bifa gabaabina qabuun dhiyaatee suura miiraa uumuun kan nama gammachiisuufi yaada namaa ofitti hawwatudha" (Rabbirraa, 2008:147). Walumaa galatti ogwalaloon barreeffamaa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'ee dhugaa hawaasa tokko keessa jiru miidhagsee kalaqa yookin ogummaa ilma namaa dabalatee bifa gabaabina qabuun kan dhihaatudha. Kun immoo ergaa dabarsuuf barbaade tokko karaa kallattiin yookiin immoo alkallattiin filannoo jechootaa kanneen akka dubbii qoolaa (malleen dubbii) adda addaa gargaarамee kan barreeffamudha. Innis daree barnootaa keessatti akka meeshaa deeggarsa barnootaatti dhihaachuun dandeettii yaaduu yookiin xiinxaluu barattootaa cimsuuf oola.

## 2.5.Amaloota Ogwalaloo

Ogwalaloon amaloota adda addaa qabaachuutiin beekama. Amaloonni ogwalaloo hedduun haa jiraatan malee kanneen bu'uuraafi beekamoo ta'an Safara walfakkaatu qabaachuu, xumurri bo'oo walaloo mana rukkutuu, filannoo jechootaa qabaachuu, qabatamummaa qabaachuu, buufata qabaachuu, yeedaloo qabaachuufi kkfdha. Rabbirraa (2008:146) amaloota ogwalaloo yoo ibsu "walaloon mala ittiin walquunnamtii hololoofi dubbii guyyaa guyyaan haasa'amu irraa kan adda isa taasisu amaloota kanneen akka: qabatamummaa, fakkii uumuu, qusannaa jechootaa, walitti qabama yaadaafi yeedalloo of keessaa qaba" jedha.

**2.5.1.Qabatamummaa:** Walaloon tokko qabatamummaa qaba jechuun ergaa dabarsuuf barbaade tokko haala qabatamaa ta'e tokkoon walbira qabuun dubbisaaf kan dhiheessudha. Yaada kana kan deeggaru Rabbirraa (2010:147) "walaloon qabatamaadha kan jedhamu waloon addunyaa dhugaa irratti hundaa'ee ilaalchaafi yaada isaa kan ittiin ibsatu ta'ullee, dhimma qabatee ka'e sana dubbisaaf kan dhiheessu waantota qabatamoo ta'anitti fayyadamuudhaani" jedha

**2.5.2.Filannoo jechootaa:** Waloon tokko yemmuu walaloo barreessu filannoo jechootaa gargaaramee barreessa. Kunis jechoota gaggabaaboofi miidhagoo ta'an kanneen akka dubbi qoolaa fayyadamuun barreessa.Kun immoo walaloon isaa miidhagina akka qabaatuufi dubbistoota ofitti harkisuuf, akkasumas bashannansiisaa barsiisiif faayidaa guddaa qaba. Yaada kana ilaalchisee Dastaa(2011:28) akkas jechuun kaa'a. "Gosoonni ogbarruu hundinuu filannoo jechootaatiif iddoo guddaa qabu; jechoota filatamaatti gargaaramuu isaaniitu akka miirri dubbistootaa rarra'ee kan itti aanuuf googga'ee xumura isaa arguuf ariifatee akka dubbisu taasisa." Walumaa galatti filannoon jechootaa ogwalaloo keessatti ergaa ukkaamamoofi karaa adda addaan hiikamuu danda'aniin guutamanii bifa miidhagina qabuun kan barreeffamanidha

**2.5.3.Rukkuttaa:** Amaloota ogwalaloo keessaa tokko ta'ee sagaleeleen xumura sararoota bo'oo walaloo irratti argaman walunachuudhaan yeroo dubbifaman kan walsimataniifi mana rukkutanidha. Waa'ee mana rukkutuu walaloo ilaalchisee Dastaa(2011:26) yoo ibsu: "walaloo yommuu dubbisnu sammuu keessatti haala muuziqaatiin kan namatti dhagahamu iddoo aara itti galfannu rukkuttaatu uumama" jechuun ibsa. Dabalataanis Rabbirraa (2008:149) rukkuttaa(wal unata)haala kanaan ibsa: "tutni sagalee tokko walqixxummaa qabaatanii sagaleeleen dhuma bo'oowwanii irratti argaman sagalee tokkoon yookiin sagalee walitti dhihaataniin yoo xumuraman wal unata sagalee qabu jenna" jedha. Kanaafuu rukkuttaan wal unata sagaleewwanii ta'ee, kan uumamu bo'oo walaloo walitti aanuun yookiin immoo bo'oo walaloo tokkoffaafi sadaffaan ta'uu danda'a.

**2.5.4. Safara:** Walaloon tokko safara walqixxaataa ta'een ijaarama. Kana jechuun safari birsagoota bo'oo walaloo tokkoffaafi lammaffaa walqixa ta'u jechuudha.Safarri hidhaa walaloo sanaa keessatti baay'inni birsagoota jechoota walaloo sana ijaaranii bo'oo bo'oodhaan walqixa ta'uusaanii irratti akka xiyyeeffatu Rabbirraan (2011:149) irratti ibsee jira. Dabalataanis safari

walaloo tokkoo sirriidha kan jedhamu gaalee tokko dubbisuuf yeroon fudhatu gaalee itti aanee dhufu dubbisuudhaaf yeroo walqixaa kan fudhatu akka ta'e, Dastaa (2011) sirriitti ibsee jira. Kanaafuu walaloon safara walqixxaataa qabaachuun isaa ogbarruuwwan biroo irraa kan adda isa taasisuufi hawwataa kan isa godhudha.

## 2.6.Malleen Dubbii

Malleen dubbii jechuun haala itti fayyadama dubbii karaa adda addaa jechuudha. Maalummaa malleen dubbii ilaalchisee Khadijah (2016:22) Peter(2002:12) wabeffachuun akka ibsitetti "fugerative language is alanguage which has figurative meaning and incorporates the speakers desire to touch the emotions, to cause shoch and to persuade in to action". Yaada kana irra waanti hubatamu malli dubbii sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumuun ergaa kan dabarsu akkasumas miira isaa tukuun kan dadammaksu ta'uu isaati. Addunyaa (2014:208) maalummaa dubbii qoolaa yoo ibsu: "Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisanidha. Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammo arbeessani, binoo nameessanii,namoo bineensanii, wal-cinaas qabanii, cinaachaan himaniifi kkf taasisuun hubannoof haala mijeessanidha"jedha. Akka Zarihun (204) ibsutti; malli dubbii tokko ergaan inni dabarsu haala galumsa jechootaafi gaaleewwanii haala barame irraa adda baasee yaadaaf sadarkaa olaanaa kennuunidha. Kun immoo kan uumamuu danda'u amala, miira, gocha waan tokkoo isa birootiin walbira qabuun, iddoo buusuun, walfakkeessuun, amala isa tokkoo akkeessuufi kkf dha.

Dubbiin qoolaa gosa dubbiiti: gosa dubbii sammuu namaa keessatti jechootaan fakkii uumuudhaan waan tokko sirriitti akka ifa ta'u kan dandeessisudha. Kana jechuun haala miidhagina qabuun yaada barbaadame sirriitti ibsuuf kan fayyadu yoo ta'u, suurqalbii dubbisaa keessatti ergaan sun akka hafuuf kan gargaaruudha. Malleen dubbii maqaalee akka dubbii qoolaa, sodoommiifi dubbii haalawaa jedhamuunis ni beekamu. Maalummaa malleen dubbii ilaalchisee Rabbirraa, (2008:142) akka ibseetti: "Malleen dubbii jechuun dubbiifi barreeffama keessatti hololoonis ta'e walaloon dhaamsa dabarsuuf barbaadame sana humnaafi miidhagina gonfachiisuudhaan sammuu dhaggeeffataa yookiin dubbisaa keessatti fakkii uumee, miidhagsee salphaatti akka hin dagatamne taasisee dhiheessuudhaan dubbiin sun bakka guddaa akka argatu taasisuudha" jedha. Dabalataans (Daniel 2011:62) maalummaa malleen dubbii yommuu ibsu:

“Figurative language and speech refers to words and groups of words, that exaggerate or alter the usual meanings of the component words. Figurative language and speech may involve analogy to similar concepts or other contexts, and may involve exaggerations”.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti malleen dubbii waa’ee jechootaafi gurmaa’ina jechootaa irratti kan xiyyeeffatu ta’ee, hiika waan tokkoo karaa dinqisiifachuu yookiin olgudisuufi gar-malee gadi buusuun ibsuu, akkasumas waantota lama walbira qabuufi fakkeessuun kan ibsu dha. Kunis kanneen akka fakkeessuu,bakkasaa,nameessuu, habalaka, eeyemitii, ukukkubee, akkasaa, fikkf ibsamuu kan danda’an ta’uu isaati. Malleen dubbii kun akkuma afoola keessatti dhimma itti bahamu ogbarruu kanneen akka ogwalaloofi asoosamoota keessattis fayyadamuun ni danda’ama. Haaluma kanaan barreessitoonni hedduun ogwalaloo yeroo barreessan ergaa barbaadan karaa barbaadaniin malleen dubbi itti gargaaramuun jechoota gaggabaaboofi mimmidhagoo yaada namaa harkisaniin ergaa barbaadan dabarfatu.

Ogwalaloo yookiin barreeffamoota kalaqa qaban keessaa hiika malleen dubbii baasuun ulfaataa ta’uu danda’a. Sababiin isaas malleen dubbii kan hiikaman haala qabatamaa naannoofi haala galumsa barreeffama tokkoo walbira qabuun hubachuun malee hiika kallattiin galmee jechootaa irraa argamu waan hin taaneefidha. Yaada kana ilaalchisee Lori (2010:2) “Figures of speech are frequently used in literacy texts. For English language learners (ELLs), this language is difficult to understand since it cannot be translated literally” jechuun ibseera. Kunis daree barnootaa afaan Ingilizzii keessatti barattoonni malleen dubbii barreeffama tokkoo keessatti ergaa isaan dabarsan hubachuuf akkaataa galumsa barreeffama sanaan yoo hin hiikamne barattootatti cimuu ni danda’a. Dabalataanis akka hayyuun kun ibsetti malleen dubbii afaanota hunda keessatti kan dhimma itti bahamaniifi mala itti fayyadama afaanii jedhamuun akka beekaman addeessa. Barattoonnis hubannoo waa’ee malleen dubbii naannoo fi maatii isaanii irraas kan gonfataniifi aadaa isaanii keessatti beekumsa isaa cimsachaa kan dhufani dha. Walumaa galatti barattoonni mana barnootaa keessattis ta’u bakkeetti malleen dubbii hiikkachuu kan danda’an beekumsa aadaa naannoo isaanii keessatti qabaniifi haala galumsa barreeffama sana keessatti qaban irratti hundaa’uun akka ta’e Lori (2010:6) haala kanaan ibsa: “figurative language interpretation is based on students schemata; therefore, direct or explicit, instruction is often needed to provide

the knowledge necessary to understand not only the figurative language expressions but the context surrounding them as well."

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti dubbiin qoola kan hiikamu hubannoo barattootaa irratti hundaa'ee waan ta'eef jalqaba qajeelfamni ifaan jiraachuu qaba.Sababiin isaas dubbii qoolaa hiikuuf beekumsa malleen dubbii qofti gahaa miti; galumsi barreeffama sanaas baay'ee murteessaa akka ta'edha. Kanaafuu jalqaba qajeelfama ifaa barattootaaf kennuun barbaachisaadha. Akkasumas waa'ee dubbii qoolaa Lizl (214:32) yoo ibsu:"The translation of figurative language is not only a lexical issue,but also a cultural one"jedha.Akka yaada hayyuu kanaattis dubbiin qoolaa jechaafi jechaan qofa kan hiikamu osoo hin ta'iin aadaa hawaasa naannoo sanaan wal bira qabuun akka hiikamuu danda'udha.

Walumaa galatti malleen dubbii itti fayyadama filannoo jechootaa ta'ee barreeffamoota kanneen akka ogwalaloo, asoosamaafi kanneen biroo keessattis mul'achuu kan danda'anidha. Malleen dubbii kun daree barnootaa keessattis karaa kallattiin yookin karaa alkallattiin kan baratamanidha. Fakkeenyaaf barattoonni yoo mata duree hiika jechootaa akkaataa galumsa isaaniin jedhu barataa jiru yoo ta'e, barsiisaan ogwalaloo tokko akka meeshaa deeggarsa barnootaatti dhiheessuu ni danda'a. yeroo kana barattoonni karaa al kallattiin dubbii qoolaa barachuu nii danda'u. Karaa biraatiin immoo mata duree filannoo jechootaa jedhamu keessatti barattoonni kallattiidhaan akaakuu dubbii qoolaa kana ni baratu jechuudha. Haa ta'u malee malleen dubbii kun yeroo hiikaman jechaa jechaan kan hiikaman osoo hin ta'iin akkataa galumsa barreeffama sanaaniifi aadaa hawaasa naannoo sanaa waliinis kan wal qabatudha.

## 2.7. Faayidaa Malleen Dubbii

Malleen dubbii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti bakka hundatti argachuu nidandeenya. Haata'u malee walaloo keessatti irra caalaa kan dhimma itti bahamuudha. Kana jechuun walaloowwan uunka gaggabaaboo kan qaban ta'anii ergaa bal'aa tokko dabarsuuf kan tajaajilaniidha. Kanaafuu, yaada bal'aa kana immoo kan bakka tokkotti walitti qabee jiru malleen dubbiiti jechuun nidanda'ama. Malleen dubbii walaloo keessatti argaman kunis ergaan walaloo sanii karaa dhoksaa ta'een dubbistoota biratti sammuu isaanii keesatti fakkii uumuun ergaa sana oso hin irraanfatin sammuu isaanii keessa tursuuf shoora olaanaa kan qabudha. Yaada kana ilaalchisee Swardhani (2013)akka ibsetti: barreeffamni isaanii dubbistoota isaanii biratti

bal’inaan akka dubbifamu, hawwatamaa akka ta’uuf,dhaamsi yookin ergaan barreeffamichaa kallattii adda addaatiin akka hubatamuufi yaada isaanii karaalee hedduun ibsuuf kan itti gargaaraman akka ta’edha. Walaloon gosoota ogbarruu keessaa isa umrii dheeraa qabu yoo ta’u, umrii dheeraa qabaachuun isaa immoo yeroo adda addaatti faayidaa hedduu akka qabaatu isa taasisa. Walaloo keessatti yaada garmalee keessa keenya quqquuqu,kan gammachuu yoo ta’e baay’ee gammachiisuu, gaddas yoo ta’e, kan baay’ee gaddisiisu ta’uusaa ibsuuf kan ooludha. Haa ta’uu malee barattoonni walaloo keessatti ergaa malleen dubbii salphaatti hubachuuf itti ulfaachuu nidanda’a. Sababiin isaas malleen dubbii ergaa dachaafi ukkaamamoo ta’an kan of keessaa qaban waan ta’aniif xiinxala gadi fagoo barbaadu. Yaada kan ilaalchisee Lazar (2009:204) haala armaan gadiin ibsiti.

> Students might find it difficult to understand and interpret a metaphor in a poem for a number of reasons. To begin with, it may not be very clear to students that a metaphor is being used,or rather that a metaphorical reading of a poem is required.We can quite happily read Frost's poem Secondly, students may find it difficult to unravel the connections between apparently dissimilar objects or concepts.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti ogwalaloo keessatti jalqaba irratti barattoonni hiika dubbii qoolaa salphaatti hubachuuf rakkachuu danda’u. Sababiin isaas waan inni jedhuufi ergaan inni dabarsu adda aadda ta’uu isaa irraa kan ka’edha. Haa ta’u malee barattootaaf salphaatti ifa ta’uu baatus dubbisuuf isaan kakaasa. Inni biraan immoo dubbiin qoolaa waan ibsamu sana sammuu barattootaa keessatti fakkii uumuun akka yaada sanaafi gocha sana walitti fiduun xiinxalan isaan taasisa. Kanaafuu ogwalaloo tokko keessatti barattoonni ergaa isaa karaa adda addaa xinxaluun beekumsa sammuu isaanii akka guddifataniif gahee olaanaa qaba. Gama biraatiin faayidaan malleen dubbii bashannansiisaa barsiisuu isaati. Malli dubbii tokko kan dubbatamu yookiin kan barreeffamu bifa walaloon,bifa makmaaksaan yookiin immoo asoosamaan walqabatee ta’uu danda’a. Jarreen kun immoo akka meeshaa deeggarsa barnootaatti yeroo gara daree barnootaatti finnu barattoota dadammaksaa,bashannansiisa,sissi’eessaa barsiisuuf shoora olaanaa taphatu. Dabalataanis aadaa, dhuudhaa, falaasama, siyyaasa hawaasa tokkoofi kkf barsiisuuf shoora olaanaa taphata.

**2.8.Gosoota Malleen Dubbii**

Malleen dubbii gosoota garaa garaatu jiru.Haa ta'u malee baay'inni isaanii amma kanaa qofatu jira jedhamee lafa kaa'amee hin jiru. Sababiin isaas malleen dubbii akkaataa itti fayyadama afaanii waan ta'eef kana qofa jedhee saayinsiin mirkaneesse akka hin jirree hayyoonni hedduun ibsaniiru. Zarihun (2004) akka ibsetti gosoota malleen dubbii amma kanaati jedhamee ibsuun kan nama rakkisu ta'uu isaafi malli dubbii 250 ol akka jiranidha. Haa ta'u malee amma ammaatti malleen dubbii 250 addaan baasee kan tarree akka hin jirre ibsameera. Akka Daniel (2011:62) dubbii qoolaa qoqqoodetti "example of figurative of speech are Similarity,metaphor, onomatopoeia, personification, oxymoron, paradox, hyperbole, extended metaphor, etc". Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti hayyuun kun gosoota malleen dubbii iddoo saddeetitti qooduudhaan kaa'ee jira. Isaanis: fakkoommii, bakkasaa,waraabbii sagalee,nameessuu, eyemitii, xiqqeessuu, arbeessuu bakkasaafi habalakadha. Qananii (2008) qorannoo isaa keessatti gosoota dubbii qoolaa isaan gurguddoo jedhaman iddoo saddeetitti qoodee kaa'eera.

Isaanis: akkasaa,iddeessa,habalaka,eeyemiti,nameessa,ukukkubsee,fakkoommii, walqabsiisadha. Dabalataaniis, Addunyaa(2014:208) akaakuu malleen dubbii iddoo toorbatti qoodee kaa'eera. Isaanis:akkasaa, Iddeessa, nameessa, habalaka, eeye-mitii, arbeessa, kineessaafi kkf dha. Rabbirraa (2008:143) akka ibsutti: dubbiin qoolaa haala dubbiin dubbatame sun ittiin dhihaate irratti hundaa'uun bakka garaa garaatti qoodama. Isaanis: akkasaa, bakkasaa, nameessa, arbeessuu, anyarsee,habalaka, mitihee, ateessaafi kkf faa'a. Akka yaadrimee Giloux(1974:10) tti malleen dubbii iddoo kudha afuritti qoodamanii jiru.

Kunis: "there are 14 kinds of fugerative languages ; they are alliteration,allusion, hyperbol, irony, litotes, metaphore, metonymy, paradox, personification, pun, simile, synecdoche and symbol" jechuun lafa kaa'a. Kanaafuu, qorataan yaaddiddama kana bu'uura godhachuun malleen dubbii ogwalaloo oromoo keessatti dhimma itti bahamaniif tokko tokkoon armaan gaditti ibsa itti kennee jira.

**2.8.1.Akkee /Akkasaa:**

Akkeen yookiin akkasaan yaada yookiin gocha lama walbira qabee bifa waldorgomsiisuun kan dhiheessudha.Waantoota lamaan waldorgomsiisu sanas jechoota akka,fakkaata jedha

gargaaramuun kan dhiheessusudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2014:208-209) maalummaa akkasaa yoo ibsu,“Akkasaan gaalee ‘akka isaa’jedhurraa ijaarame. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon wal bira qabuun dhiyeessuun salphaatti akka hubatamu gochuudha. Haala akkasii keessatti ‘X’n akka ‘Y’jechuun baay’inaan jechoota ‘akka, hanga, fakkaata’ jedhan itti gargaarama”jedha

Myers (2008:10) mala dubbii kana haala kanaan ibsa:“Simile always contains either the word like or the word as, because the writer is saying that some thing is like or the same as some thing else.” Akkeen jecha akka jedhuufi fakkaata jedhu fayyadamuun waantoota wal fakkaatan lama wal fakkeenya isaanii kan mul’isudha. Akkasumas akkasaan gosoota malleen dubbi keessaa tokko ta’ee waantota lama yaada, amala, gochaafi kkf irratti hundaa’uun waldorgomsiisuun yookiin wal madaalchisuun kan dhiheessudha. “Simile is an explicit comperation of one thing to another, most of them linked by like or as” Khadijah (2016:34). Yaada armaan olii irraas waanti hubatamu akkasaan waanta tokko ibsuuf jechoota akka, fakkaata jedhan gargaaramuun waan biraan dorgomsiisuun dhiheessuudha.

### 2.8.2.Iddeessa

Malli dubbii kun amala, gocha ykn bifa waan tokkoo kan biroodhaan guutummaa guutuutti bakka buusuun ibsuudha. Maalummaa iddeessaa ilaalchisee Khadijah (2016:29) (Peter,2012:12) wabeeffachuun akka ibsitetti iddeessi mala dubbii ta’ee wantokko wan biraa bakka buusuun ibsuudha; kunis bifa ‘A’n ‘B’dha jechuun kan ibsamudha. Addunyaa (2014:209) yoo ibsu “malli dubbii iddeessa jedhu gaalee iddoo isaa jedhu irraa ijaaramee waan tokko guutummaan guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun dhiheessa. Gosti fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta’een waantoota waldorgomsiisa” jedha. Yaaduma armaan olii irraa akka hubatamutti malli dubbii iddeessa yookiin bakkasaa jedhu kun waantota lama kan wal dorgomsiisu fakkaatee kallatumaan waanta inni tokko qabu fuudhee isa biraaf kennuudhaan bifa waldogomsiisuun kan ibsudha. Yaaduma kana (Rabbirra, 2008:143)yoo ibsu “Iddeessi akkuma akkasaa dorgomsiisaa waantota lamaa ta’ee,waantota garaa garaatiif jechoota akka, fakkaata, hamma jedhaman osoo hin fayyadamiin amala waan tokkoo waan biraatiif akkuma jirutti kennuun kan dhiheessudha”.

Kanaafuu malli dubbii bakkasaa, iddeessa yookiin bakka buusa jedhamu kun amala waanti tokko qabu guutummaa guutuutti fuudhee waanta biraaf kan kennudha.

### 2.8.3.Habalaka

Habalakni yaada ibsuu barbaadame tokko ifatti osoo hin taane, karaa faallaa isaa ta'een kaa'uudha. Kunis yaada dubbatame tokko ergaa isaa karaa kallattiin osoo hin ta'iin karaa alkallattii kan hubatamudha. Gabaabumatti,habalakni irra keessatti yaada tokko kan jaju,kan faarsu, kan deeggaru fakkaata. Hiikni yookiin keessi isaa yoo ilaalamu garuu faallaa isaati. Yaaduma armaan olii kana cimsuun Fedhasaa (2013:97) waa'ee habalakaa akkaataa armaan gadii kanaan ibseera. Habalaka keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti;hiikasaa hubachuun kan danda'amu waanbarreessaan dhugaan jechaa jiru sirriitti yoo hubatamedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Muala (2013:23) Batnet(1963) wabeeffachuun yoo ibsu: "Ivory is the use of words to covey the opposite of the literal meaning. Astatment or situation meaning is contitadictedby the appearance presentation of the idia"jedha. Dabalataanis Addunyaan (2014:112) waa'ee habalakaa yoo ibsu;"habalakni tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinudha. Hiika waan ibsine sanaa hubachiisuufis haala keessatti ibsameefi aadaa hawaasichaa hubachuun barbaachisadha" jedha. Akkaumas, Rabbirraa (2008:145) maalummaa habalakaa yeroo ibsu:

> Habalakni waanta dubbachuu barbaadame faallaa isaatiin dhiheessuudha. Dubbiin qoolaa kun yeroo baay'ee yommuu namni gocha namatti hin tolle tokko raawwatu aariifi dheekkamsa ibsuuf waan dubbatamuuf mallattoo raajeffannoo gargaarama. Fakkenyaaf: barataa barfatee mana barumsa dhufeen, ishoo kormeekoo! boorus yoonuma kana koottu jechuu.

Fakkeenya armaan olii irraa akka hubatamutti ergaan dabarfamuu barbaadame lammata akka hin guyyaafanne akeekkachiisuu yemmuu ta'u, kan barreeffame yookiin kan dubbatame garuu faallaa kanaan akka inni guyyaafatu jajjabeessuu fakkaata. Kanaafuu habalakni karaa faallaa ta'een ergaa dabarsuun barbaadame dabarfachuudha jechuudha.

### 2.8.4.Nameessa

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee, amala dhala namaa lubbu qabeeyyii yookiin lubbu maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibsamudha. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:211) maalummaa nameessaa akkasiin ibsa.

“Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu maleeyyii yookaan lubbbu qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akkanamaatti beela’anii akka quufan,deemanii akka galan, ijaaranii akkadiigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi kan biroo akka dalagan kan taasisufayyadama afaaniti” jechuun barreesseera.Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa haalafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraa gonfachiisuun malleen dubbii keessaa nameessuu akka ta’e hubachuun nidanda’ama.

Nameessuun barreeffama keessattis ta’u dubbii keessatti kan itti gargaaramnuudha.Kunis amala, gochaafi dandeettii dhala namaa kan namootaan ala ta’an kanneen akka bineensotaa, biqiltootaafi lubbu qabeeyyiif kennuun bakka buusuun kan ibsudha. Fakkeenyaf: “osoo beeknuu huuba wajjin nyaanna” jette sareen, “kan garaa malee kan maqaa yoom nu dhibe” jedhe waraabessi, “maqaan baduu mannaa mataan baduu wayya” jette goondaan(afoola oromoo).

Walumaagalatti fakkeenya armaan olii kanarraa wanti hubannu,bineensonni adda addaa yemmuu akka dhala namaatti afaan baasanii dubbatan agarra. Kana jechuun akkuma dhala namaa jechoota garaagaraa walitti qindeessuun afaaniin dubbatanii amansiisuufi yaada isaanii ibsachuu akka danda’aniidha. Kanaafu nameessi Wanta nama hin taaneef amala namaa goonfachiisuudhaan kan dubbatamudha.

### 2.8.5. Arbeessuu

Arbeessuun gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee, dhugaa xiqqoo jirtu tokko garmalee olkaasee yookiin gurra guddisee ibsuuf kan gargaarudha. Khadijah(2016:27) Dennis (1996) wabeeffachuun yommuu ibsitu: “hyperbole is afigure of speech that has statement containing exaggeration” jetti. Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti arbeessuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti waan tokko amma jirurra ol guddisuun ibsuudha.

### 2.8.6.Anyarsee(Gurra xiqqeessuu)

Anyarsee maqaa gurra xiqqeessuu jedhamuunis kan waamamu ta’ee, faallaa arbeessuuti. Kunis isa arbeessuun waanta tokko garmalee olkaasuun dubbatee yookiin barreessee agarsiisu, Anyarseen immoo waanta tokko garmalee gadi buusee yookiin xiqqeessee kan mul’isudha. Yaaduma kana kan deeggaru Rabbirraa(2008:144)akkas jechuun ibsa: “anyarseen faallaa

arbeessuu yoo ta'uu waa'ee waan tokkoo kan yaadameen yookiin dhugaa jirurra baay'ee gadi buusanii dubbachuudha" jedha. Fakkeenyaaf: "namicha amma kormaa lukkuu gahun arge,mucaa amma silmii geessu deesse" Rabbirraa(2008:144). Fakkeenya kana irraa akka hubatamutti hojjaan namaa yoo gabaabbatus amma kormaa handaaqqoo hin xiqqaatu,haa ta'u malee malli dubbii kun ergaa isaa cimsee dabarfachuuf jecha hamma kormaa handaaqqootti gadi buusee ibsee jira. Kunis ergichi haala gaariin mi'eessee dabarsuuf gahee qaba.

### 2.8.7.Mit'eeyee

Malli dubbii kun jechoota, gaaleewwan yookiin yaadolee waliif faallaa ta'anirraa uumama. Maalum maa eeyemitii ilaalchisee (Addunyaa 2014:211) akka ibsetti "jechi eeyemitii jechu jechoota lama eeyyee fi miti jedhan irraa kan uumamanidha. Jechoonni kunneen faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun akka waantonni faallaan lama wal faana dhaabbatan taasisuun itti fayyadamuudha" jedha.

Dabalataanis Rabbirraa(2008:145)akka ibsetti "mitehee jechuun dhaamsi jechaa yookiin himaa irra keessaan soba fakkaatee waan dhugaa ta'ee sammuun keenya fudhachuu danda'udha. Akaakuun dubbii qoolaa kanaa jechoota faallaa walii ta'anii irra keessa walfakkaataniin soba fakkaatee yoo xiinxalan garuu dhugaa ta'uun ibsamudha" jedha. Kanaafuu eyemitiin jechoota waliif faallaa ta'an hima tokko keessatti gargaaramuun ergaa dabarsuu barbaade soba fakkeessee dhugaa mul'atu kan dabarsudha. Fakkeenyaaf: " ni nyaata hin quufu"  Rabbirraa (2008:145).

Fakkeenya armaan olii yoo ilaalle tokkoffaa irratti yaada faallaa lamatu wal faana galee jira. Innis nyaachuufi quufuu dhabuu dha. Lammaffaa irrattis ilaalaa jiraachuufi arguu dhabuu kanneen jedhan jechoota waliif faallaati. Kanaafuu eeyemitii/miteheen jechoota akkasii gargaaramuun ergaa cimaa jechoota gaggabaaboo gargaaramee kan dabarsudha.

### 2.8.8.Atee/hin jirree dubbisuu

Gosti dubbii qoolaa ateen waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramuufi akka waan deebii kennuufiitti itti odeessuudha. Yaada kana Rabbirraa, (2008:146) yommuu ibsu:

> Gosti dubbii qoolaa kun kan ijaan arguu hin dandeenyeefi kan nu bira hin jrre tokko waamuu yookiin waliin dubbachuu dha. Malleen dubbii kana keessatti kan itti dubbatan sun nama yookiin waanta nama bira hin jirreefi kan nama dhagahee deebii namaaf deebisuu hin dandeenyedha. Fakkeenyaaf: namni tokko rakkatee yaa tulluu nana na dhoksi jechuu.

Fakkeenya armaan olii irraa akka hubannutti tulluun akka waan nama sana bira jiruutti yookiin akka waan nama sana waliin dhaabbatee haasa’uu danda’uutti kan dhihaatedha. Haa ta’uu malee tulluun sun kan deebisee isa waliin odeessuu hin dandeenyedha. Kanaafuu ateen waan nama bira hin jirre tokko akka waan nama bira jiruutti waliin haasa’uu, gaaffii gaafachuufi kkf dha.

### 2.8.9.Mallattoo

Malli dubbii armaan olii kun wanta ijaan hinmul’anne yookin waan tokko waan mul’atuun bakka buusanii mul’isuun ibsuudha.Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:90) haala kanaan ibsa: “Dubbii qoolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu’ee mallatteessuun agarsiisuudha”. Yaada kanarra hubachuun akka danda’amutti dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoof bakka bu’aa isaa kaasuun akka mul’atutti kaa’un gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuu ta’a jechuudha. Fakkeenyaf: “Erbee ciccitaa ofirra buusee natti haasa’e hima jedhu kana keessatti ergaa himichaa kan ilaallu yoo ta’e akka Oromoon beekutti erbee ciccitaan mallattoo hiyyummaati” (Ibsaa 2016:26). Kanaafuu, dhimmoonni akkanaa kun barreeffama keessattis ta’e dubbii keessatti bal’inaan kan itti gargaaramnu waan ta’eef malleen dubbii keessaa mallattootti dhimma bahuun kan danda’amuudha. Karaa biraatiin yoo ilaalle Odaan mallattoo eenyummaa Oromooti.Kanaafuu, Oromoon Odaan qabee seenaafi aadaa ofii dubbata. Kanaaf Odaan saba Oromoof mallattoodha jechuun nidanda’ama.

### 2.8.10.Walqabsiisa

Walqabsiisuun yaada ibsuu barbaadame haala beekamaa ta’e tokkoon walqabsiisanii mala ittiin dhiheessanidha.Yaadichas amantii, seenaafi aadaa wajjin walqabsiisanii dhiheessuun ni danda’ama. “Barreessaan haala kallattiin ala ta’een nama,bakka wanta dhimmawayiin

walqabsiisee yoo ibse walqabsiisa jedhama. Fakkeenyaaf, taateebara tokko raawwatame aadaa hawaasaafi dubbilee kitaabota amantiikeessa jiraniin walqabsiisuun ibsuu mala. Akka kanaan walqabsiisa bakkasadiitti qooduu dandeenya. Isaanis: walqabsiisa seenaa, aadaafi amantaati" Fedhasaa (2013:99). Gabaabumatti walqabsiisni yaada tokko haala adda addaatiin walitti fidanii dhiheessuudhaan yaadicha ifa gochuuf kan ooludha. Walumaagalatti,malleen dubbii hojii ogbarruu keessatti iddoo guddaa kan qabaniifi barreessitoonnis yaada isaanii akkaataa barbaadaniin kallattii adda addaatiin ibsuuf kan itti gargaaramanidha.

### 2.8.11. Tuksee

Tukseen taatee, seenaa darbe tokko tuquudhaan kan yaadachiisu yoo ta'u, kaayyoon isaa waanta sana gadi fageenyaan ibsuu osoo hin ta'iin quba qabsiisee biraa deebi'iidha. Khadijah (2016:25) Peter(2002) wabeeffachuun yoo ibsitu: "allusion is the process of another thing and the particular figure, event, etc" jetti. As irraa akka hubatamutti tukseen tooftaa waloon tokko wabii alaa yookiin ibsa beekamaa tokko fudhatee walaloo isaa keessatti itti fayyadamuun akka dubbisaan waa'ee waan sanaa sirriitti beekuuf ragaa adda addaa akka sakatta'u kan afeerudha. Kanaafuu tukseen seenaa darbe, taatee, afoolaafi kkf tuttuqee waanta sana kan nama yaadachiisudha.

## 2.9.Sakatta'a Qorannoo Wal fakkii

Qorannoo tokko yeroo gaggeeffamu sakatta'a barruu walfakkii yookin qorannoo kanaan dura hojjetame waliin wal bira qabanii ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hanqinaafi cimina qorannoo duraan tureefi kan amma hojjetamee walbira qabanii xiinxaluun yaada sirreeffamaa yookin yaadaa dabalataa kaa'udha. Kanumarraa ka'uun qoratichis qorannoo isaa kana keessatti qorannoo kanaan walfakkaatu sakatta'uun ciminaafi dadhabbina akkasumas yaada dabalataa kan qorannoo kana gabbisuu danda'an sakatta'uu danda'eera.

Kunis Ibsaa Addunyaa (2016) Qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Anaan'yaa keessattijedhu irratti kan xiyyeeffatudha. Kunis ulaagaa digirii lammaffaa (MA) itti guuttachuuf yuunversiitii Addis Ababaa keessatti kan gaggeeffamedha. Qarannoon kun qorannoo geggeeffame kanaan waliin garaagarummaa guddaa qabu. Garaagarummaan isaaniis kaayyoon gooroo qorannoo Ibsaa Addunyaa gaggeesee itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo Anaaniyaa qaacceessuu yommuu ta'u, qorannoon qorataan gaggeesse kun immoo malleen dubbii

kitaabota walaloo *Miila Kaayyoofi Edas-Edanas* keessaa baasee qaaccessuudha. Kanaafuu kitaabota walaloo adda addaa irratti gaggeeffamuun isaanii adda isaan taasisa jechuudha. Dabalataanis argannoon qorannoolee kanneenii garaa garummaa qaba. Qorataan kun argannoon isaa malleen dubbii sagal yommuu ta'uu, qorannoo Ibsaan gaggeesse immoo argannoon isaa malleen dubbii saddeetidha. Akkasumas qorannoon kun yaadxina faayidaalessummaa bu'uura godhachuun kan gaggeeffame yommuu ta'u, qorannoon Ibsaan gaggeeffame immoo yaadxiina hin kaafne. Karaa biraatiin kaayyoon qorannoo kanaa inni biraan malleen dubbii itti fayyadama afaanii cimsuufi ergaan darbuu barbaade tokko sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf shoora maalii akka taphatan kan ibsee jirudha. Haa ta'u malee qorannoo Ibsaan gaggeesseef kun kaayyoo isaa miti. Kanaafuu  argannoon qorannoo kanneenii kaayyoo isaanii irratti bu'uure-ffachuun garaagarummaa guddaa qabu jechuudha.

Abiyoot Tasfaayee (2009) qaaccessa qabiyyee dubbii qoolaa asoosama dhoksaa jireenyaa keessatti jedhu irratti kan geggeeffamedha. Kunis ulaagaa digirii lammaffaa (MA) ittiin guuttachuuf yuunversiitii Jimmaa keessatti kan geggeeffamea yommuu ta'u qorannoo kana keessatti gosoota dubbii qoolaa asoosama dhoskaa jireenyaa jedhu keessatti argaman qaaccessuun xiinxalamee jira. Qorannoon Abiyoot Tasfaayee gaggeesse kallattiidhaan dubbii qoolaa asoosama dhoksaa jireenyaa jedhu qaaccessuu yemmuu ta'u, qorannoon qorataan kun gaggeesse itti fayyadama malleen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* keessatti kan jedhudha. Kanaafuu ogbarruu adda addaa irratti gaggeeffamuun isaanii garaagarummaa isaanii isa guddaadha. Dabalataanis yaadxina adda addaa irratti kan gaggeefamedha. Abiyoot yaadxina maarkisizimiin gaggeessuuf kan filate yommuu ta'u, qorataan faayidaa malleen dubbii ogwalaloolee filataman keessatti qaban yaadxina faayidaalessummaa gargaaramuun kan adeemsisedha.

Sanyii Raggaasaa Fayisaa (2011) xiinxala itti fayyadama malleen dubbii asoosama Ichima Jaalalaafi Numaaniyaa keessatti kan jedhu irratti kan geggeeffame. Kunis ulaagaa itti guuttaannaa digirii lammaffaa (MA) yuunversiitii Jimmaa keessatti kan geggeeffame yommuu ta'uu, qorannoon kunis kan adeemsifame xiinxala itti fayyadama malleen dubbii asoosama keessatti yoo ta'u, qo'annoon geggeeffaamuuf deemu garuu itti fayyadama malleen dubbii

ogwalaloo keessatti kan jedhudha. Kanaafuu bu'aan qorannoo kana irraa argamus garaagarummaa agarsiisee jira jechuudha.

## 2.10.Yaadxiina Qorannoo

Qorattoonni adda addaa hojii isanii galmaan gahuuf yaadxinoota garaa garaa fayyadamaa akka turan hayyoonni ibsaniiru. Kanaafuu yaadxiinonni hedduun qorannoo tokko gaggeessuuf haa jiraatan malee isaan keessaa qorannoo kanaan kan walitti siqu armaan gadiitti ibsameera.

### 2.10.1 Yaadxina faayidaa(Functionalism)

Yaadxiinni kun kan bu`uureffame nama William Bascom jedhamuuni. Akka yaada Bascomitti aartiin mallattoo (verbal art), jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Yaadxiina faayidaalessummaan qaaccessuu ilaalchisee Martha C. (2005:176) akka ibsitetti "Functional analysis, then, is ahistorical, suggesting that the text was used or the performance occurred for the same reason regardless of context" akka yaada kanaatti yaadxiina faayidaan qaaccessuun faayidaa barreeffamni tokko barreeffama sana keessatti qabu irratti kan bu'uureffate yommuu ta'u, innis seenaa yookiin aadaa hawaasa sanaa bu'uura keessa galchuunidha.

Yaadxiinni faayidaa hawaasni walitti dufeenya akkamii akka qabuufi aadaa, seenaa, dandeettii beekumsafi namuusaa karaa ittiin daa'imman barsiisaniifi dhalootaa dhalootatti karaa ittiin dabarsan irratti xiyyeeffata

Kana irraa ka'uudhaan qorataan ogbarruunis fookiloorii waliin hariiroo qabaachuu isaa hubachuun qorannoo isaa kana keessatti yaadxina kana itti gargaaramee faayidaa malleen dubbii ogwalaoo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* keessaa qaacceessee jira.

## 2.11.Waa'ee Kitaabotaa Amma Tokko

Maalummaa *Miila Kaayyoo* waloon akka ibseetti: *Miilli Kaayyoo* miila osoma takaalamuu deemuufi osoma dhiiguu fiigudha. Kana jechuun immoo yoo kaayyoo qabannee miila kaayyoos qabaanna, hiyyeessi nama qarshii hin qabne osoo hin ta'iin nama kaayyoo hin qabnedha jechuun ibsa. Waloon walaloo kana yommuu barreessu malleen dubbii adda addaa gargaaramee barreessee jira. Akka qorataan qaaccessetti kitaaba miila kaayyoo jedhu keessatti waloon gosoota malleen dubbii sagal gargaaramuun barreessee jira. Malleen dubbii as keessatti gargaaraman immoo ergaan waloon dabarsuu barbaade bifa suurqalbii dubbisaa hawwatuun ibsuuf gahee isaanii bahatanii jiru. Ogwalaloon miila kaayyoo kun akkuma ibsamuuf yaalameen qabiyyee adda addaa yookiin mata duree garaa garraa sagaltamii shan irratti kan barreeffame yoommuu ta'u, kan inni barreeffame yeroo garaa garraattidha. Fakkeenyaaf mata dureen 'kobbee koo'jedhu kan barreeffameefi kan dubbifame bara 2016 magaalaa Naqamteetti yommuu ta'u, mata dureen 'qeerroo jechuun…'jedhu bara 2018 magaalaa Finfinneettidha. Kanaafuu qabiyyeen achi keessatti hammataman hunduu yeroofi bakka adda addaatti kan qophaa'an yommuu ta'u, kan dhihaatanis kaayyoofi ergaa adda addaa dabarsuufidha. As keessatti waanti hubatamu waloon Lataa Qana'ii haala, yeroofi bakka gidduu galeeffachuun ogwalaloo qindeessuun dhiheessaa kan tureefi bara 2018 tti immoo barreeffamaan hawaasa biraan kan gahe ta'uu isaati.

Kitaabni walaloo *Edas-Edanas* jedhu kutaa lama kan of keessatti qabu yommuu ta'u, Kutaa tokkoffaa keesstii *'Edas*' kan jedhu mata duree afurtamii toorba kan hammatedha. Akkasumas Kutaan lammaffaan *'Edanas'* kan jedhudha. Waloon kutaa jalqabaa keessatti maalummaa waloofi walaloo akkasumas falaasama oromoo durii ibsee jira. Kitaaba ogwalaloo kana keessatti waloon malleen dubbii hedduu gargaaramee barreessee jira. Kunis gosoota malleen dubbii jiran keessaa kan qorataan qaaccesse sagalidha.

Kitaabota kanneen lamaan walbira qabnee yommuu ilaallu lamaanuu malleen dubbiittii gargaaramanii barreessuun isaanii cimina isaaniiti. Haa ta'u malee kitaaba ogwalaloo miilaa kaayyo keessatti ergaa waloon malleen dubbii itti gargaaramee yookiin filannoo jechootaa inni gargaarame hanga tokko ifaafi kan hubatamudha. Ogwalaloo Edas Edanas keessatti immoo malleen dubbii itti gargaaramanii barreeffaman hubachuun kan nama rakkisuufi xiinxala gadi fagoo kan barbaadanidha. Sababiin isaas filannoon jechootaa waloon itti gargaaramee barreesse

jechoota ciccimoofi falaasama isaa agarsiisaniidha. Waloon kun akka barbaadetti jechootan taphachaa dhimmoota siyaas-hawaasaa calaqqisiisun isaa kun dandeettii isaa ibsuun alatti ogwalaloo Oromoo kan bilcheessudha. Kanaafuu Ogwalaloon Edas Edanas keessatti ergaa ibsame hubachuuf kanneen miilaa kaayyoo keessatti ibsan caalaa muxannoofi dandeettii cimaa kan barbaadudha.




***Kitaaba waalaloo Miila Kaayyaa*** ***kitaaba walaloo Edas-Edanas***

## BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee ragaan ittiin funaanamuufi mala qorannoon itti qaacceffame tokko tokkoon ibsamee jira.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa malleen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* jedhan qaaccessuudha. Kana gochuuf immoo qoratichi mala qorannoo akkamtaa fayyadame. Sababni isaatis odeeffannoon qorannoo kanaaf guurame lakkoofsan osoo hin taane jechaan ibsuun kan qaaccessame waan ta'eefi dha. Zoltan(126:2007)(polinghorne,2005) wabeeffachuun yaada kana yoo ciimsu:

> Qualitative research on the other hand, focuses on describing,understanding,and clarifying a human experiencence and therefore qualitative studies are directed at describing the aspects that make up on idiosyncratic experience rather than determining the most likely, mean experience, within agroup.

Yaada hayyuu kanaa irraa akka hubatamutti qorannoon qulqulleeffataa xiyyeeffannoon isaa muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa guyyaa guyyaan mul'atan addeessuu, hubachiisuufi ibsuu akka ta'eefi keessumaa beekumsa gareen hawaasa tokko qabu ifa baasuun addeessuu irratti bu'uureffata. Addunyaanis(2011:70) yaada kana yoo cimsu,"odeeffannoon akkamtaa 'akkamii'waantotaa irratti qorannoo gaggeessuuf odeeffannoo jechaan ibsaman funaana" jedha. Kanuma ka'umsa godhachuun qoratichis mala akkamtaa fayyadamuun qorannoo kana kan gaggeesse yeroo ta'uu, saxaxni qorannoo kanaas addeessuun kan dhihaate dha. Kanaafuu saxaxni qorannoo kanaa saxaxa addeessaati jechuudha.

### 3.2 Madda odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorataan qorannoo isaaf itti gargaarame kitaaba walaloo *Miila Kaayyoo fi Edas Edanas* jedhanidha. Sababiin isaas, qorannoon kun kan gaggeeffame qaacceessa malleen dubbii achi keessatti argaman irratti hundaa'un waan ta'eef, qoratichi madda raga tokkoffaa gargaaramee qorannoo isaa kan gaggeessedha.

### 3.3. Mala Iddatteessuu

Qoratichi qorannoo isaa gaggeessuuf iddattoon inni filate gosa iddatteessuu qorannoo akkamtaa keessaa mit-carraadha. Gosoota iddatteessuu mit-carraa keessaa immoo tokko kan ta'e iddatteessuu akkayyoo/akka kaayyoo filachuun dhimma itti baheera. Sababiin iddattoon kun filatameefis qorannoon kun guutummaa guutuutti kan inni geggeeffame malleen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas-Edanas* jedhan keessaa baasuun qaaccessuu waan ta'eef, jamaan carraadhaan filataman hin jiran. Kanumaan walqabatee Natasha Mack, fi kan biroon (2005:5) yeroo ibsan:

> Purposive sampling is one of the most common sampling strategies, groups participants according to preselected criteria relevant to a particular research question Purposive sample sizes are often determined on the basis of theoretical saturation (the point in data collection when new data no longer bring additional insights to the research questions).

Iddattoon akkayyoo gosoota iddattoo mit-carraa keessaa tokko ta'ee xiyyeeffannoon isaa gaaffiilee qorannoof deebii kennuu kan danda'an irratti ta'ee, kan qorataan ofii isaan qorannoo isaaf odeeffannoo isa gargaaru eessaa akka argatu yookiin qaama kam irraa odeessannoo yoo fuunaannate milkaa'uu akka danda'u ofii isaan kan filatudha. Iddattoo kaayyeeffataa keessatti akka barbaadame yookiin caarraadhaan iddattoo filachuun hin eeyyamanu. Sababiin isaas kaayyoo qoraannoo sanaa kan galmaan gahuu danda'u qorataan duraan dursee waan murteessuuf daanga'aadha. Haaluma kanaan qoratichi qorannoosaa kana galmaan ga'uuf gosoota iddattoo keessaa iddattoo miti carraa fayyadamuuf kan karoorfate yemmuu ta'u, gosoota iddattoo miti carraa keessaa immoo iddattoo akkayyootti kan fayyadamedha. Sababni iddattoon kun filatameefis firii qorannoo kana bu'aa qabeessa taasisuuf iddattoon kun irra caalaa filatamaa ta'a jedhamee waan yaadameefidha.

### 3.4.Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Gosoota qorannoo keessaa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qorannoo qulqulleeffataati. Qorannoon qulqullaa'inaa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga'uuf mala adda addaa kan fayyadamu dha, Yaada kana, Addunyaa(2011:64) haala kanaan ibsa:" qorannoon gaaffii Akkam? Akkamitti? Jedhan deebisu af gaaffii hin caaseffamne, marii garee xiyyeeffannoo, daawwaannaa,

dookimentii garaa garaa xiinxaluufi kkf gaggeessuun funaanama” jecha. Kanumma irraa ka’uun qorataanis qorannoo isaa meeshaalee inni odeeffannoo ittiin guurrate sakatta’a barruu yookiin dookimentiiti. Sababiin isaas qorannichi qorannoo isaa kan gaggeesse mata duree itti fayyadama malleen dubbii Ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* jedhan irratti waan ta’eef odeeffannoon argamu kitaaba kana sakatta’uun qofadha.

**3.5.Mala Qorannoon Ittiin Qaacceffame**

Qorannoon tokko erga odeeffannoo isaa tooftaa adda addaan funaanamee mala adda addaan qaacceffama. Kanaafuu qorataan kun malleen qo’annoon ittiin qaacceffaman keessaa mala akkamtaa gargaramuun odeeffannoo sakatta’a barruun funaannate addeessuun qaaccessee jira. Sababiin isaas akkuma duraan ibsamuuf yaalameen qorannoon akkamtaa dhugaa hawaasa keessa jiru, muuxannoo jiruufi jireenya isaanii baasee kan addeessuudha. “Qualitative research on the other hand, focuses on describing,understanding,and clarifying a human experiencence” Zoltan (2007:126). Kanaafuu qoorannoon kun gaggeeffame mata-dureen qaaccessa malleen dubbii waan ta’eef, malli akkamtaa immoo qabiyyee qorannoorratti ibsa kennuun kan gaggeeffamudha. Kana irraa ka’uudhaan ragaan funaanames lakkoofsaan kan ibsamu waan hin dandeenyeef jechaan addeessuun qaacceffame.

## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA

Boqonnaa kana jalatti kitaabota walaloo *Miila Kaayyoo*fi *Edas Edanas* jedhaman keessatti malleen dubbii argaman keessaa kanneen filataman gosaafi fakkeenya isaanii waliin qaacceffamuun dhiyaatanii jiru. Kunis akka Giloux (1974:10) addeessetti "fugerative language is language which departs from the straight forward use of words. It creats aspecial effect, clarifies an idea and makes writing more colorful and forceful". Yaada kana irraa waanti hubatamu malleen dubbii itti fayyadama jechootaa kallattii adda addaan ta'ee faayidaan isaas; ergaa darbuu barbaade ifa gochuuf, boca itti uumuufi ergichi humna akka qabaatu gochuuf kan oolu ta'uu isaati. Dabalataanis akka yaadrimee Giloux (1974) malleen dubbii iddoo kudha shanitti qoodamanii jiru. Qorannoo kana keessatti qorataan yaada armaan olii kana bu'uura godhachuun malleeen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyoo* keessatti argaman sagaliifi *Edas Edans* keessatti kan argaman sagal haala armaan gadiin qaaccessee ibsee jira. Akkasumas qorannoon kun yaadxiina faayidaalessummaa irratti bu'uureffachuun faayidaa malleen dubbii kitaabota walaloo kanneen keessaa baafaman qaban yookiin maal dabarsuuf akka dhimma itti bahaman xiinxalamaniiru.

| T/L | Malleen dubbii | *Miila Kaayyoo* keessatti irra deddeebbii | % | *Edas Edanas* keessatti irra deddeebbii | % |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Akkasaa | 25 | 24.5 | 10 | 20 |
| 2 | Nameessa | 12 | 11.7 | 9 | 18 |
| 3 | Habalaka | 12 | 11.7 | 5 | 10 |
| 4 | Eeye mitii | 6 | 5.88 | 7 | 14 |
| 5 | Iddoosa/bakkasaa/ | 8 | 7.84 | 7 | 14 |
| 6 | Tuksee | 10 | 9.8 | 4 | 8 |
| 7 | Mallattoo | 4 | 3.92 | 3 | 6 |
| 8 | Arbeessu | 9 | 8.8 | 3 | 6 |
| 9 | Atee | 16 | 15.68 | 2 | 4 |
| Walii gala malleen dubbii | | **102** | | **50** | |

*Gabatee.1 Malleen dubbii kitaabota walaloo lamaan keessaa baafaman.*

Gabatee armaan olii irraatti kanneen ibsaman malleen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyo*fi ogwalaloo *Edas-Edanas* keessaa baafamanidha. Kunis kitaaba walaloo Miila Kaayyoo jedhu keessaa akka walii galaatti malleen dubbii 102 baafamanii kan agarsiifaman yommuu ta'an isaan keessaa mala dubbii waloon baay'inaan itti gargaaramee barreesse akkasaadha. Innis % 24.5 yeroo ta'u, walaloo kana keessatti malleen dubbii adda baafaman keessaa kan waloon gad aanaan itti gargaarame akkuma gabatee olii irraa hubatamu mallattoodha. Innis baay'inaan 4 yommuu ta'u % 3.92 dha. Akkasumas ogwalaloo Edas Edanas keessaa haaluma walfakkaatuun malleen dubbii yaafaman 50 yommuu ta'an isaan keessaa heddumminaan waloon kan dhimma itti bahe akkasaadha. Innis baay'inaan 10 yoo ta'u,%10 ta'a. Inni baayyee xiqqaan immoo atedha. kunis %4 akka ta'e gabatee armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

### 4.1 Qaaccessa Malleen Dubbii Ogwalaloo *Miila Kaayyoo*

#### 4.1.1. Akkasaa/Akkee/

Gosti dubbii kun akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen wantoota lama walbira qabuun bifa waldorgomsiisuun kan dhiheessudha. Kunis jechoota 'akka'fi 'fakkaata' jedhan fayyadamuun kan beekamu ta'ee waanta ibsuu barbaade tokko kan biroon waldorgomsiisaa kan dhiheessudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2014:208-209) maalummaa akkasaa yoo ibsu, "Akkasaan gaalee 'akka isaa' jedhurraa ijaarame. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal bira qabuun dhiyeessuun salphaatti akka hubatamu gochuudha. Haala akkasii keessatti 'X'n akka'Y'jechuun baay'inaan jechoota 'akka, hanga,fakkaata' jedhan itti gargaarama"jedha. Kanumarraa ka'uun ogwalaloo *Miila Kaayyoo* keessatti waloon haala kamiin mala dubbii kana akka gargaaramee barreesse qaaccessi isaa haala armaan gadiin dhihaateera**.**

Fakk. 1
Qeerroo jechuun …….
Kan shokoksaa hin sodaanne
Kutataa akka bineensaa….(f.9)

Walaloo kanaan olii keessatti malli dubbii itti fayyadame akkasaadha. Innis kutannoo qoorroofi bineensi qabu walbira qabuun cimina qeerroo ibsee jira. Walaloo kana keessatti bineensi qeerroo

ibsuuf kan gale yoo ta’u, qeerroon immoo bineensaan fakkeeffamee kan ibsamedha.Waloon Waantota ijaan argamaniifi harkaan qaqqabamuu danda’an lama wal bira qabee bifa waldorgomsiisuun kan dhiheessedha. Ergaan walaloo kanaas qeerroon oduu yookiin holola kan hi sodaanneefi mirga isaafi mirga hawaasa isaaf kan dhaabbatu ta’uu isaati. Kanaafuu kaayyoon waloon kun mala dubbii kana gargaarameefis namni walaloo kana dubbisu ergaan isaa sammuu isaa keessatti fakkii bineensaa bosonaa uumuun sirriiti akka hubatamuuf gargaara.

Fakk 2

Sichi garuu sodaadhaan

Hin raafamu akka baalaa

Laphee dhiibee itti deemeen

Waanuma dhufu ilaala (f. 12)

Walaloo kana keessatti waloon sodaa qabuufi raafamuu baalaa walbira qabee bifa waldorgomsiisuun ibsee jira. As keessati baalli sodaa ibsuuf kan gale yommuu ta’u baala harkaan qabuufi ijaanis arguun kan danda’amudha. Sodaan garuu harkaan qabamuu kan hin dandeenyedha. Haa ta’u malee waloon kun jara kana lamaan gargaarame waldorgomsiisuun ergaa barbaade dabarfatee jira. Walaloo kanaan olii keessatti ergaan dabarfamuu barbaadame kutannoo qabaachuudha. Kana jechuun kana dura sodaa guddaan akka tureefi namni hunduu sodaadhaan raafamaa kan ture ta’uu isaa ibsuun ammaa booda garuu waanuma dhufu hunda sodaa tokko malee akka dura dhabbachuu qabu ibsuu isaati. Kaayyoon waloo kanaa sodaa hawaasni kanaan dura keessa ture ibsuufi gara fuula duratti immoo waan dhufe hunda simachuuf kutannoo isaanii ibsuu barbaadeeti. Sababiin isaas waloon qaama hawaasa keessa jiruu waan ta’eef hawaasa bakka bu’ee waan hawaasa keessa jiru calaqqisiisa.

Fakk. 3

Sammuun na dirmammaa’ee

Akka dhaanicha ulee

Madaansaa takkaa hin qoorre

Natti caala bubbulee (f. 14)

Walaloo armaan olii keessatti  waloon dubbii qoolaa akkasaa itti dhimma bahee jira. Innis miidhama sammuu isaafi dhaanicha ulee wal dorgomsiisuun kan dhiheessedha. Waanti ibsamuu barbaade aariifi madaa sammuu isaa yookiin hawaasaa yommuu ta'u, madaan sammuu immoo ifatti bahee kan ijaan argamu miti. Ergaa kana ibsuuf kan gale garuu qaama uleedhaan dhaanamee dirmammaa'edha. Kun immoo ijaan argamuu kan danda'uufi namni kamiyyuu arguu kan danda'udha. Kanaafuu as keessatti waloon waanta ijaan hin argamneefi kan ijaan argamu yookiin harkaan qaqqabamu waldorgomsiisee ibsee jira.

Fakk.4

Waa'een dimokiraasii
Waa'een mirgaafi dirqamaa
Miti uummata oromoof
Seenaa waggaa digdamaa
Akka qaamaatti baannee
Akka gogaatti uffannee(f. 46)

Buufata walaloo armaan olii kana keessatti malli dubbii waloon itti gargaaramee barreesse akkasaadha. Kunis gaaleen akka qaamaati baannee, akka gogaatti uffannee jedhan akkasaa agarsiisu. As keessatti ergaan dabarfame gabaabumatti uummanni oromoo dimokiraasii waliin kan dhalate malee har'a kan dhagahe miti kan jedhudha. Kanaafuu dimokiraasii akka qaamaatti baannee yeroo jedhu dimokiraasiifi Oromoon walirraa adda bahuu kan hin dandeenye jechuudha. Akka gogaatti uffannee yeroo jedhu immoo gogaan qaama namaa bakkeen  kan golgee jiraatudha. Kanaafuu waanti oromoo irraa mil'atu yookiin calaqqisu hunduu dimokiraasiidha yaada jedhudha. Walaloo kana keessatti kan ibsamuu barbaadame dimokiraasiidha. Dimokiraasiin immoo ijaan arguun harkaan qaqqabuun kan hin danda'amnedha. Haa ta'u malee kan isa ibsuuf galan immoo qaamaafi gogaa yommuu ta'an, ijaan arguufi harkaan qaqqabamuu kan dandaan gargaaramee kan addeessadha. Kun immoo ergaan dabarfamuu barbaadame yookiin kaayyoo waloon qabatee bahe sana qabatamaan sammuu dubbisaa keessatti akka mallatta'uufi ergichi yeroo dheeraaf sammuu isaa keessa akka turuuf gaheen malli kun taphate bal'aadha.

Fakk.5

Furdina akka arbaa

Ulfina akka tafkii

Sin barbaadduu laata?

Nu hin barbaannu lakkii (*f.60)*

Walaloo armaan olii keessatti waantonni lama jecha akka jechu gargaaramuun waldorgom-siifamaan agarra. Kunis furdina akka arbaafi ulfina akka tafkii walbira qabuun kan dhihaatan yommuu ta'u, as keessatti ibsamuuf kan barbaadame ulfina yookiin kabaja dhabuudha. Furdinni arbaa beekamaafi kan namoonni ija isaaniin arganii mirkaneeffatanidha. Ulfinni garuu kan ija fooniin hin mul'anneefi harkaan hin qabamne keessa namaatti kan beekamudha. Kanaafuu waloon waanta ijaan hin mul'anne ibsuuf jecha waan argamuu danda'uufi harkaanis qabamuu danda'uun dorgomsiisee addeessee jira. Kaayyoon waloo kanaa as keessatti qaamaan furdatanii kabaja dhabuu yookiin ulfina dhabuun salphina ta'uu ibsuudha. Isa kana immoo furdina Arbaafi ulfina tafkiin walbira qabee ibsee jira. Ulfina Tafkii yeroo jedhu,Tafkiin ammam akka ulfaattu, akkasumas nama biratti jibbamuufi tuffatamuu ishee  hubachiisuu barbaadeeti.

Fakk.6

Gargar facaanee miti

Akka ilmoolee bofaa

Abjuun kan nuuf dhugoomtu

Yoo tokko taane qofa! (f. 71)

As keessatti gaaleen akka ilmoolee bofaa jedhu mala dubbii akkasaan kan barreeffamedha. Sababiin isaas walaloo kana keessatti waantota lamatu jecha akka jedhu gargaaramee waldorgom siifamee dhihaatee jira. Kunis  gargar faca'uu uummata Oromoofi ilmoolee Bofaan wal bira qabamee dhihaate. Walaloo kana keessatti waanti ibsamuu barbaadame uummanni Oromoo addaan faa'uufi walii galuu dhabuu isaati. Haa ta'u malee ergaa kana ibsuuf kan gale immoo ilmoolee Bofaati. Bofti ilmoo kan godhatu hanqaaquu hanqaaqee akkuma kanneen biroo yaasa. Haa ta'u malee hanqaaquu sana gaafa xessu yookiin ilmoo yaasu, isa jalqabaa qofa baasee osoo

inni isa lammataa hin xessiin isheen dura baate jalaa waan deemtuuf innis jara kaan dhiisee ishee waliin bu’a. Kanaafuu jarri hafanis adduma addaan tortoranii badu. Kanaafuu tokkummaan Oromoos akka ilmoolee bofaa kana addaan akka faca’e ibsuudhaan abjuu ofii dhugoomsuuf garuu tokko ta’uutu nurraa eegama kan jedhudha ergaansaa. Ergaa kana ciminaan dabarsuuf waloon waan ijaan hin argamne yookiin harkaan hin qabamne tokkummaa ibsuudhaaf waan ijaan argamu yookiin harkaan qabamu ilmoolee bofaan walbira qabee dhiheesse.

Fakk.7

Inni namni lakkaa’u

Ulaagaan biyya lafaa

Akkuma fixeensaati

Ni harca’a-ni hafa (f. 92)

Walaloo kana keessatti kan ibsamuu barbaade waa’ee ilaalcha namni waliif qabuuti. Kan ibsuuf gale immoo fixeensadha. As keessatti ilaalchi namni lafa irratti waliif qabu yookiin ittiin wal madaalufi fixeensi wal dorgomsiifamanii dhihaataniiru. Fixeensi yeroo aduun baatu harca’ee kan badudha.Waloonis ulaagaa biyyi lafaa tarreessu yookiin ulaagaan namni ittiin waljaallatu fixeensa kanaan walfakkeessee dhiheesse. Kunis ilaalcha namni waliif qabu qabeenyaan, sanyiidhaan, bifaafi kkf ta’uu dabda’a. Ulaagaan kun immoo lafa irratti malee waaqarratti akkuma fixeensaa bada jechuu isaati. Walaloo kana keessatti waantonni walbira qabamanii akkasaa uuman kun kan ijaan argamuufi kan ijaan hin argamnedha. Sababiin isaas fixeensi kan argamuu danda’amu yoo ta’u, ilaalchi garuu ijaan kan hin argamne yookiin kan hin mul’annedha.

### 4.1.2. Habalakaa

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaaru dha. Kana jechuun dhaamsi sun ifatti osoo hintaane karaa dhoksaa ta’een dabarsuuf kan itti dhimma bahamudha. Haaluma kanaan mala dubbii habalakaa ogwalaloo miila kaayyoo keessatti itti gargaaramanii barreeffaman haala kana gadiin qaacceffamaniiru.

Fakk. 1

Lamaafi lama idaanaan

Kan deebiin sadii ta'u

Isan foddaarraan seenee

Karaa baaxii immoo bahu (f. 10)

Walaloon armaan olii kun gosoota malleen dubbii keessaa habalakaan ibsame. Sababiin isaas gaaleen 'lamafi lama isaanaan kan deebiin isaa sadii dhufu'kan jedhu habalakadha. As keessatti waloon ergaan inni dabarfachuu barbaade halkan hirriba keessa yaadni garaa garaa sammuu isaatti dhufuun maal akka godhu wallaalee cinqamaa buluu isaa ibsuu barbaadeeti. Yookiin abjuun waan faallaa nama haasofsiisuu ta'uu isaati. Haa ta'u malee malli dubbii inni fayyadame dhugumaan lamaafi lama ida'ee sadii argate yookiin immoo dhugumaan karaa foddaa seenee baaxii irraan bahe osoo hin taane waanti inni yaadaa bule waanta faallaa akka ta'e ibsachuu barbaadeeti. Kanafuu malli dubbii inni gargaarame kun ergaan isaa sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf shoora olaanaa taphatee jira.

Fakk.2

Warruma jiruuf boo'aa

Warra lammiif hin taane

Warra maagaan jallinaa

Garaa isaaniitii hin bane

Warra jibba elmatan

Jaalalli isaanii gu'ee

uu..uu…jedhaa iyyaafii

warra akkasiitu du'e! (f.15)

Walaloo kana keessatti waloon faallaadhaan ergaa dabarfachuu barbaade dabarfatee jira. Kunis biyya lafaa irratti namni kan jiraatu fooniifi afuura isaatiin akka ta'e beekamaadha. Osoo jiruu immoo waliif boo'uun aadaa keessa hin jiru. Garuu as keessatti warruma jiruuf boo'aa gaaleen jedhu ergaa faallaa dabarsaa jira. Kunis namoonni gaarii hin hojjenne, yeroo hunda jibba malee jaalala hin yaadne jiraatti du'aniiru yookiin nama keessaa bahaniiru kan jedhudha. Ergaan inni dabarsuu barbaade garuu goota du'eef boo'uu irra warra osoo jiranii jibbaafi jallina dalaganiif

jiraatti boo’uu wayya jechuu isaati. Kanaafuu waloon kun bifa faallaa ta’een ergaa cimaa gootni yoo du’es hojiin isaa bara baraan ni jiraata kan jedhu fi namni jibba facaasuu immoo amma nama du’eetti akka ilaalamu mala dubbii kanatti gargaaramee ibsee jira.

Fakk.3

Duumessi caama fidnaan

Hongeen rooba yoo fide.(f.31)

Walaloo kana keessatti waantoota faallaa walii garuu immoo bu’aa walii ta’anii dhihaataniiru. Fakkeenyaaf duumessi caama osoo hin ta’iin rooba fidha. Hongeenis rooba fidhuu kan hin dandeenyedha. Haa ta’uu malee waloon kun mala dubbii kana gargaaramee bifa faallaa ta’een ergaa cimaa dabarseera. Innis kan inni jechuu barbaade dubbiin bara kana garagaltoo yookiin faallaa ta’uu isaati.

Fakk.4

Dadhabneerra jiruu dalgaa

Hin rimaa’iin dhaluu sangaa….(f. 94)

Walaloo armaan olii keessatti malli dubbii waloon gargaaramee barreesse habalakadha. Innis akka beekamutti sangaan rimaa’uus dhaluus kan hin dandeenyedha. Kanaafuu akka aadaa Oromoottis sangaan dhale yoo jedhame soba jechuudha. Haa ta’uu malee waloon mala dubbii kanatti gargaaramee yaada faallaa yookiin habalakaan ergaan inni dabarfate baroota hedduudhaaf sobni dhugaa dhaalee biyya fudhateera yaada jedhudha. Malli dubbii kun immoo ergaan kun ciminaan akka dabarfamuuf gahee mataa isaa taphatee jira.

Fakk.5

Asiin eegnan achiin dhufa

Karra banuuf- karra cufa

Gaafa obsan- ni waraana

Gaafa gorsan- ni caraana

Hiika dhabe namni har’aa

Fira ilkaanii kan lafarraa

Bitaacha'aa-dabaa farraa…(f.99)

Buufata walaloo kanaan olii keessatti ergaan karaa faallaa ta'een dabarfamee jira. Innis namni yeroo ammaa yoo obsan ittuu nama waraanuu isaafi yoo gorsan immoo iyyuu isaati. Kana jechuun namni ammaa ilkaanii nama waliin kolfee miidhaa namaa barbaaduu isaafi yoo jalaa callisan immoo ittuma cimsee nama miidhuu isaati. Kanaafuu walaloo kana keesstti waatota faallaa walii fa'aniin ergaan dabarfame namni bara kanaa garuummaa walii kan hin yaadnefi waliin kolfee walmiidhuu isaati. Akkasumas gorsi hiriyyaa miidhaa kan itti fakkaatu ta'uu dha.

Fakk. 6

Adurreen naqatamnaan

Hantuunni cidha yaati

Abbaan horii yakkamnaan

Hattuun bilisa baati.

Aannan bulee qammana

Jira dubbiin akkanaa! (f.102)

Abbaan horii yakkamnaan hattuun bilis baati kan jedhu kallattiimaan habalakadha. Sababiin isaas taateen as keessatti ta'e waan faallaadha. Yakkamaan hattuu ta'a malee abbaa horii ta'uu hin qabu. Haa ta'u malee waloon ergaa dabarsuu barbaade bifa cimina qabuun dabarsuuf jecha mala habalakaan dhiheessee jira. Ergaan walaloo kanaa akka walii galaatti dhugaan dhokatee sobatu bakka fudhateera yaada jedhudha. Akkasumas haala jiruuf jireenyaa keessatti gochaaleen akkasii faallaa raawwataman akka jiran ibsuu barbaadeeti.

### 4.1.3.Bakkasaa/iddoosaa)

Bakkasaan akkuma maqaa isaa waanta tokko iddoo isa kan biraa buusuudhaan amala waanti sun qabu guutummaa guutuutti isa biraaf kan kennudha. Yaaduma kana (Rabbirra,2008:143)yoo ibsu "Iddeessi akkuma akkasaa dorgomsiisaa waantota lamaa ta'ee,waantota garaa garaatiif jechoota akka, fakkaata,hamma jedhaman osoo hin fayyadamiin amala waan tokkoo waan biraatiif akkuma jirutti kennuun kan dhiheessudha"jedha. Kanuma bu'uura godhachuun malleen

dubbii gosa kanaa ogwalaloo miila kaayyoo keessaatti argaman armaan gadiitti qaaccefamanii jiru.

Fakk.1

Qeerroo jechuun daawwaadha

Qoricha dhukkubsataa

Kan hin cabne-kan hin dabne

Irreefi humna uummataa……

Osoma gad qabanii

Oljedhee kan mul’atu

Abdiifi arraba ta’ee

Sabasaaf kan dubbatu (f.9)

Walaloo armaan olii keessatti qeerroon daawwaa yookiin qoricha bakka bu’ee jira. Waloon as keessatti qeerroo qoricha dhukkubsattoota fayyisu bakka buusee ibseera. Qorichi kan dukkubsattoonni liqimsanii dhukkuba isaanii irraa ittiin fayyanidha. Kanaafuu ergaan walaloo kanaa qeerroon osoma cunqurfamuu yookiin sarbamuu kan miidhamtootaaf dhaabbatufi lolu ta’uu isaati. Akkasumas sagalee uummataa ta’ee kan dubbatuufi mirga isaaf falmatudha. As keessatti qeerroon dhugumaan arraba ta’ee dubbata osoo hin ta’iin bakka uummataa bu’ee ni falma jechuu barbaadeeti. Kanaafuu walaloo kana keessatti gaaleen qeerroo jechuun qoricha, abdiifi arraba ta’ee kan jedhan iddoosa yookiin bakkasa agarsiisu. Qeerroon bakka qorichaafi arrabaa bu’ee ibsamee jira jechuudha.

Fakk.2

Qeerroo jechuun eeboodha

Qeerroo jechuun gaachana.. (f.10)

As keessatti qeerroon eeboo ta’ee ibsamee jira; akkasumas qeerroon gaachana ta’ee mul’ateera. Eeboo jechuun sibiila qara qabu kan diina ittiin waraananidha; Gaachanni immoo meeshaa lolaa kan ittiin waan nama waraanu of irraa ittiin deebisanidha. Kanaafuu waloon qeerroo iddoo

eeboofi gaachanaa buusee ergaa inni dabarse qeerroon abdii hawaasaa ta'uufi hawaasa isaaf kan dhaabbatu yookiin lolu jechuudha. As keessatti eeboofi gaachanni qeerroo ibsuuf kan galan yommuu ta'u, isaanis ergaan dabarfamuu barbaadame bifa suurqalbii dubbisaa hawwatuun akka darbu godhanii jiru jechuudha.

Fakk 3

Inni tokko onneedha

Inni kaanimmoo tiruu

Faayidaa kan hin qabne

Oromoo keessa hin jiru

yoo tokko utubaa ta'e

tokko dagalee ta'a

yoo tokko ukkaamame

tokko sagalee ta'a (f. 54)

Walaloo armaan olii keessaatti onnee,tiruu kan jedhan iddoo dhala namaa bu'uudhaan kan dhihaatanidha. Akkasumas Oromoon utubaa, dagaleefi sagalee ta'uudhaan dhihaate jira. Kunis Oromoon akkuma onneefi tiruu faayidaa akka qabuufi yoo tokko rakkate yookiin miidhame inni kaan kan birmatuufi ta'uu isaa ibsuu barbaadeeti. Kanaafuu waloon walaloo kana keessatti mala dubbii iddoosa gargaaramuun Oromoo bakka onneefi tiruu buusuun ergaa isaa cimsee dabarsee jira. Walaloo armaan olii keessatti utubaafi dagalee kanneen jedhu Oromoon akkuma isaanii wal malee dhaabbachuu akka hin dandeenye ibsuufidha. Utubaafi dagaleen walitti dhufanii tokko ta'anii mana ijaaru. Oromoonis akkuma isaanii tokkummaan biyya ijaara yookiin bilisoomsa kan jedhudha. Dabalataanis Oromoon iddoo sagalee buusuun isaa immoo waliif dubbachuu, rakkoo isa tokkof inni biraan furmaata ta'uu isaanii agarsiisuufidha.

Fakk.4

Qeerransa baddaa baalee

Goota lapheen sibiilaa

Inni ijaan si ilaale

Gaaddidduuma kee jiila (f. 62)

Walaloon kun mata duree hin du'u kaayyoonkee kan jedhu keessaa kan fudhatame yommuu ta'u, dhala namaa iddoo Qeerransaa buusee ibsee jira; akkasumas gootummaa isaa ibsuu immoo laphee isaa iddoo sibiilaa buusuun addeesseera. As keessatti dhala namaa kana gootummaa isaa ibsuuf yookiin cimina isaa ibsuudhaaf waloon iddoo qeerransaa buusee, laphee isaa immoo sibiilaan bakka buusee ibsuun isaa qeerransi yoo tuqan kan nama irraa hin deebinedha, sibiillis waan hunda irraa kan hin gorre, kan itti qaban kan kutudha. Kanaafuu gootni sodaa kan hin qabneefi sodaachisaa ta'uu isaa mala kana gargaaramee ibse. Innis gootni qeerransaan bakka bu'ee sammuu dubbisaa keessatti ergichi akka hafuuf gahee olaanaa qaba.

Fakk.5

Dhonboriin mataa dhooftee

Galchite boolla sirrii

Duuti hin ooltuuf duutekaa

Aliyyii korma cirrii! (f.62)

Walaloon kunis mata duree hin du'u kaayyoon kee jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta'uu, mala dubbii iddoosa gargaaramee jira. Gaaleen xumuraa Aliyyii korma cirrii jedhu, Aliyyii cirrii goota beekamaa uummata Oromoof qabsaa'aa ture yommuu ta'u, diinota Oromoo kan turan qolachaa kan ture ta'uu isaa ibsuuf korma cirri bakka buusee jira. Korma jechuun dibicha goobe kan hin tumamiin, kan yeroo mara sangootaafi korma kan biroo loluun mo'achuutti beekamudha. Kormi kun halkan yoo bineensi horiitti dhufellee boorratee, bookkisee bineensa sodaachisuun loon biraa irraa kan deebisu yookiin abbaa horii kan dammaksudha. Kanaafuu waloon kun Alliyyii iddoo korma cirrii kanaa buusuudhaan ergaa cimaa dabarsee jira. Innis ergaan walalichaa sammuu isaanii keessatti akka hafuuf ni gargaara jechuudha.

Fakk.6

Qara arrabaatiin cirtee

Marga lafaa gogsita

Ofiikee dhoqqee baattee

Dhiqadhaa nu gorsita…...(f. 27)

Walaloon kanaa olii kun mala dubbii iddoosa gargaaramuun kan barreeffamedha. Sababiin isaas as keessaatti arrabni iddoo sibiilaa buufamee marga ciree akka goksutti ibsamee jira. Haa ta'u malee Oromoon "arrabmi nama tokko tokkoo marga jiidhaa gogsa" jedha. Kana jechuun immoo abaaree nama balleessa jechuudha. Walaloo kana keessatti garuu waloon mala kana kan gargaarameef sobaan dhugaa balleessita, kan jedhu dabarsuu barbaadeeti. Akkasumas ofiin yakka hojjechaa yakka irraa fagaadhaa namaan jetta kan jedhudha. Ergaa kana dabarsuudhaaf waloon mala kana filatee bifa sammuu dubbisaa keessatti suura uumuu danda'uun barreessee dhiheesse.

**4.1.4.Nameessaa**

Nameessuun waanta namarraan adda ta'e tokko lubbuu qabeeyyii yookiin lubbuu maleeyyii biroof amala namni qabu gonfachiisuudha. Yaada kana bu'uura godhachuun ogwalaloo miila kaayyoo keessatti waloon mala kana akkamiin akka gargaaramee barreesseefi ergaa maalii dabarsuuf akka barreesse kana gaditti qaacceffamaniiru.

Fakk.1

(Kobbee koo)

Hiitoo sammuu koo dhoostee

Waraqaarratti naqxa

Barruu qubeen haxooftee

Imimmaan koo naaf haqxa….(f. 1)

Walaloo kanaan olii keessatti malli dubbii waloon gargaaramee barreesse nameessuudha. Nameessuun akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen amala namni qabu waantota biroof gonfachiisuudhaan akka namaatti dubbachiisuu, nyaachisuu, obaasuu, gaddisiisuu, gammachiisuu fi waan namni dalagu dalagsiisuudha. Kanaafuu buufata walaloo kana keessatti kobbeen yookiin qalamni amala namaa gonfachuudhaan akka barruu namaa haxooftee, imimmaan namaa haqxu taasifamee jira. Kun immoo waloon mala kanaan fayyadamee ergaa

kobbeen waan sammuu barreessaa keessa jiru baastee waraqaa irratti barreessuun aariifi gadda inni qabu irraa kan isa boqochiiftu ta'uu isaati. Kobbeen lubbuu maleeyyii keessaa isa tokkodha. Kanaaf waloon ergaa dabarsuu barbaade bifa humna qabuun sammuu dubbisa keessatti akka hafuuf lubbuu maleessa nameessuun dhiheesse.

Fakk. 2

(Bineensa firoomfadhuu)

Tarii karkarroon illee

Dhugaakoo naaf hubataa?

Ollaasaatti galuuree

Deemee gaara mul'ataa?

Weenniin tulluu walaliifi

Arbi Baabbillee keessaa

Tarii imimmaan koo kana

Barruu isaatti naaf qeensaa? (f. 29)

Walaloo kana keessattis dhugaa namaa kan namaaf hubatu namadha malee bineensi dhugaa hubachuu hindanda'u. Akkasumas imimmaan namaa barruu isaatiin kan namaaf haqu namadha malee Arbiifi Weenniin amala akkasii hin qabani. Kanaafuu as keessatti waloon mala nameessuu kana gargaaramee ergaa cimaa dabarseera. Innis namni nama ta'ee erga rakkoo namaa hubachuu hin dandeenyee namarra bineensa hin wayyuu? Yaada jedhudha. Dabalataanis akkuma Oromoon "ollaafi dugdaan lafaa ka'u" jedhu, erga ollaanfi finni ofii rakkoo namaa hubachuu dadhabee ormattii baqachuu wayya kan jedhudha. Karkarroon bineensa bosonaa oomisha namaa nama jalaa nyaatu dha. Waloon kun nama irra karkarroodhuma wayya jechuu barbaadeeti. Ergaan isaas sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf shoora guddaa taphata.

Fakk. 3

Abidda dibame keessaa

Mukukkulli yoo dhaame

Jinniin afaan saaqqatee

Maqaa namaa yoo waame (f. 31)

Walaloo kana olii keessatti gaaleen jinniin afaan saaqqatee maqaa namaa yoo waame jedhu kun seexanaaf amala namaa kennuudhaan akka namaatti dubbachiisaa jira. Kanaafuu mala dubbii nameessuu gargaaramee jira jechuudha. Ergaan waloon buufata walaloo kana keessatti dabarsuu barbaade waanti barbaade yoo ta'eyyu kaayyoo keenya hin jijjiirru kan jedhudha. Haa ta'uu malee ergaa kana cimsee dabarsuuf akkasumas ergichi sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf mala kana gargaarame jira.

Fakk. 4

(Hin jijjiiru)

Dhagaan qoricha dhabee

Dhukkubsatee yoo du'e

Urjiin samiirraa cite

Boolla keessa yoo bu'e..(f.31)

Dhagaan dhagaadha. Lubbuus hin qabu, dhukkubsachuus hin danda'u, dhukkubsatees qoricha hin liqimsu. Amala kana kan qabu namadha. Kunis namoonni tokko tokko dhukkubsatanii yaalii adda addaa osoo hin argatiin du'uu ni dada'u. As keessatti garuu dhagaa amala namaa kana gonfachiisuun ergaan dabarfamee jira. Lafa kanarra waanti dhagaa caalaa jabaatu hin jiru jedhama. Kanaafuu waloon kun osoma dhagaan dhukkubsatee du'eyyuu kaayyoo koo hin jijjiiru yaada jedhu qaba. Ergaan walaloo kana keessatti dabarfames waanti fedhe nurratti ta'us kaayyoo qabannee kaane hin jijjiiru kan jedhudha.

Fakk.5

Yoo baay'ina hin qabaanne

Bubbeen fagoo nu geessa

Mo'achuus hin dandeenyu

Dhiibbaafi dhiittaa qilleensaa...(f. 55)

Walaloon kun nameessa of keessaa qaba. Bubbeen amala namaa gonfachuun takkaa dhiibbaa namarratti godha, takkaa immoo nama dhiita. Qilleensi as keessatti oduu sobaan sirnootaafi namoota Oromoo irratti hacuuccaa geessisaa turaniifi ammas jiran bakka bu'a. Kanaaf dhiibbaa isaan Oromoo irraan gahaniifi dhiitichaa isaanii keessaa bahuuf tokkummaa qabaachuu qabna kan jedhudha. Ergaan kun bifa suuraan sammuu dubbisaa keessatti akka hubatamuuf waloon mala kana gargaaramee jira.

**4.1.5.Ate(hin jirree dubbisuu)**

Ateen waan nama bira hin jirre tokko akka waan nama bira jiruutti waliin haasa'uu yookiin waliin dubbii geggeessuudha. Mala dubbii kana keessatti qaamni deebii kennu hin jiru, haa ta'u malee akka waan deebii argatuutti gaaffii gaafachuun yaada qabu itti himuun waliin dubbii kan taasisudha. Malleen dubbii kana keessatti kan itti dubbatan sun waanta nama bira hin jirreefi kan nama dhagahee deebii namaaf deebisuu hin dandeenyedha. Kanuma irratti hundaa'uun malli dubbii kun ogwalaloo *Miila Kaayyoo* keessaa haala armaan gadiin qaacceffameera.

Fakk.1

Naafis barri darbee

Yoo yeroon fagaatu

Hin argiin hin hafu

Akkuma ati taatu

Walitti nu haa fidu

Waaqni inni hiree laatu

Ana abiddaan deemuufi

Si'ii cidii baatu!...(f. 6)

Walaloo kana keessatti waloon namoota lama akka waan wal bira jiraniifi waldhaggeeffataniitti anaafi si'i jechuudhaan waliin dudubbisaa ergaa barbaade dabarsee jira. Malli kun immoo atee yookiin hin jirree dubbisuu bakka bu'a. As keessatti qaamoleen waliin haasa'an waan wal bira jiran fakkaatu garuu wal bira hin jirani. Ergaan walaloo kanaas akkuma amma na gubde yookiin na aarsite guyyaa rabbi jedhe immoo dabaree koo si gubuun koo hin oolu yaada jedhudha. Kana

yemmu jedhu waloon jarreen aangootti gargaaramanii uummata oromoo cunqursaa turaniif kan barreesse yoo ta'u, guyyaa rabbi jedhe immoo Oromoon aangoo irra akka bahu quba qabsiisuu isaati. Keesumaa gaaleen ana ibiddaan deemu si'i cidii baatu! Kan jedhu kun sammuu dubbisaa keessatti miira uumuun akka ergichi yaada dubbisaa keessa deddeebi'u godha.

Fakk.2

Sin jaalladha atuu beekta

Anis maalan dhokfadhaa

Mee takkaa na dhaga'i

Waa xiqqoon si gorfadha

Liqii ollaarraa funaanee

Akka hin hafne booreetti

Utuu Buraayyuu jirtuu

Na hin beellamiin Booleetti…(f.17)

Walaloo armaan olii keessatti bamaqaalee si, atuu, anis, ana kan jedhan gargaaramuudhaan waloon akka waan wal bira dhaabbataniitti waliin haasofsiisaa ergaa barbaade dabarsee jira. Ergaan buufata walaloo kanaa ilmaan Oromoo jarreen taayitaa qaban garuu Oromoo irratti hojjetaniif barreeffame. Innis Oromoon sin jaallata isinuu beektu garuu sobaan nu hin miidhiinaa yookiin nu balleessinaa kan jedhu of keessaa qaba. As keessatti qaamni itti dubbatamu hin beekamu garuu akka waan dhagahuutti itti dubbatamaa jira. Kun immoo ateessuu jedhama. Kanaafuu mala ate gargaaramuun ergaa dabarsuu barbaade bifa suurqalbii namaa hawwatuun dabarsee jira.

Fakk. 3

Moroda jibbaarratti

Qaratanii haaduu

Balleessaa ati hin qabneef

Gumaa si barbaaduu?

Utuu dhiigni cite

Si keessaa coccobuu

Bishaani jedhanii

Jechaan si sossobuu?…(f. 39)

Walaloo armaan olii keessatti waloon mala dubbii atee gargaaramee barreesseera. Kunis akka nama walbira dhaabbatee waliin haasa'uufi gaaffii wal gaafatuutti waliin dubbachiisee, gaaffii gaafachiisee dhiheessuu isaati. Waloon kun mala kana gargaarmee ergaa balleessaa tokko malee lammiin yookiin firri kee osoo dhumuu hin duune jedhanii afaaniin haasa'uu? Yaada jedhu dabarsuu barbaadeeti. Garuu immoo qaamni itti dubbatamaa jiru eenyu akka ta'e adda baafamee hin beekamu. As keesatti si,ati jedhee kan inni gargaarame kun nama miidhame yookiin immoo nama lammiin isaa miidhame dhaabachiisee ittiin dudubbachaa kan jirudha. Kun immoo malleen dubbii keessaa mala atetti dhimma bahuu isaati.

Fakk.4

Sababuma hin beekneef

Of si jibbisiisaa?

gumgumi siin jedha

Moo si iyyisiisaa?

Waanuma namni dubbatu

Hunduu sitti hadhaa'aa?

Saanduuqa reeffatu

Yaada keerra taa'aa?..(f. 77)

Buufata walaloo armaan olii keessatti waloon akka nama gaaffii gaafatee deebii eeguutti mala dubbii atee yookiin hin jirree dubbisuutti gargaaramee jira. Innis of si jibbisiisaa?,moo si iyyisiisaa, …..jechaa gaaleen walaloo hunduu gaaffiidhaan xumurame. Qaamni itti dubbatamaa jiru kan dhaggeefatee debii kennu garuu hin jiru.Ergaan walaloo kanaas yaadni namni yaadni isaa jibbaafi xiqiidhaan qabamee jiru yeroo mara waan namni hojjete itti hin tolu waan ta'eef

ajjeesuufi balleessuu qofa yaada. Namni nama ajjeesu immoo abjuudhaan jeeqamaafi gumgumaa bula. Malli kun immoo ergichi sirritti akka hubatamu taasisa jechuudha.

Fakk.5

Isa ati reefu argite

An bardheengaddaan arge.

Atoo ofiifuu furmaataaf

ganda namaarra fiigda

anaaf furmaata kennuuf

maaf dhamaata maaf fiigdaa?..(f.91)

Walaloo armaan olii keessattis malli dubbii waloon itti gargaarame ateedha. Sababiin isaatiis namoota qaamaan hin mul'anne lamatu ati,an,atoo,kanneen jedhan gargaaramuun waliin waan haasa'an fakkaata. Ateenis waan nama bira hin jirre akka waan nama bira jiruutti itti dubbachuudha. Kanaafuu waloon mala kana gargaaramee ergaa inni dabarsee jiru namni ofiif furmaata hin qabne namaaf yookiin biyyaaf furmaata hin kennu kan jedhudha.

Fakk.6

Icciitiif si amanee

Sitti himee waan garaakoo

Miiltoon si taasifadhe

Kan naaf tolchu karaakoo.

Garuu ati,

Abootteedhaan rukkuttee

Urjii harcaasuu yaalta

Yommuu inni awwaara kaasu

Dhaabattee bubbee ilaalta……(f.100)

Walaloo armaan olii keessatti qaamni lama akka waan miiltoo walii turanii, kan icciitii walii beekan wal bira dhaabee akka isaan waliin dubbatan godhee ati, ani jechisiisaa yaada isaanii akka waliif qoodaniif waloon ofii isaan mala atee yookiin hin jirree dubbisuu gargaaramee barreessee jira. As keessatti qaamni deebii kennu hin jiru; garuu immoo akka waan dhagahuutti itti dubbatamaa jira. Kunis dhugaa hawaasa keessa jiru baasee mul'isuuf mala kana kan gargaarame yoo ta'u, ergaan inni dabarses fira fakkaatanii namoonni nama jala galuudhaan erga icciitii namaa baranii deebisanii namoota walitti buusuun yeroo isaan walloolan dhaabatanii ilaalu ergaa jedhu of keessaa qaba. Karaa gabaabaatiin basaassituun sobaan nama walitti buustee dhaabbattee ilaalti kan jedhudha.

Fakk.7

Ani siif fira keeti

Atis immoo anaaf fira

Waluma keenya malee

Maal qabna amma kan biraa?…(f.1011)

Walaloo armaan olii keessatti ani siif fira keeti, atis immoo aaaf fira kan jedhan kun namoota walbira dhaabbatanii waliin haasa'an agarsiisa. Namoonni kun immoo namoota finna walii ta'an yookiin dhiiga tokko ta'an, kan qabeenya waliin qaban bakka bu'uudhaan dhihaatanii jiru. Kun immoo namoonni kun qaamaan walbira dhaabbatanii waliin dubbachaa jiru osoo hin taane waan hawaasa keessatti mul'atu ifa baasee agarsiisuuf waloon mala dubbii kanatti gargaaramee kan barreessee jira. Malli dubbii kunis atee yoo ta'u, ergaan walaloo kanaas nuyi tokkodha garuu yeroo ammaa waluma malee hoomaa hin qabnu yookiin waanuma harkaa qabnu malee kan biraa nurraa fdhataniiru kan jedhu dabarsuu barbaadeeti.

### 4.1.6. Eyemitii

Eyemitiin akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsamuuf yaalameen waantota waliif faallaa ta'an lama altokkotti itti gargaaramuun ergaa tokko dabarsuuf kan itti gargaaramudha. Kunis haala kanaan gadiin qaacceffameera.

Fakk.1

Gowwaafi amala isaa…

Qalbiinsaa shaakarraa'ee

Ni ilaala-hin argu…..(f.58)

Walaloo armaan olii keessatti waantota waliif faallaa ta'an lama waliin galanii ergaa tokko akka dabarsan taasifamanii jiru. Kunis amala gowwaa ibsuuf gaaleen ni ilaala jedhuufi hin argu jedhu walfaana galaniiru. Akka beekamutti namni ilaalu tokko ni arga jechuudha. Haa ta'u malee gaaleen ni ilaala-hin argu jedhan mala eeyemitii gargaaramuun kan barreeffaman yoo ta'u, ergaan isaan dabarsuuf as keessatti galanis: gowwaan qalbii yookiin yaada hin qabu waan ilaalu fakkaata malee yaadni isaa achi hin jiru kan jedhudha.

Fakk.2

Bitaacha'aa dubbii..

Waan argeefi waan darbe

Silaa maaltu yaadata….

Ergaramee dhufee

Ergachuuf dhaadata…(f.86)

Walaloon kanaan olii mata duree bitaacha'aa dubbii jedhu keessaa kan fudhatame too ta'u mala dubbii eeye mitiin kan barreeffamedha. Sababiin isaas ergaramee dhufee ergachuuf dhaadata kan jedhu waantota faallaa walii ta'anii ergaa tokko dabarsuuf wal wajjin hariiranidha. Kunis ergaramee kan dhufe jechuun rakkatee mana namaa galee hojjechuuf kan dhufe jechuudha. Haa ta'u malee akka ibsametti ergamuuf kan dhufetu faallaa kanaan ergachuuf dhaadata kan jedhudha. Ergaan as keessatti dabarfame dubbiin galagaltoo yookiin faallaa ta'e, ergaramanii dhufanii nu ergachuu barbaadu kan jedhudha.

Fakk.3

Waa'ee dhala namaa

Yoo itti siiqan achi dhiibaa

Yoo irraa siiqan harkisaadha

Gaarummaattis-hamminattis

Dhalli namaa rakkisaadha…(f.99)

Walaloo asiin olii keessatti waloon mala dubbii eeyemitii gargaaramee kan barreessedha. Kunis yoo itti siiqan achi dhiiba, yoo irraa siiqan harkisaadha gaaleen jedhuufi gaarummaattis hamminattis dhalli namaa rakkisaadha kanneen jedhan waantota waliif faallaa ta’an altokkotti ergaa tokko dabarsuuf galanii jiru. Kanaafuu as keessatti eeyye yookiin miti jechuun kan hin danda’amnedha. Sababni isaas eeyyeefi mitii waloon altokkotti amala dhala namaa ibsuuf gargaaramee jira. Ergaan dabarfamee jirus dhalli namaa hin amanamu amala jijjiiramu qaba kan jedhudha.

Fakk.4

Si haa fayyisu

Soba keetiin suuqa loota

Bara beelaa quufa goota

Nutti himta guddachuu biyyaa

Rakkadhe jedhees situ iyya..(f.106)

Walaloon kun mata duree si haa fayyisu jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta’u, mala eeyemitiin kan barreeffamedha. As keessatti waantota waliif faallaa ta’antu ergaa tokko ibsuuf galanii jiru. Kunis bara beelaa quufa goota kan jedhu jechoota waliif faallaa ‘quufa’fi ‘beela’ergaa tokko akka dabarsaniif waliin hiriiranii jiru. Akkasums gaaleen nutti himta guddachuu biyyaa jedhuufi rakkadhe jedhees situ iyya jedhu waan walfaallessanidha.Sababiin isaas guddina biyyaas rakkinas kan himaa jiru bamuma tokko waan ta’eef malli kun mala eeyemitiin kan ibsamedha. Waloon mala kana kan gargaarameefis ergaa sobduutu dhokatee nu jeeqaa jira kan jedhu dabarsuu barbaadeeti. Malli kun immoo ergaan dabarsamuu barbaadame kun bifa suurqalbii dubbisaa hawwachuu danda’uufi ciminaan akka darbuuf gahee cimaa taphatee jira.

#### 4.1.7. Arbeessuu/gurra guddisuu/

Arbeessuun akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsameen waanta tokko dhugaa jiru irraa garmalee olkaasuudhaan yookiin guddisuudhaan ibsuudha. As keessatti waa'ee waan ibsamu tokkoo dhugaan xiqqoon jirti garuu dhugaa kana garmalee olkaasuudhaan yookiin ho'isuudhaan ibsuudha.

Fakk.1

Hiyyeessa rakkataa

Nama ganda keenyaa

Oduu du'a isaallee

Torbeetti dhageenya….(f. 24)

Walaloo kana keessattis waloon mala dubbii arbeessuu gargaaramee barreessee jira. Kunis namni yommuu du'u naannoon kan dhagahu gaafuma sanadha. Yoo ta'uu baates bulee dhagaha.As keessatti garuu du'a hiyyeessa ganda keenyaa torbanitti dhageenya kan jedhu kun olkaasanii ibsuudha. Ergaan waloon dabarsuuf mala kana gargaarame ganda keenyatti sooressumatu maqaa qaba malee hiyyeessa namni dhaggeeffatu yookiin dhagahu hin jiru kan jedhu yoo ta'u, ergaa kana cimsee dabarsuuf mala kanatti gargaaramee barreesse. Kun immoo ergichi sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf gahee guddaa taphata.

Fakk. 2

Baaburri wal qabatee

Inni boodaafi duraa

Hojii guyyaa digdamaa

Gaaf tokkotti xumura…..(f. 49)

Walaloo armaan olii keessatti malli dubbii itti gargaaramee barreeffame arbeessuudha. Sababiin isaas baaburri wal qabatee yookiin wal harkisee hojii guyyaa lamaa gaaf tokkotti xumuxuu danda'a malee hojii guyyaa digdamaa gaaf tokkotti xumuruu hin danda'u. Kanaafuu waloon mala dubbii kana kan gargaarameefis ergaa dabarsuu barbaade cimsee hubachiisuufidha. Ergichis waa'ee baaburaa osoo hin ta'iin tokkummaa yoo qabaanne yookiin harka yoo

walqabanne waan barbaanne gochuu dandeenya kan jedhudha. As keessatti malli dubbii kun ergaan walaloo kanaa sammuu dubbisaa keessatti suura uumuun yeroo dheeraaf akka turu gochuu irratti faayidaa guddaa qaba.

Fakk.3

Burqaa tokko barbaacha

Laga shantama ceha

Waanta addaatu hundumaan

Qulqulluudhuma se'a.

Gowwaan …………

Tumaalessa abbaa qaluuf

Aalbee shantama qara…(f.58)

Buufata walaloo armaan olii keessatti gaaleen burqaa tokko barbaacha laga shantama ceha, tumaalessa abbaa qaluuf aalbee shantama qara, akka aduun baatee turte erga dhiheeti bara jedhan kun mala dubbii arbeessuun kan ibsamanidha. Sababiin isaatiis gowwaan amma fedhe gowwoomus tumaalessa tokko qaluuf aalbee shantama hin qaru. Kun gowwummaa sana guddisaanii yookiin cimsanii ibsuuf mala gargaaramedha. Akkasumas gowwaan aduun bahuu ishee irga dhihee bara kan jedhu kunis gowwummaa sana arbeessanii ibsuudha malee dhugaa mul'atu miti. Malli kun as keessatti hojii gowwaa ibsuuf kan gale yoo ta'u, ergaa walaloo kanaa hubachiisuuf gahee guddaa taphateera. Ergaan walaloo kanaas gowwoonni goota tokko ajjeesuuf yookiin qabuuf yeroo hedduu odeessu yookiin basaassu kan jedhuufi akka guyyaan jijjiiramu yookiin bilisummaan dhufu gaafa guyyaan itti dhume argu malee bilisummaan waan dhufu hin se'an kan jedhudha.

Fakk.4

Baatee deemte yoon jedhu

Deebitee diinqa dhufta

Gufuun lafa hin jirretti

Shan kaatee-sagal kufta.…(f. 100)

Buufata walaloo kanaan olii keessatti gufuu lafa hin jirretti shan kaatee sagal kufta kan jedhu kun mala dubbii arbeessuudha. Innis namni gufuun osoo isa hi dhahiin shan ka’ee sagal kufu hin jiru. Sababiin isaas kan inni ka’ee dhaabbate shan qofa akkamitti sagal kufaa? Kanaafuu kun dhugaa xiqqoo jirtu guddisee ibsuuf waloon mala kanatti gargaaramee jira. Ergaan walaloo kanaas waanuma hin jirre isa jiru fakkeessitee deddeebitee sobda kan jedhu dha.

Fakk.5

Si haa fayyisu

Gosa arrabaa sagal qabda

Oduun dhibnaan ni gaggabda….(f.106)

Walaloo armaan olii kana waloon mala dubbii arbeessuu yookiin gurra guddisuu gargaaramee barreesse. Sababiin isaas gaaleen arraba sagal qabda jedhuufi oduun dhibnaan ni gaggabda jedhu waan ibsuuf galan cimsanii dabarsuuf dhugaa xiqqoo garmalee olfuudhanii ibsanii jiru. Fakkeenyaaf gosa arrabaa sagal qabda kn jedhu kun waan dhalli namaa qabaachuu hin dandeenyedha. As keessatti ergaan dabarfame haasaa (oduu dandeessa) waan dubbatamu hunda keessaa hin dhibdu kan jedhu yoo ta’u,ergaa kana cimsee dabarsuuf waloon arraba gargaaramuun dhugaa jiru irraa olguddisee ibsee jira. Kanaafuu waloon mala arbeessuu gargaaramuun ibsee jira.

**4.1.8.Tuksee (Wabiilee alaa )/Allusion/xternal reference)**

Tukseen gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta’ee waa’ee waanta darbe tokkoo kaasee kan odeessu yookiin waanta dur raawwatamee darbe har’a kaasee han haasa’udha. Maalli kun seenaa adda addaa, taatee dur ta’ee darbefi kkf kaasee kan addeessudha. Unkaan walaloo waan hedduu ibsuuf mijataa waan hintaaneef, waloon dhimma isaa warri hubachuu danda’an akka hubatan, warri hindandeenye moo seenaa refer akka godhan kan itti affeerudha. Kanaafuu, seenadhaan taatee, nama, iddoo beekamaa kkf waloon caqasee qofa kan bira darbuudha. Haaluma kanaan ogwalaloo miila kaayyoo keessatti waloon mala kana haala akkamiin akka gargaaramee barreesse haala armaan gadiin qaaccffameera.

Fakk. 1

Nutoo warra seenaati

Seenaa nama gaafannaa?

Har'a gamoo taatuyyuu

Dur loon sitti yaafanna!..(f.5)

Tukseen waan yeroo darbe yookin dur raawwatame tokko kaasanii haasa'uu ilaallata. Kanaafuu walaloo armaan olii kana keessatti nutoo warra seenaati kan jedhu seenaa Oromoon durii kaasee qabu ibsuu barbaadeeti. Akkasumas har'a gamoo taatuyyu dur loon sitti yaafanna kan jedhus waa'ee magaalaa Finfinnee durii fi har'a kaasuun, Finfinneen dur kan Oromoo ta'uu hubachiisuu barbaadeeti. Ergaan walaloo kanaas Finfinneen har'a saba biraan saamamtuyyu dur kan Oomooti, Oromootu loon itti bobbaasa kan jedhudha.

Fakk.2

Yommuu safuun jiru

Bara durii sana

Kan diidaa dhufu hunduu

Balbalaan olgala..(f.83)

Walaloo kanaan olii keessatti waa'ee bara durii kaasuudhaan bara durii safuun jiraachuu isaa, namni hunduu safuu Oromoo waan kabajuuf karaa boroo yookiin dhokatee namatti hin dhufu kan jedhu ibsamee jira. Kun immoo mala dubbii tuksee bakka bu'a. Sababiin isaas waloon ergaa dabarsuu barbaade cimsee dabarfachuuf jecha waa'ee durii kaasee waan ibseefidha. Ergaan walaloo kanaas yeroo ammaa safuun Oromoo cabee namni hunduu akka hattuu boroodhaan namatti dhufa dur garuu namni dhufu kamuu aadaafi safuu hawaasaa eegee jiraata kan jedhudha. Yaada kana keessatti waloon namni yeroo ammaa iftoomina hin qabu, nama gaada kan jedhu ibsuu barbaadeeti.

Fakk.3

Seenaa darbe iyyaafadhaa

Dacheen nu beekti duruu

Bakka oromoon hin jirre

Warqeefi meetiin hin jiru!..(f.90)

Walaloo kana olii keessatti waa'ee seenaa Oromoo durii kaasee haasa'uudhaan waloon ergaa barbaadu dabarsee jira. Kun immoo mala dubbii tukseedha. Ergaan inni as keessatti dabarsuu barbaades har'a dhiisaatii duruu Oromoofi dacheen Oromiyaa warqeedhaan badhaatuudha kan jedhudha. Kanas mala tuksee fayyadamuun seenaa Oromoo durii bira qabee kan har'aa ibsuuf akeekeeti. Kanaafuu malli dubbii kun akka ergaan walaloo kanaa irra caalaa hubatamuuf jecha dubbistoota isaa wabii alaa akka gargaaraman karaa itti agarsiisa.

Fakk.4

Oromoon inni durii

Gamtaafi jaalala qaba

Cabni Agariifi Maammoo

Husen buleefis caba.…..(f. 112)

Walaloo kana keessatti waloon waa'ee Oromoo durii kaasee ibsee jira. Kunis Oromoon durii gamtaa qabaachuu,jaalala qabaachuufi cabni isa tokkoo kan isa biraa ta'uu ibsee jira. Sirnoota darban keessatti Oromoon hacuucamaafi cunqurfamaa akka ture beekamaadha. Haa ta'u malee dhiibbaafi dhiittaa halagaa hin fudhannu jedhanii gootota saba isaaniif qabsaa'aa turan keessaa kan akka Hagarii Tulluu, Maammoo Waldeefi Huseen Bulee isaan tokkodha. Walaloon kunis waa'ee gootota kanaa kan ibsuufi haalan kamiin akka walirratti birmachaa turan kan addeessudha. As keessatti gootonni Oromoo durii rakkina walii kan hubataniifi waliin kan jiraatan ta'uu addeeffameera. Kun immoo mala dubbii tuksee bakka bu'a. Sababiin isaas waan darbe tuttuqee ibsuun kan nama yaadachiisu mala dubbii tuksee akka ta'e boqonnaa lammaffaa keessatti ibsamee jira. Kanaafuu waloon waa'ee Oromoo durii kaasee hubachiisuun isaa immoo ergaa Oromooon dur gamtaan jiraata rakkoo walii beekee wal gargaara Oromoon ammaa immoo caba waliitti kolfa, waljibba, tokkummaas hin qabu kan jedhudha.

Fakk.5

Oromoon inni durii

Oromoon inni qaataa

Ofiisaa hagabuu bulee

Waliif sukkuumee laata…(f.112)

Walaloo armaan olii keessatti Oromoon inni durii, Oromoon inni qaataa kan jedhu wan darbe yaadachiisuudhaan waa'ee Oromoo durii maal akka fakkaatan kaasee nutti himaa jira. Kun immoo tuksee jedhama. Kanaafuu ergaan walaloo kanaa Oromoon dur nama nyaachisee ofii hagabuu bula kan ammaa garuu faallaa kanaati yaada jedhu qaba. Sababiin isaas waa'ee isaa durii kaasuun waloo kanaa kan har'aa ibsuu barbaadeeti waan ta'eef. Kun immoo isa durii bira qabee sammuu dubbisaa keessatti Oromoo durii kalaquudhaan ergaa isaa akka dabarfatu isa gargaaree jira jechuudha. Kunis Oromoon ammaa ofittoo kan waliif hin yaadne akka ta'e waloon mala kana gargaaramee addeessee jira.

Fakk.6

Dabummaan keenya miti

Abbuma isaatiif galchaa

Seenaarraa akka beeknutti

Oromoon goota dhalcha...(f.110)

Walaloo kanaan olii keessati waanti tuqamuu barbaade waa'ee seenaa Oromoo duriiti. Kunis gootummaa Oromoo durii tuqee kan biraa deebi'e yommuu ta'u, mala dubbii tuksee gargaaramee kan barreeffamedha jechuudha. Namni seenaa oromoo hin beekne tokko asirraa bal'inaan waan hubatu hin qabu. Sababiin isaas asirratti waanti ibsame seenaan Oromoon goota dhalchuu isaa akka himu qofadha. Kanaafuu waloon seenaa Oromoo tuqee kan bira darbe yoo ta'u, ergaan isaas Oromoon gootadha kan jedhudha.

**4.1.9.Mallattoo**

Malli dubbii mallatteessuu jedhamu kun akkuma boqommaa lammaffaa keessatti ibsamuuf yaalameen wanta ijaan hinmul'anne yookin waan tokko waan mul'atuun bakka buusanii mul'isuun ibsuudha. Yaaduma kana bu'uura godhachuun mala dubbii kana kitaaba Ogwalaloo Miila Kaayyoo keessatti haala kamiin akka itti dhimma bahame qaacceffameera.

Fakk. 1

Booda oolee bulee

Ollaan diina taanaan

Eeboosaa qaratee

Nu waraanuuf kaanaan

Muddamni nu qabee

Dhabnee waanta taanu

Gaachana tolfachuuf

Yommuu manaa baanu..(f.20)

Egaa walaloo armaan olii keessatti waloon mala dubbii mallattoo gargaaramee barreesseera. Sababiin isaas walaloo kana keessatti gaaleen gaachana tolfachuuf jedhu mallatteessuudha. Gaachanni meeshaa waraanaa kan uummanni Oromoo durii kaasee waraana ofirraa qolachuuf itti fayyadamaa turedha. Kanaafuu gaachanni mallattoo waraanaati jechuudha. Waloon mala kanatti gargaaramee ergaa gaafa ollaan nu waraanuuf ka'e waan ittiin ofirraa qolannu yookiin waan ittiin waraannu barbaacha manaa baanee laga seenne kan jedhudha. Karaa biraa immoo Oromoon durii kaasee qabsoof laga yookiin bosona jiraachaa waan tureef isaan immoo gaachana oromooti yaada jedhu of keessaa qaba. Kun immoo ergaan walaloo kanaa sammuu dubbisaa keessatti akka mallattaa'uuf gahee taphatee jira.

Fakk. 2

Gaaddisa odaatti yaa'ee

Marga jiidhaa cirata

Rakkoofi gaaffii isaa fidee

Manguddootatti himata.(f.47)

Walaloo kana olii keessatti malli dubbii mallatteessuun itti gargaaramee jira. Kunis gaaddisa Odaatti yaa'ee marga jiidhaa cirata kan jedhu kun mala kana bakka bu'a. Sababiin isaatiis Odaan akka aadaa Oromootti nageenyadha. Oromoon Odaa jalatti bahee rakkoo jiru karaa nagaan

hiikkata. Kanaafuu Odaan uummata Oromoo biratti mallattoo nageenyaa ta’ee kan kabaja guddaa qabudha. Waloonis mala dubbii kanatti gargaaramee ergaa Oromoon rakkoofi gaaffii qabu karaa manguddoota isaa hiikkata. Manguddoonni immoo Marga jiidhaa qabatanii Odaa jala taa’anii rakkoo uummata isaanii hiiku kan jedhudha. As keessatti margi jiidhaan illee uummata Oromoo birati mallattoo araaraafi mallattoo gammachuuti. Uummanni Oromoo yeroo rakkoon tokko uumamu marga jiidhaa barbaadee irra taa’ee rakkoo fura. Kana malees amaanaa tokko yoo namatti kennatu marga jiidhaa ciree namatti kenna. Kun immoo mallattoo kaksiisuuti. Kanaafuu margi jiidhaan uummata Oromoo biratti mallattoo adda addaa bakka bu’a.

Fakk.3

Bokkuun keenya kabaja

Siiqqeen keenyas araara

Warri gumaa dhiigaatiin

Wal ajeesuuf dhaadatu

Mallattoo araara keenyaa

Siiqqeerra hin tarkaanfatu!…(f.47)

Akkuma waloon kaase siqqeen uummata Oromoo biratti kabaja guddaa kan qabuufi mallattoo araaraati. Siiqqeen ulee qal’oo dubartoonni Oromoo qabatanii yeroo lolaafi rakkoon adda addaa uumamu bahanidha. Lolli amma fedhe jiraatus dubartiin tokko siiqqee qabattee yoo dhaqxe lolli ni dhaabbata. Kana jechuun osoo haati siinqee siinqee qabattee gidduu jirtuu ishee bira darbanii walhin dhahani. Sababiin isaas siiqqeen Oromoo biratti kabaja guddaa kan qabuufi mallattoo araaraa waan ta’eefidha. Uummanni Oromoo dubartii siiqqee qabatte hin qaxxaamuru,duras hin deemu,waan isheen gaafattes jala hin deebisu. Kun immoo durumaa kaasee beekamaa waan dhufeef dhaloota gara dhalootaatti bifuma kanaan daddarba. Waloonis mala dubbii kana gargaaramee ergaa namoonni gumaa baasuuf yookiin nama ajjeesuuf dhaadatan siiqqee bira hindarbani, siiqqeedhaan araaramu kan jedhudha.

Fakk. 4

‘Gadaa’ jechumti jedhu

‘Nagaa’jechuudha hiiknisaa….(f.47)

Hidhaa walaloo armaan olii keessatti Gadaa jechumti jedhu nagaa jechuudha hiiknisaa kan jedhu kun mallatteessuudha. Sababiin isaa gadaan uummata Oromoo biratti mallattoo dimokiraasiiti. Sirni Gadaa osoo dimokiraasii jechi jedhu hin dhufiin dura kan ture ta’ee, Oromoon aangoo karaa seeraa qabeessaan waliif dabarsaa kan turedha. Kanaafuu Oromoo birattis ta’e uummanni biroon gadaa jechuun nagaa akka ta’eefi mallattoo dimokiraasii akka ta’etti beeka. Waloonis mala kana gargaaramee ergaa gadaan dimokiraasiidha. Aangoo kan kennuufi kan fudhatu gammachuudhaan waliif kenna kan jedhu dabarsee jira.

## 4.2. QAACCESSA MALLEEN DUBBII KITAABA WALALOO *EDAS-EDANAS*

### 4.2.1. Akkasaa

Fakk.1

Harki Jawwee dhalaa kun

Akka qawweessa arfaasaa

Inni quwa’u

Akka morma ofirroo

Inni waccawu

Akka mudhii misirroo

Inni dachawu:

Akka guutuu galaanaa

Fuudhee deebisa,

Akka qilleensa bonaa

Ajjeesee kaasa

Akka tujuba gannaa

Fayyaa liqimsa….(f.40)

Walaloo armaan olii keessatti waloon waantota lama wal bira qabuudhaan bifa waldorgomsiisuun ergaa dabarsuu barbaade dabarsee jira. Kunis harka jawwee dhalaafi qawweessa arfaasaa, morma ofirroo, mudhi misirroo, guutuu galaanaa, qilleensa bonaan walbira qabuudhaan waldorgomsiisee dhiheessee jira. Walaloo kana keessatti qawweessi arfaasaa ni dheekkama, mudhii misirroo yeroo jedhu immoo kan dadacha'aa adeemu yookiin qal'oo, guutuu galaanaa jechuun kan waanuma arge walitti guuree deemu yoo fedhe deebisee baasu, qilleensi bonaa afuura nama kutee deebisee lubbuu namatti deebisa, tujuba gannaa yoo jedhus kan hunda dhoksee ofiin mul'atu jechuudha. Kanaafuu kun hundumtuu harka ibsuuf galanidha. Walumaa galatti waloon mala akkasaa gargaaramuun ergaa sirni yookiin bulchiinsi mootummaa yeroo sanaa akka barbaade kan ilmoo namaatti hojjetuufi rakkoof gidiraan cimaan akka ture ibsee jira.

Fakk.2

atee Loon

Hiddi kee akka rirmaa

Lafa keessa deema

Dameen kee bargaagee

Dhihaa 'rraa argama…(f.83)

Walaloo armaan olii keessatti waloon waantota lama walbira qabee jecha akka jedhu gargaaramee bifa waldorgomsiisuutiin kan dhiheesse yommuu ta'u, ateetee loonii rirma waliin wal dorgomsiisaa ergaa dabarsuu barbaade dabarfatee jira. Kun immoo mala dubbii akkasaa jedhamu gargaaramee jira jechuudha. Oromoon durii kaasee ayyaana ateetee kan jedhamu kabaja. Ateeteen ayyaana dubartootaatiin kan beekamu ta'ee Oromoo biratti baay'ee beekamaadha. Kanaafuu waloon as keessatti ateetee loonii kana ibsuuf rirmaan wal dorgomsiisuun dhiheesse. Ergaan inni dabarsee jirus akkuma rirmi lafa keessa deemu siinyiin kee baay'atee lafa hunda jira.

Fakk.3

Beekee hin ininjifatuu

Qomoo wallaalaani

Garaan isaa akka saree

Kan laataniif nyaataa

Sammuun akka garbaa

Lafa itti ergan kaataa

Dugdi isaa akka harree

Kan fe'etan baata…(f.140)

Walaloo armaan olii keessatti waloon mala dubbii akkasaa gargaaramee jira. Kunis garaa namaafi garaa saree,dugda isaafi dugda harree wal dorgonsiisaa yaada isaa ibsatee jira. Garaan saree waanuma argatte kan nyaattu, kan hin aarre yookiin hin dallannedha;dugdi harrees ba'aa hin filatu kanuma irra kaa'an kan baatu, nan dadhabe kan hin jennedha. Garbi immoo yeroo durii keessatti kan namoonni qabanii lafa barbaadanitti ergataniifi hojii barbaadan hojjechiisanidha. Kanaafuu waloon qomoo wallaalaa waantota kanaan wal dorgomsiisee dhiheessuudhaan ergaa jarri nuyi beekaadha ofiin jedhan Oromoon wallaalaa waan ta'eef beekee hin mo'atu jedhu yaada jedhu dabarsuu isaati. As keessatti mala dubbii kana gargaaramuun isaa ergaan inni dabarse kun sammuu dubbisaa keessatti akka hafuufi ergichi cimee akka dabarfamuuf gahee guddaa qaba.

Fakk.4

Akka baala waaqa keessaa

Bubbeen wal harkaa buttuu

Akka muka gubbee tulluu

Qilleensi ittiin taphatuu

Akka ekeraa waaqaan olii

Akka duumessa dhihaa

Biiftuun guura godhattuu

Yaanni nu burjaajja'a…..(f.151)

Walaloo kana olii keessatti akka baala waaqa keessaa, akka muka gubbee tulluu, akka ekeraa waaqaan olii, akka duumessa dhihaa kan jedhan walaloo kana keessatti burjaajja'uu yaadaa ibsuuf kan galanidha. Sababiin isaatiis gaaleewwan kunneen yaadan waldorgomsiifamuun dhihaatanii jecha akka isaa jedhuun cimsamanii ibsamanii kan jiranidha. Akka baala waaqa keessaa yommuu jedhu baalli hundee isaa irraa citee qilleensi yoo fudhee deemee samiirra naannaa'aa oola ;yaadni keenyaas akkuma kanaa nu joora jechuu isaati. Akkasumas akka ekeraa waaqaan olii kan jedhus ekeraan ayyaan dubbistuu ishee jedhanidha. Isheeniis akka waan waaqa taateetti kanneen ilaalan ni jiraatu. Kunis akkasumaan joonja'uudha jechuudha. Dabalataaniis duumessi gara galgalaa yoo buufatu biiftuu dhoksee lafa dukkaneessa. Kanaafuu akkuma jara kanaa yaadni keenya nu joonja'a jechuu barbaadeeti.  Kun immoo ergaa yaanni keenya hin boqotu oliifi gadi joora kan jedhu dabarsuudhaaf waantoota kanneeniin wal bira qabamee bifa waldrgomsiisuun dhihaatan. Malli kunis ergaan sun sammuu dubbisaa keessatti suura uumuun akka hubatamuuf gahee guddaa taphareera.

Fakk.5

Abjuun keenya infacaati

Abdiin keenya infagaatti

Akka fixeensa barii

Akka duumessa waarii….(f.151)

Hidhaa walaloo armaan olii keessatti abjuufi abdii fixeensa bariifi duumessa waariin wal dorgomsiifamee dhihaatee jira. As keessatti akka fixeensa barii kan jedhuufi akka duumessa waarii kan jedhan mala dubbii akkasaadha. Sababiin isaas waloon jecha akka jedhu gargaaramuun abdii qabuufi abjuu isaa waan biraa walbira qabee dhiheessee waan jiruufidha. Abdiifi abjuun ijaan argamuu kan hin dandeenye yoo ta'u, kan isa ibsuuf galan garuufixeensaafi duumessi ijaan argamuu kan danda'anidha. Kanaafuu waloon waanta ijaan hin mul'anne waanta ijaan mul'atuun waldorgomsiisee ergaa lubbuun keenya boqonnaa hin qabdu, abdiin nuti qabnus nurraa fagaate takkaa mul'atee takkaa dhabama; kanaafuu lubbuun keenya abdii jiraachuu hin qabdu akkuma fixeensaafi duumessaa mul'attee baduu dandeessi kan jedhu ibsee jira. Kana jechuun gabaabumatti  Oromoon mirga lubbuun jiraachuu gahaa hin qabnu kan jedhudha.

Fakk.6

Bilisummaa bilisummaa

Mi'aawaa akka dammaa….(f. 154)

Walaloo armaan olii keessatti bilisummaafi dammi mi'aayinni isaanii wal dorgomaa jiru. Kunis jecha akka jedhu gargaaramuun waloon mi'aayina bilisummaa fi dammaa walbira qabee agarsiisee jira. As keessatti kan ibsamaa jiru bilisummaan dhala namaaf barbaachisaafi kan hundarra hawwamu ta'uu isaati. Kan ibsuuf gale garuu damma yommuu ta'u,kunis dammi hunda caalaa akkuma mi'aawufi namni hedduun nyaachuuf akkuma barbaadu bilisummaanis damman walbira qabamee dhihaate. Walaloo kana keessatti waloon waan ijaan hin argamneefi harkaan hin qabamne bilisummaafi kan ijaan argamuufi harkaan qabamudanda'u dammaan wal dorgomsiisuun ergaa dabarsuu barbaade bifa suurqalbii namaa hawwatuun dabarse jira.

**4.2.2. Iddoosaa/ Bakkasaa/**

Fakk.1

Sabbati 'un kan dubartiiti

Dubartii utubaa manaa

Mana burqaa jireenyaa

Jireenya rooba bonaa

Bona masaanuu gannaa….(f.51)

Walaloo armaan olii keessatti dubartii utubaa manaa kan jedhu dubartii iddoo utumaa manaa buusee kan isheen mana baattee dhaabbattu gochuudhaan ibsee jira. Kun immoo mala dubbii iddoosa gargaarameera jechuudha. Waloon as keessatti ergaan inni dabarsuu barbaade dubartiin akkuma utubaan mana baatee dhaabbatu amala maatii ishee hunda dandeessee iddoo isaanii yaaddoftee amma dandeessetti maatii ishee walitti qabdee guddisti yookiin jiraachifti jechuu isaati. Akkasumas gaaleen 'mana burqaa jireenyaa' 'jireenya rooba bonaa' jedhan mala dubbii kana bakka bu'u. Fakkeenyaaf jireenya rooba bonaa kan jedhu keessatti jireenyi rooba bonaa bakka bu'ee jira. Rooba bonaa jechuun yeroo baay'ee caamaan turee gaafa robe immoo kan lafa

buqqisu yookiin cabbie kan roobudha. Kanaafuu jireenyis akkuma kana gaaf gaaf tolee gaaf gaaf immoo hammaata jechuu barbaadeeti.

Fakk.2

Atee Loon..

Dhiigi ilmaan kee

Dhiigi ilmaan kee soogidda

Jiruufi jireenya namaa

Isa hadhaa’e mi’eessa

Dhiigni imimmaanni kee

Dhiigni ilmaan kee ibidda

Jireenya biyya lafaa

Isa doome qaroomsa…(f. 82)

Walaloo kanaan olii keessatti gaaleen ‘dhiigi ilmaan kee soogidda’ jedhu dhiga iddoo soogiddaa buusee ibsee jira. Soogiddi faayidaan isaa waanta tokko akka mi’eessuuf itti fayyadamu. As keessati dhiigni loonii bakka soogidda kanaa bu’ee jira. Kunis namoonni wal ajjeesan akka aadaa Oromootti warra gumaa jedhamuun waamamu. Warra gumaa kanas jaarsi biyyaa bahee gidduu isaaniitti loon qalee isaan araarsa. Kanaafuu akkuma waloon ibsuuf yaale jiruufi jireenyi jibbisiisaan deebi’ee dhiiga looniin nagaan ta’a. Dabalataanis gaaleen dhiigni ilmaan kee ibidda jedhu iddoosadha. Sababiin isaas dhiiga iddoo ibiddaa busuun ibsamee waan jiruuf, ibiddi kan waan tokko gubee balleessu yookiin kan waan tokko ho’isuuf itti gargaaramanidha. Sibiilli doome ibidda keessa kaa’amee karama. As keessattis karaa alkallattiin kan dabarfamuu barbaadame dhiigni ilmaan Oromoo qabsoo keessatti dhangalaaseen Ithoophiyaan qaroomte, bilisoomte kanjedhudha. Kanaafuu walaloo armaan olii mala dubbii iddoosa gargaaramee jira jechuudha.

Fakk.3

Addunyaan biyyeedha

Silaa hammaaramee hin dhumu…(f. 92)

Walaloo armaan olii keessatti Addunyaan iddoo biyyee buufamee yookiin biyyee tahee dhiyaatee jira. Kun immoo iddoosa yookiin bakkasaa jedhama. As keessatti waloon ergaa waanti Addunyaa kanarraa himamee hin dhumu jedhu dabrsuuf biyyee gargaarame. Biyyeen hammaaramee yookiin lakkaa'amee dhumuu kan hin dandeenyedha. Kanaafuu Addunyaa iddoo biyyee buusee ibsuun ergaa uummanni Oromoo ajjeefamanis hind human iddoo hundatti argamu jedhu dabarsee jira. Malli kunis ergichi cimee akka darbuufi sammuu dubbisaa keessatti akka suura uumuuf gahee guddaa qaba.

Fakk.4

Karri karrasaa malee

Lammiin lammii'saa malee

Alagaa bira hin ejju

Abbalti utubaa waaqaa

Rabbi ittiin gad bu'u…(f.93)

Walaloo armaan olii keessatti gaaleen 'Abbalti utubaa waaqaa' jedhu mala dubbii iddeessa bakka bu'a. Sababiin isaas walaloo kana keessatti tulluun Abbaltii utubaa waaqaa ta'ee, kan nabiin yookiin ergamoonni waaqaa irraan gad bu'anii Oromiyaaf seera tuman ta'ee ibsamee jira. Kanaafuu waloon mala dubbii iddeessa gargaaramuun ergaa dabarsuu barbaade dabarfatee jira. Oromoon durii kaasee tulluutti olbahee yookiin immoo gaaddisa jala taa'ee waaqa isaa galateeffata; akkasumas kadhata. Waloonis ergaa tulluun Abbaltii bakka waaqni itti argamee Oromiyaafi Oromoof araaramu, iddoo seerri itti tumamuufi mirgi dhala namaa itti kabajamu ta'uu isaa ibsuu isaati. Kun immoo waanti fedhe yoo badellee kan hin banne barabaraan kan jiraatu ta'uu isaati ergaan dabarfame.

Fakk.5

Warra-fidaa-infixnaa

Warra-dhumu-inbannaa

Warra-dugda-harree

Warra-garaa-saree

Warra-waaq'-abaare

Habashaa-Abbaa-Baah'ree!.(f.104)

Hidhaa walaloo kanaan olii keessatti Habashoonni kan akka Abbaa Baahiree dugda harreefi garaa saree bakka bu'uudhaan ibsamanii jiru. Kunis mala iddeessuu gargaarameera jechuudha. Dugdi Harree waanuma itti fe'an baata, garaan saree immoo waanuma argate kan fudhatu, osoma arrabsanii, osoma ari'anii teessee eeggattee kan argatte yoo itti gatan kan fudhattudha. Kanaafuu as keessatti waloon Habashoota akka Abbaa Bahiree fi kan hojiin isaanii isaan walfakkaatan garaa isaanii iddo garaa Saree, dugda isaanii immoo iddoo gugda Harree buusuun ergaa dabarsuu barbaade bifa sammuu namaa keessatti suura uumuu danda'uun dabarsee jira. Ergaan inni dabarsuu barbaades Habashoonni akka Abbaa Baahiree Oromiyaatti godaananii waan isheen qabdu hunda saamuufi seenaa ishee balleessuu barbaadu. Kaayyoon isaanii amma jirutti nyaatanii gaafa dhume baduu, seenaa uummata oromoo balleessuu waan ta'eef Oromoon qabeenya keessan faayaa keessan cimsaa eegaa kan jedhudha. Waloon ergaa kana cimsee dabarsuuf akkasumas ergichi sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf mala dubbii kana gargaaramee jira.

### 4.2.3. Nameessuu

Fakk.1

Madaalliin nihafee,

Madaan garaa taa'ee

Dhugaan soba ulfaa'ee

Sobni dhugaa da'ee.…(f.28)

Walaloo armaan olii keessatti dhugaan soba ulfaa'ee, sobni dhugaa da'ee kanneen jedhan amala namni qabu dhugaafi sobaan gonfatamanii jiru. As keessatti dhugaan kan ijaan mul'achuu hin dandeenyeefi harkaan qabamuu hin dandeenyedha. Haa ta'u malee akka waan lubbuu qabaatee

waan lubbuu qabu ulfaa'ee dahuutti dhihaateera. Malli akkasii kun nameessuu jedhamuun beekama. Sababiin isaas ulfaa'uufi dahuun amala dhala namaa qofaaf kennamedha. Waloonis mala dubbii kana gargaaramuun garaa namaa keessatti haaloon yookiin jibbi kuufamee, kuufamee dhugaa dubbachuun hafee,sobni dhugaa ta'e kan jedhu ibsee jira.

Fakk.2

Hara laan-geeyn boora'u

Samiin balaqqeessa'u

Calanqoon yaa'ii taa'u

Calanqo ilkaan dammeessu

Dhugaa namaa hirmeessu

Ekeraa keessumsiisu…(f.71)

Walaloo kana keessatti gaaleen 'calanqoon yaa'ii taa'u'jedhu mala dubbii nameessuuti. Sababiin isaatiis calanqoon bakka yookiin naannoo tokkodha malee waan lubbuu qabaatee yaa'ii bahees taa'uu danda'u miti. Garuu as keessatti calanqoon amala namaa fudhatee akka namaatti yaa'ii yommuu bahu argina. Dabalataanis calanqoo akka namaatti yeroo dhugaa hirmeessu yookiin nyaatu ibsamee jira. Ekeraanis kan hin mul'anne ayyaana nama du'ee jedhameeti beekama. Haa ta'u malee as keessatti akka namaatti yemmuu keessumsiifamu mul'ata. Kanaafuu amala namni qabu tokko fuunee waanta biraa yoo gonfachiifnu mala dubbii nameessuu gargaaramneerra jechuudha. Mala kana gargaaramee ergaan waloon dabarses iddooon calanqoo jedhamu kan lubbuun namaa hedduun dhumeefi namni dhugaaf falmate ajjeefamuun dhugaan isaas dhokatee kan jalaa hafe ta'uu isaati.

Fakk.3

Odaa waaqa fooqaa

Maddiin kewoo qooree

Qaami keewoo shuntuuree

Hiddi qaama keetii

Nyaarri fuula keetii

Walxaxee walguuree

Jaftaan areeda kee

Rifeensi mataakee

Sirratti daraaree

Ba'aan sitti ulfaattee

Duuftee goophoo taatee

Waaqummaakeet' dharaa

Maaf hin injifattuu…..(f. 86)

Walaloo kanaan olii keessatti Odaan akka waan qaama namaa uffateetti ibsuudhaan maddiin qooruu,qaamni shuntuuruufi kanneen akka nyaara fuulaa qabaachuu,areeda qabaachuu,rifeensa mataa qabaachuufi kan biroonis waantota namni tokko qabaatudha malee, Odaan kanneen hunda hin qabu. Odaan muka gaaddisa qabu kan uummanni Oromoo jala taa'anii seera tumaniifi nama walloole araarsanidha. As keessatti garuu qaama namaa Odaatti uffisee, amala manaa gonfachiisee akka namaatti ibsee jira. Kunis ergaa dabarsuu barbaade karaa salphaa ta'een sammuu dubbisaa keessatti bifa suuraan akka hubatamu taasisee jira. Odaalee shanan keessaa Odaan Bulluq Goodina Horroo Guduruu Aanaa Horroo keessatti argama. Fooqa kan jedhamus naannoodhuma sana jira. Haaluma kanaan uummanni naannoo sanaa Odaa kana ni kabaja, jala taa'ees waaqaf galata galcha kan walloole araarsa. Odaa waaqa fooqaa kan jedhus isa ibsuuf gale jechuudha. Kanaafuu ergaan walii galaa isaa waaq-uumaan yookiin waaqni Oromoo sobadha moo Oromoon maaliif hin injifatuu kan jedhudha.

Fakk. 4

Uummoon osoo hin dheekamne

Uumaa osoo hin komanne

Golfa buusee hin gaddu

Karaa samiirraa dhiisee

Dachii gubbaa hin baddu

Weenniin osoo hin dhibamne

Bariin ka'ee hin korrisu

Dachii rafte hin dammaksu….(f. 91)

Walaloo kanaan olii keessatti Uummoofi Weenniin amala namaa gonfachuudhaan akka namaatti afaan baasanii yeroo dubbatan agarra. Fakkeenyaaf Huummoon osoo hin dheekkamne, uumaa osoo hin komanne kan jedhu mala dubbii nameessuudha. Sababiin isaas dheekkamuufi komachuun amala namaati malee Uummoon dubbatee waaqa komachuu hin danda'u. Akkasums Gaaleen dachee rafte hin dammaksu jedhu nameessuudha. Rafuun amala namaati,nama rafe kan dammaksus namumadha. As keessatti garuu dachii rafte weenniin yeroo dammaksutu mul'ata. Kanaafuu amala namni qabu qaama biraa gonfachiisuun ibsuun mala dubbii nameessuu bakka bu'a. Ergaan walaloo kanaas namni waa dhibamu malee hin gadhu yookiin hin iyyu kan jedhudha. Malli dubbii kun immoo ergaan kun cimee akka darbuufi sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf gahee guddaa taphatee jira.

Fakk. 5

Jimii jimiitee jimmee:

Sobni dhugaa ulfaa'ee

Sobee hinciniinsifatuu

Haqa'rraa haqa malee

Dhugaa'rraas dhugaa malee

Sobni takkaa hin dhalatu

Dhalatus hin guddatu.…(f.99)

Walaloo kanaan olii keessatti akkuma duraan ibsametti sobniifi dhugaan akka waan ijaan argamaniitti ulfaa'anii akka da'uu danda'aniitti ibsamee jira. Haa ta'u malee ulfaa'ee dahuu kan danda'u namadha. Kanaafuu as keessatti jarreen kun amala namaa gonfachuudhaan akka namaatti ulfaa'uun akka waan dhalataniitti ibsamee jira. Kun immoo mala dubbii nameessuu gargaaramuu isaati. Walaloo kana keessatti malli dubbii kun faayidaan isaa ergaan dabarfamuu

barbaade ciminaan akka darbuufi ergichi fakkii uumuun sammuu dubbisaa keessa akka turu taasisa. Ergaan walaloo kanaas nama dhugaaf qabsaa'u irraa sobduun hin dhalatu, sobduu irraa immoo namni dhugaan hin dhalatu kan jedhudha.

Fakk.6

Osoo Daabbus hin boora'iin

Osoo Ilma Or'maan hin goora'iin

Jedhu ji'iifi urjiin

Yommuu karraan bahan..(f.145)

Walaloo kanaan olii keessatti jiiniifi urjiin akka namaatti afaanii baasanii yeroo dubbatan agarra. Haa ta'u malee jiiniifi urjiin dubbachuu kan danda'an oso hin ta'iin,waloon amala namaa gonfachiisuun akka saan dubbatan taasisee ibsee jira. Kanaafuu as keessatti waloon mala dubbii nameessuu gargaaramee barreeseera jedhuudha. Kun immoo ergaan dabarfamuuf barbaade osoo Oromoon wal hinqoqqoodiin yookiin aaddaan hin faca'iin kan jedhudha. Oromoon dur gamtaan jiraata gamataan lola waldhaggeeffata. Haa ta'u malee kun yeroo ammaa hafee Oromoon gandaafi lagan walqooduu isaa ibsuuf kan galedha. Kun immoo ergichi sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumuudhaan akka turuuf kan gumaacha guddaa qaba.

#### 4.2.4. Eeye mitii

Fakk.1

Jiruun namaa

Nama haa baasus

Nama haa nyaatus

Galanni 'saa

Kofalchiisaa boboossisaa

Sossoosisa dhahaan isaa….(f.43)

Walaloo armaan olii keessatti waantonni waliif faallaa ta'an yeroo tokkotti waan tokko ibsuuf yeroo galan mul'ateera. Kunis gaaleen kofalchiisaa boochisa jedhu yeroo tokkotti waantota

waliif faallaa ta'an ergaa tokko dabarsuuf gargaaramee jira. Waloon iddoo kanatti mala dubbii kana kan gargaarameesis ergaa dabarsuu barbaade ciminaan bifa fakkiin sammuu dubbisaa keessatti akka mallattaa'uufidha. Ergaan inni dabarses jiruun manaa amma fedhegaarii ta'us yookiin namni amma fedhe nama gargaarus waan gaarii fakkaatee miiddaa hin dhabu kan jedhudha.

Fakk.2

Doofaan ni arjooma

Osoo qabuu deega…(f. 85)

Walaloo kana keessatti gaaleen osoo qabuu deega jedhu mala dubbii eeye mitii bakka bu'a. Sababiin isaas qabaachuufi deeguun waantota waliif faallaati. Waantonni kun immoo yeroo tokkotti ergaa tokko dabarsuuf galanii jiru. Kanaafuu doofaan osoo qabuu deega kan jedhu kun eeye mitiidha. As keessatti qaba kan jedhu eeye yoo ta'u,deega kan jedhu immoo miti kan jedhu ibsu. Egaa osoo qabuu deega kan jedhu kun ergaa itti fayyadamuu hin beeku, qabeenya isaa abbuma argetu nyaata kan jedhu ibsuu barbaadeeti. Kun immoo gowwummaa ibsuuf gale. Tooftaan waloon gargaaramee ergaa kana dabarses eeyemitii gargaaramuun bifa ergaan sun sammuu dubbisaa keessatti hafuu danda'uunidha.

Fakk. 3

Aayyoo ayyaantittii

Kofli cichi

Boo'i ililchi

Rirmaan sirra deemuu

Faayaa kee si saamuu

Faayaa oromtittii…..(f.104)

Walaloo armaan olii keessatti kofli cichi kan jedhuufi boo'i ililchi kan jedhu waantota faallaa waliiti. Waantonni kun ergaa tokko dabarsuudhaaf walwajjin galanii jiru. Kun immoo mala dubbii eeye mitii gargaaramuu isaati. Eeye mitiin akkuma duraan ibsame waantota faallaa ta'an altokkotti gargaaramuun ergaa barbaadame dabarsuudha. Kanaafuu waloonis yaaduma kanaan

wal fakkaatu waantota faallaa kan akka boo'uufi ililchuu wal faana gargaaramuun itti fayyadama mala dubbii kana cimsee jira. Ergaan waloon as keessatti dabarsuu barbaades Oromiyaa waan hundaan badhaatuu, osoma miidhamtuu ,osoma saamamtuu obsi kan jedhudha. Kunis Oromiyaaf kan barreeffame yoo ta'u, malli dubbii kun immoo ergichi ciminaan sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf bu'aa qaba.

Fakk.4

Abbaan biyyaa deegee

Qotee dilbii hin dhaabne

Muummitaa ofiisaa

Dhugee dheebuu hin banee

Osoo jiruu du'ee

Osoo hin du'iin hafee

Awwaalamuu dhabee….(f.139)

Walaloo armaan olii keessatti gaaleen osoo jiruu du'ee,osoo hin du'iin hafee jedhu mala dubbii eeye mitii bakka bu'a. Sababiin isaas fayyaafi du'aan jechoota waliif faallaa ta'anii ergaa tokko dabarsuuf walwajjin hiriiranii jiru. As keessatti osoo jiruu du'e,osoo hin du'iin hafe,awwaalamuu dhabe kanneen jedhan waantoota walliif faallaati. Haa ta'u malee yeroo tokkotti bifa kanaan waliin galuun isaanii ergaan dabarfamuuf barbaadame bifa miira uumuun sammuu dubbisaa keessatti akka mul'atuuf gahee taphateera. Ergaan walaloo kanaas abbaan biyyaa(oromoon) faayidaa dhabe, kan isa dhagahus, kan isa mari'atus hin jiru, akka hin duune akka hin jiraanne keessa jiraata jechuu isaati. Kunis tuffiifi qoqqobbii uummata Oromoo irra ture addeessee jira.

Fakk. 5

Osoo arganii jaamuun

Osoo dhagahanii duuduun

Cancalaan lugaa hidhamuun

Badanii of dheessanii

Barbaachallee dhabuun

Jiraamatti du’anii

Fayyaa awwaalamuudha…(f. 142)

Walaloo kana keessatti osoo arganii jaamuun,osoon dhagahanii duuduun kan jedhan mala dubbii eeye mitiin kan barreeffamanidha. Sababiin isaas arguufi jaamuun jechoota waliif faallaa ta’anii waliin galanii jiru. Akkasumas dhagahuufi duuduun jechoota waliif faallati as keessatti garuu jechoonni waliif faallaa ta’an kun ergaa tokko dabarsuuf waliin hariiranii jiru. Kanaafuu Walaloon kun mala dubbii eeye mitii gargaaramuun kan barreeffamedha. Ergaan walaloo kanaas waanta ijaan arganiifi gurraan dhagahan akka hin dubbanneef abbaan biyyaa yookiin Oromoon akka luugamaatti afaan kaa’amee,dhokatee jiraata. Kanaafuu osoo jiruu akka nama du’ee ta’eera kan jedhudha.

**4.2.5. Habalakaa**

Fakk.1

Siddisa birraa

Osoo kaannisni

Gurmuun dhufee

Daraaraa koo

Xuxuxxuuxee

Dammeesse tahee

Firii malee silaa

Karaatti hin hafu

Baalli koo hin coolligu…(f.44)

Walaloo armaan olii keessatti waanti dubbatamuu barbaade faallaadhaan dubbatame. Kunis osoo kaannisni gurmuun dufee daraaraakoo siphate ta,e, xuxuxxuuxe ta’e firii malee hin hafu kan jedhu kun mala dubbii habalakaan ibsame. Sababiin isaas kaannisni gurmuun baay’attee habaaboo irraa yoo xuuxxe firii akka hin godhanne gochuu dandeessi, akkasumas akka cooligu gochuu dandeessi malee yoo gurmuudhaan haabaaboo xuuxxe firii godhata miti.kanaaf

Walaloon kun mala dubbii habalaka gargaaramee barreeffame. Habalakni ergaa dabarsuu barbaade kallattiin osoo hin taane faallaadhaan ibsuun beekama. As keessatti ergaan dabarfamuu barbaade osoo ilmaan Oromoo tokkummaadhaan lolan ta'e, bilisumma malee hin hafnu turre kan jedhudha. Ergaan kun immoo mala dubbii kanaan cimsamee karaa faallaa ta'een akkataa ergaan sun sammuu dubbisaa keessatti hafuun kan barreeffamedha.

Fakk.2

Dibbiqqoon natti aantee

Gogaa koo achi aansitee

Huuroonis baasa baasee

Raafuu of keessaa dhimmisee

Bishaan qofa hambise.…(f.58)

Walaloo kanaan olii keessatti dibbiqqoon natti aantee,gogaakoo achi aansitee kan jedhu yoo ilaalle waanta ta'uu hin dandeenye faallaadhaan ibsamee jira. Gogaan namarraa bahee dibbiqqoon yookiin uffanni itti aanuun kan hin danda'amnedha. Dibbiqqoon gogaa irratti uffatama malee gogaa achi aansee ofii namatti aanuun kan hin danda'amnedha. Dabalataanis huuroon raafuu dhimmisee bishaan of keessatti hambise kan jedhu kun faallaadha. Huuroon ammam dhimmisuyyuu dursa bishaan dhimmisee fixee raafuu hambisa malee raafuu hin dhimmisu. Kanaafuu as keessatti waloon maladubbii habalaka gargaaramee barreessee jira. Sababiin isaas habalakni akkuma duraan ibsame ergaa dabarsuu barbaade karaa alkallattiin yookiin faallaatiin kan dabarsudha. Ergaan walaloo kanaas bifa faallaatiin kan dabarfame yoo ta'u, innis ormi fira koo yookiin lammiikoon wal nu jibbisiisee ofiin natti firoome kan jedhudha. Karaa biraa immoo ormi firakee irra natu sitti aana na jedhee, lammiiko narraa dhiibee ofiin natti siqe kan jedhudha. Ergaan kun sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf malli dubbii kun gahee guddaa taphatee jira.

Fakk.3

Aarri kee araarri kee

Eddoo dhugaa haa ga'uu

Mee miilli mataa haa ta'uu

Eegeen dura haa deemuu

Sammuun si haa biloosoomuu (f.88)

Walaloo kana keessatti miilli mataa haa ta'u, eegeen dura haa deemu kanneen jedhan mala dubbii habalaka gargaaramanii barreeffamani. Sababiin isaas waantonni as keessatti ibsaman habalakaan yookiin faallaadhaan ibsaman. Fakkeenyaaf eegeen dura haa deemuu kan jedhu keessatti,eegeen tasuma dura deemuu hin danda'u;kan yeroo mara dura adeemu mataadha Eegeen kan inni jirus karaa boodaa waan ta'eef yeroo mara booda deema. As keessatti garuu faallaa kanaa eegeen dura haa deemu kan jedhu kun kan ta'uu hin dandeenyedha. Haa ta'u malee ergaa dabarsuu barbaade waloon cimsee bifa miidhaginaafi suura uumuu danda'uun kalaqee kan barreessedha. Waan inni ibsuu barbaades waanti hunduu faallaa yoo ta'e, inni guddaan akka xiqqaatti yoo ilaalame, kan duubaan dhufe abbaa biyyaa yoo ta'e yookiin ajajaa yoo ta'e sammuun si bilisoomaa? Yookiin bilisummaa sitti fakkaataa kan jedhudha. As keessatti hacuuccaa saba tokkoo ibsamuu barbaadameeti.

Fakk. 4

Yoo foonni lafa tuqe

Biyyoo hin fuudhiin hafaaree

Yennaa dammi hadhaawe

Yoo eebichi miyaawe

Hireen keenya wal biraaree

Anaafoo kana hiree?….(f.67)

Walaloo armaan olii keessatti yennaa dammi hadhaawe,yoo eebichi miyaawe kan jedhu faallaadhan ibsame malee kallattiidhaan kan isa ilaallatu miti. Sababiin isaas dammi mi'aawuu-dhaan beekama malee hadhaawuun miti. Akkasumas eebichi waal lafa kana irra jiran keessaa isa hadhaawaadha. Maal osoo ta'eyyuu mi'aawuu kan hin dandeenyedha. As keessatti garuu faallaa kanaan ibsamee jira. Kun immoo mala dubbii habalaka gargaaramuu isaati. Habalakni waan

ibsuu barbaade kallattiin osoon ta'iin faallaa isaatiin ibsuutiin beekama. Ergaan walaloo kanaas waanti fedhe waan barbbade yoo ta'eyyuu hireen namaa gargari kan jedhudha.

Fakk.5

Ardiin golgolooftee

Biiftuun dhihaan baatee

Dhabduun ilma argattee…(f.145)

Walaloo asiin olii keessatti gaaleen biiftuun dhihaan baatee jedhu mala dubbii habalakaan kan ibsamedha. Sababiin isaas as keessatti ergaan dabarfamuu barbaade karaa faallaatiin malee kallattiin miti. Biiiftuun yeroo mara karaa bahaa akka baatu beekamaafi yaada haqaa kan ta'edha. Faallaa kanaatiin waloon ergaa dabarsuu barbaade bifa cimina qabuufi sammuu dubbisaa keessatti hafuu danda'uun mala dubbii habalakaa gargaaramee barreessee jira. Ergaan inni ibsuu barbaades dubbiin garagaltoo yookiin faallaa ta'e kan jedhudha.

### 4.2.6. Tuksee

Fakk. 1

Dhiitee bariite

Har'a maal uumuree

Hunduu dur uumame

Har'a maal tolchuree

Hunduu dur tolfamee

Har'as maal himuree

Hunduu dur himamee

Gaarriidha-dha jedhame..(f.27)

Walaloo kana keessatti waloon mala dubbii tuksee gargaaramee barreessee jira. Tukseen waanta yeroo darbe keessa ta'e tokko tuttuqee kan nama yaadachiisufi jecha dur jedhu fayyadamuun seenaa darbe tokko kan himudha. Kanaafuu as keessattis waanti ta'e yookiin waanti uumame hunduu har'a osoo hin ta'iin duruma kan uumame akka ta'eefi waanti dubbatame amma osoo hin

taane dur himame kan jedhu waan ta'eef mala kana gargaaramuun barreeffame chechuudha. Waloon as keessatti mala kana kan gargaarameefis ergaan inni dabarsuuf barbaade ifa ta'ee namatti akka mul'atuufi sammuu namaa keessa akka turuufidha. Ergaan walaloo kanaas waanti hunduu kanuma dur uumamedha malee amma kan ta'e tokkollee hin jiru kan jedhuufi waanti dubbatames har'a osoo hin ta'iin Oromoon jabaadha jedhamee dur himame kan jedhudha. Jechi gaarrii jedhu muka jabaataa kan namni ittiin mana ijaarudha. Kanaafuu akka walaloo kanaatti gaarridha jechuun jabaadha kan jedhu ibsa.

Fakk. 2

Seexaa

Har'as nan yaadadha

Ji'a sana ji'a arfaasaa sana

Manni koo,

Namni koo kan naa laate

Nama koo isan dhaale

Irraa latee inni an caale

Mana jireenya koo

Kan abbaakoo durii

Kan abbaa isaa durii (f. 56)

Walaloo armaan olii keessatti waloon waa'ee seenaa durii kaasee ibsee jira. Kunis gaaleen mana abbaakoo isa durii, kan abbaa isaa durii kan jedhan mana jireenyaa akaakileen isaa keessa ture kan abbaan isaas irraa dhaalee keessa tureefi kan innis abbaa isaa irraa dhaalee keessa jiraachaa jiru tartiibaan kaasee ibsee jira. Kun immoo mala tuksee gargaaramee ergaa dabarsuu barbaade haala barbaachisaafi sammuu dubbisaa keessatti hafuu danda'uun kan barreeffamedha. As keessatti waloon kanni inni ibsuu barbaade waa'ee manaa qofa osoo hin ta'iin jireenyi yookiin qabsoon durumaan akaakileefi abaabileen isaas keessa akka turaniifi isatti dabarsanii akka du'an, inni immoo yookiin dhaloonni ammaa immoo isaan irraa dhaalee akka isaan caale ibsuu isaati.

Kanaafuu tooftaa kana gargaaramuun isaa ergaan kun bifa fakkiin sammuu dubbisaa keessatti akka hubatamuuf gahee guddaa taphateera.

Fakk. 3

Bara nuti hin turiin

Warri turan,

Warri Orom-durii

Bara nuyi jirru

Har'a hin jiran

Warri durii-durii…..(f. 103)

Walaloo kanaan olii keessatti seenaan Oromoon dur qabu kaasuudhaan Oromoon durii kan nutti kenne yookiin nutti dabarse kan akka bokkuu,tumaa Wulleef-Billii kaasee jira. Seenaa Oromoo durii kana immoo Oromoon boorii yookiin dhaloonni dhufullee akka nu gaafachuu akka danda'an ibsamee jira. Kanaafuu Walaloon kun mala dubbii tuksee gargaaramee barreessame. Malli dubbii kun immoo faayidaan isaa seenaa darbe kaasuun Oromoon har'aa maal gochuu akka qabu sirriitti hubachiisee jira.

Fakk. 4

Hin bade qe'een koo

Hoomaat' natti gale

Inbadde seenaan koo

Irreessa buufachuu

Waaqa safeefachuu

Seerri durii inhafee

Yoon ulmaa ciisellee

Hawaayii qe'ee koo

Kakaan dur wal kakan

Inhirraanfatanii…(f.143)

Walaloo kanaan olii keessatti waa'ee seenaa durii fayyadamuun waloon ergaa dabarsuu barbaade dabarsee jira. Kunis seerri dur ture amma hin hafee jechuun Oromoo dur seera akka kabajuufi seeraan akka bulu yaadachiisaa amma hin hafee jechuun bifa gaaffiin ergaa dabarsee jira. Oromoon dur yakka barbaade yoo dalage jaarsi biyyaa bahee nama shakkame sana ni kaksiisa. Haa ta'u malee kun hunduu yeroo ammaa maaliif irraanfatame kan jedhudha. Kanaafuu walaloo kana keessatti mala dubbii tuksee gargaaramee barreesse jechuudha.

### 4.2.7. Mallatto

Fakk.1

Dhidhaan sirratti hafaaree

Yaa ilma abbaan abaaree

Hoo'u gundoo booree ..(f. 50)

Aadaa Oromoo keessatti gundoo booreen gaafa durbi heerumtu kan sirbamu ta'ee yommuu gurbaan intala fuuchuuf gundoo booree kan jedhamu sana jara dubaratootaa sirba sirban qarshii irraa fudhatanii olseensisanidha. Yeroo kanatti yoo inni kennuu dide yookiin yoo qarshiin itti xiqqaate durboonni misirroo sana ol hin seensisani,akkasumas ni rukkutu. Kun immoo aadaa Oromoo keessatti akka mallattootti itti gargaaramu. Aadaa Oromoo keessatti gundoon booree mallattoo misirroon dhufuu kan agarsiisudha. Yeroo durbi gundoo booree sirbuu eegalan namni hunduu akka misirroon dhufetti hubata. Kanaafuu mallattoo gurbaan intala fuuchuuf dhufee kan ibsudha jechuudha.

Fakk. 2

Jaarsa harriin bukoo

Kan arrabni gurraachaa..(f.61)

Walaloo armaan olii keessatti gaaleen kan arrabni gurraachaa jedhu mala dubbii mallatteessuu bakka bu'a. Sababiin isaas aadaa Oromoo keessatti arrabni isaa yookiin arrabni ishee gurraachadha jechuun kan abaaree dhageessifatu,yookiin kan waaqaatti himee dhageessifatu jedhamee beegama. Kanaafuu arrabni gurraachi kan abaaree dhageessifatuun mallattaa'ee

sammuu namaa keessatti hafeera. Walaloo kana keessatti illee bifuma kanaan jaarsa arrabni gurraachaa kan jedhu ergaadhuma kana dabarsuuf kan galedha.

Fakk. 3

Dukkanaan duuba

Bara nuyi jirru

Warri hin jirre

Warri Orom-borii

Bokkuu nu gaafatu,---(f.103)

Walaloon kanaan olii keessatti Bokkuu nu gaafatu kan jedhu mala dubbii mallatteessuu bakka bu'a. Sababiin isaas akka aadaa Oromootti Bokkuun mallattoo Abbaa Gadaa yookiin mallattoo dimokisiiti. Namni kamiyyuu Bokkuu yoo argu Abbaa Gadaatu sammuu isaatti dhufa. Abbaan Gadaa sammuutti dhufe jechuun immoo Nageenyiyokiin dimokiraasiin sammuutti dhufe jechuudha. Kanaafuu malli dubbii kun ergaan darbu sammuu dubbisaa keessatti akka hafuuf gahee guddaa taphateera. Ergaan isaas Oromoon dhaloonni boorii seenaa dagatame,seenaa darbe waa'ee Bokkuu nu gaafachuun isaanii hin oolu. Kanaafuu aadaa kana cimsinee haa eegnu kan jedhudha.

**4.2.8. Arbeessuu**

Fakk.1

Lola tapha gootaa

Goota mootii moototaa (f.51)

Walaloo armaan olii keessatti malleen dubbii lama ilaaluu nidandeenya. Kunis gaaleen lola tapha gootaa jedhu gurra xiqqeessuu yommuu ta'u, goota mootii moototaa kan jedhu immoo arbeessuudha. Sababiin isaas lolli amma fedhe gootaaf salphaa itti fakkaatus tapha waliin tokko miti. Walaloo kana keessatti waloon lolli waloof salphaadha kan jedhu ibsuuf garmalee gad buusee taphaan fakkeessee dhiheesse. Karaa biraatiin immoo goota mootii moototaa kan jedhu immoo arbeessuu kan ta'eef,gootni gootadha; lolee diina isaa kan injifatu, biyyaafi lammii isaaf kan qabsaa'udha malee mootii moototaa miti. Mootii moototaa kan jedhamu biyya lafaa kanarra

hin jiru. Biyyoonni hundumtuu mootummaa mataa isaanii danda'an qabu malee mootiin mootota hundaan oliiyyu hin jiru. Haa ta'u malee waloon cimina gootaa ibsuuf mala dubbii kana gargaaramee dhiheesse. Ergaan isaas gootni hunda caalaa cimaa akka ta'eefi kan sodaatamu ta'uu isaati.

Fakk.2

Bara dhigi abbaa dhugaa

Imimmaanni haadha hiyyeessaa

Roobee bonaan dhoqqeessu

Lola'ee garba jiisu (f.101)

Buufata walaloo kanaan olii keessatti imimmaan haadha hiyyeessaa roobee bonaan dhoqqeessu,lola'ee garba jiisu kan jedhu mala dubbii arbeessuudha. Sababiin isaas haati hiyyeessaa ammam boossus lafa bonaa mitii kan gannaayyuu dhaqqeessuu hin dandeessu. As keessatti ergaan dabarfamuu barbaade sirnoota darban keessatti haati hiyyeessaa cunqurfamaa kan turteefi kanneen qabeenya hin qabnee iddoon kan hin kennamne ta'uu isaati. Ergaa kana ciminaan ibsuuf waloon mala dubbii kana gargaaramee bifa suurqalbii namaa hawwatuun dhiheessee jira.

Fakk.3

Mirrisaa dhiichisaa

Urjii gad harcaasaa

Duudaa dubbachiisaa

Jaamaa agarsiisaa

Du'aa du'aa kaasaa

Lugna garaa raasaa (f.108)

Walaloo kanaan olii keessatti waloon mala arbeessuu gargaaramee kan barreessedha. Kunis ergaan isaa  gootummaa keessan sirbaa dhiichisaa agarsiisaa lugna sodaachisaa kan jedhu yemmuu ta'u, gootni immoo amma barbaade lafa dhiitee sirbus urjiin hara'uu kan hin dandeenyedha. Akkasumas duudaan kan dubbachuu hin dandeenye waan ta'eef gaga barbaade

dhiichisni yoo gaggeeffame dubbachuu hin danda'u. Jaamaanisa akkuma kana gurraan dhagahee gammachuu qooddachuu danda'a malee arguu kan hin dandeenyedha. Namni du'ee ka'es hanga ammaatti hin jiru. Kanaafuu Walaloon kun ergaa dabarsuu barbaade sana cimsee ibsuudhaaf garmalee olkaasee yookiin gurra guddisee dhiheessee jira. Ergichis sagalee olkaasaa dhiichisaa/sirbaa/gootummaa keessan ibsaa;yeroo kana gootonni lubbuun darban kan amma ijaan hinargine gurraanis hindhageenye kaayyoon isaanii galmaan waan gahuuf akka waan jiraniitti ilaalamu kan jedhudha.

### 4.2.9. Atee

Fakk.1

Ekeraa ilmaan ormaa

Maaliif araar jettaa

Maaliif itti firoomtaa

Maaliifdhibantoomtaa

Maaliif wajjin nyaattaa (f.85)

Walaloo kana keessatti qaamni itti dubbatamu hin beekamu. Garuu waloon waan hin beekamne tokkoon gaaffii gaafachaa gorsaa waliin kan haasa'aa jiru fakkaata. Kun immoo ateessuu barreessuudha. Waloon malee hin jirree dubbisuudhaan ergaa inni as keessatti dabarses ormatti hin siqiin yookiin hin amaniin;ormi si sossobee si miidha,si wajjin nyaatee si nyaata kan jedhudha.

Fakk.2

Dubbadhu maal calliftaa
Maaliif calleensa taataa

Maaf yaadaan calii yaaftaa

Jirba gurraacha footaa

Dhooftee eenyuun daara baaftee

Taaddee biyyee uffiftee

Dhagaa boraafachiiftee

Yaadaan ganda hinlabiinii (f.87)

Walaloo kanaan olii keessatti waloon waan isa bira hin jirre tokkko yookiin waan hin beekamne tokkotti dubbadhu jedhee waan waliin haasa'u fakkaata. Kun immoo mala ateessuu gargaaramee kan barreessedha jechuudha. As keessatti waloon hin jirree dubbisuudhaan akka waan qaamni isa dhaggeeffatu isa bira jiruutti itti haasa'aa, gaaffii gaafachaa jira. Mala kana gargaaramuun ergaan as keessatti dabarfame callistee teessee gootota lubbuun isaanii darban qofaa yaaduu dhiisii atis ka'ii mirgakeef falmadhu kan jedhu of keesaa qaba. Ergaan kunis ilmaan Oromoo maraaf kan barreeffamedha.

**4.3. Shoora malleen dubbii qaacceffaman kunniin ergaa dabarsuufi itti fayyadama afaanii cimsuu ilaalchisee taphatan.**

Kitaabota walaloo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* keessatti malleen dubbii bal'inaan akka itti dhimma bahamaniifi ergaan isaan dabarsuuf galan boqonnaa kana jalatti qaacceffamee jira. Haa ta'u malee malleen dubbii kunniin akkasumaan kan itti dhimma bahaman osoo hin taane ergaa dabarfamuu barbaade sun haala barbaadameefi akkaataa dabarsuun barbaadameen dabarsuuf gahee olaanaa taphatanii jiru. Kun immoo tokkoon tokkoo malleen dubbii keessatti ergichi fakkii uumuun sammuu dubbisaa keessatti akka hafuufi yeroo dheeraaf sammuu isaa keessa akka deeddeebi'uuf gahee guddaa akka taphatan argamee jira.Fakkeenyaaf

Sammuun na dirmammaa'ee
Akka dhaanicha ulee
Madaansaa takkaa hin qoorre
Natti caala bubbulee (Edas Edanas f. 14)

Walaloo kana keessatti malli dubbii akkuma duraan ibsame akkasaa gargaaramee kan barreeffame yommuu ta'u, gaaleen 'akka dhaanicha ulee jedhu' ergaan darbuu barbaade sun miira uumuun sammuu dubbisaa keessatti fakkii dhaanicha ulee uumuun xiyyeeffannoon akka itti kennamu gochuun sirriitti akka hubatamuufi suura isaa uumuun yeroo dheeraaf sammuu isaa keessa akka turuuf gahee guddaa taphatee jira. Karaa biraatiin immoo malleen dubbii kun filannoo jechootaatti gargaaramanii waan barreeffamaniif itti fayyadama afaanii cimsuurra darbanii jechoonni Afaan Oromoo karaa adda addaan akka hubatamuu danda'an agarsiisuu irratti shoora mataa isaanii taphataniiru. Kana jchuun malleen dubbii jechoota armaan olitti qaacceffaman kunneen jechoota mimmiidhagoofi dubbisuuf nama hawwatan gargaaramuun

waan barreeffameef namni walaloo sana dubbisu miira adda addaa keessa seenee osoo addaan hin kutiin walaloo sana akka dubbisuuf illee shoora mataa isaanii ni taphatu. Kanaafuu tokkoon tokkoo malleen dubbii as keessatti qaacceffaman ergichi fakkii uumuun sammuu dubbisaa keessa akka turuufi ergichii sirritti akka darbuuf gahee guddaa taphatanii jiru.

Walumaa galatti boqonnaa kana keessatti malleen dubbii ogwalaloo *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* keessaa baafamanii qaacceffaman sagal, sagal yommuu ta'an ergaan isaan dabarsuuf galaniifi ergichi sammuu dubbisaa keessatti fakki uumuun akka hubatamuufi yeroo dheeraaf akka turuuf gahee guddaa taphatanii jiru.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAAFI XUMURA

### 5.1. CUUNFAA

Qorannoon kun akka akka gaggeeffamuuf waantonni qorataa kakaasan yeroo baay'ee qorannoon ogbarruu adda addaa irratti gaggeeffamaa jiraachuufi isaan keessaa ogwalaloon oromoo isa tokko yommuu ta'u qorannoon gama kanaan gaggeeffame muraasa ta'uufi ogbarruu oromoo guddisuufi barreessitoota kakaasuuf immoo qorannoon gama kanaan gaggeeffamuu akka qabu qorataan kun hubatee jira. Malleen dubbii ogwalaloolee kanneen keessatti itti gargaaramuufi dhiisuu adda baasuun qaaccessuuun,malleen dubbii achi keessatti itti fayyadaman immoo faayidaan isaanii maal akka ta'e ibsee jira. Haaluma kanaan qorannichi ogwalaloo oromoo keessaa *Miila Kaayyoofi Edas Edanas* kan jedhu irratti daanga'e. Qorannoon kun gosoota qorannoo keessaa qorannoo qulqulleeffataa waan ta'eef mala akkamtaa gargaaramuun odeeffannoo kan guurratedha. Odeeffannoo sakatta'a barruun argates addeessuufi ibsuun qaaccessee jira. Qorannoon kun kan gaggeffame yaadrimee Giroux (1974) fi kanneen biroos bu'uura godhachuun malleen dubbii ogwalaloolee Miila Kaayyoofi Edas Edanas keesstti argaman qaaccessuun addeessee jira. Akka Giroux (1974:10) malleen dubbii iddoo kudha shanitti kan qoodaman yommuu ta'u qorannoo kana keessatti immoo qorataan ogwalaloo Miila Kaayyoo keessaa malleen dubbii sagal: akkasaa, nameessa, iddeessa, habalaka, eeyemitii, arbeessuu, atee, tukseefi mallattoon Edas Edanas keessaas haaluma walfakkaatuun malleen dubbii sagal : akkasaa, nameessa, iddeessa, habalaka, eeyemitii, tuksee, mallattoo, arbeessafi atee yommuu ta'an walumaa galatti kanneen baafaman lakkoofsaan 102 argannoo qorannoo kanaati. Akka walii galaatti malleen dubbii ogwalaloo kana keessaa baafamanii argannoo qorannoo kanaa ta'an lakkoofsaan 50 dha.

Dabalataanis qorannoon kun yaadxiina faayidaalessummaa irratti bu'uureffachuun faayidaa malleen dubbii ogwalaloo kanneen keessaa baafaman akka xiinxalamanitti, ogwalaloowwan kanneen keessatti malleen dubbii dhimmoota adda addaa ibsuuf yookiin ergaa adda addaa dabarsuuf galuun isaanii argameera. Kunis dhimmoota akka hawaasummaa, siyaasaa, seenaa, aadaa, diinagdee, waa'ee Oromiyaaf Oromummaa akka jiran argamaniiru. Kunis hawaasummaa ilaalchisee:jibbaafi jaalaala, gaddaafi gammachuu, firaafi alagaa, gamtaan jiraachuufi qofaa jiraachuu, tokkummaa qabaachuufi tokkummaa dhabuu, gamnummaafi gowwummaa kan ibsan

hedduun argamee jira. Seenaa keessattis waantonni akka seenaa Oromoo durii, Oromoon dur maal akka fakkaatu, haala kamiin akka wal bulchaa ture, amantiin isaa maal akka tureefi sirna akkamii keessa akka ture ibsamuun isaa argameera. Karaa biraa immoo Ogwalaloo kanneen keessaatti siyaasni ibsamuun isaa argameera. Kunis cunqursaafi hacuuccaa Oromoon keessa turefi gidiraa inni keessa dabarfate ibsameera. Ogwalaloowwan lamaan keessatti malleen dubbiitti heddumminaan gargaaramuun cimina waloo ta'uu qorataan bira gaheera. Dabalataanis ergaan dabarfamu barbaade bifa nama hawwachuu danda'uun akka dabarfamuufi sammuu dubbisaa keessa akka turu gochuun alattifaayidaa isaan argamsiisan ergaa tokko: ibsuuf, beeksisuuf, kakaasuuf(onnachiisuuf), barsiisuu, gorsuu, akeekkachisuu, miliquu, to'achuufi bashannansiisuuf gaheen isaan qaban guddaa akka ta'e qorannoo kana keessatti argameera.

**5.2.Xumura**

Uummanni tokko seenaa aadaa,duudhaa,falaasama,dinagdee,siyyaasa,amantiifi eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf Walaloon gahee guddaa qaba. Waloon hawaasa keessaa baha. Kunis haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ilaalchisee siyyaasa,diinagdee,ilaalcha,fedhii, aadaa, duudhaafi kkf dandeettiifi kalaqa mataa isaatiin ifatti baasee kan mul'isudha. Kana gochuuf immoo filannoo jechootaa fi dandeetti addeessuu addaa itti dabaluun kalaqa. kun immoo rrgaan inni dabarsuu barbaade bifa cimina qabuufi sammuu dubbisaa keessatii fakkii uumuunturuuf waan gargaaruuf malleen dubbiitti gargaaramuun barbaachisaadha.Kanaafuu waloon ogwalaloo yommuu barreessan:

- Malleen dubbii dhaamsa tokko bifa cimina qabuufi karaa naannawa ta'een qaama biroo,biraan gahuuf shoora olaanaa akka taphatu beekuun malleen dubbiitti osoo gargaaramee barreesse gaarii ta'a.
- Ogwalaloo miila kaayyoofi edas edanas jedhan kana irratti qorannoon geggeeffame gahaadha jechuun hin danda'amu.Haa ta'u malee namoota qorannoo gama kanaan gaggeessuuf fedha qabaniif ka'umsa ta'uu danda'a.Kanaafu isa kana ka'umsa godhachuun qorannoo bal'aan osoo ogwalaloo adda addaa irratti gaggeeffame gaarii ta'a.
- Waltajjiiwwan adda addaa iddoo walaloowwan itti dhiyaatan, qeeqonni itti kennaman yunivarsitiiwwan gara garaa keessatti osoo amaleeffatame gaarii ta'a.

- Waloonni Oromoo muxannoo qaban barreessitoota jalqabootiif muuxaannoo isaanii qooduu akka danda'aniif haalli osoo mijatee filatamaadha. Kanaafuu qaamni dhimmi ilaalu yaada kana xiyyeeffannoo keessa osoo galche barbaachisaadha.
- Dorgommiiwwan walaloo Oromoota jidduutti barsiifata akka ta'an haalli osoo mijeeffame gaariidha. Keessumaa sadarkaa yuuniversiitiitti haalli akkasii osoo mijeeffamee filatamaadha.
- Ogwalaoon Oromoo kana caalaa haala addaafi kalaqa addaan akka barreeffamuu danda'uuf namoonni qorannoo gaggeessuu barbaadan kitaabota walaloo adda addaa sakatta'uun osoo qaaccessan yookiin qeeqan waloo keessatti kaka'umsaafi humna itti horuu waan danda'uuf qorattoonni gama kanaan osoo deemtan gaarii ta'a.

**Wabiilee**


Abiyoot Tasfaayee.(2009).*Qaaccessa Qabiyyee Dubbii Qoolaa Asoosama Dhoksaa Jireenyaa*. Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e.Yuunversiitii Jimmaa. Kan Hin Maxxanfamne.

Adunyaa Barkeessaa.(2014).*Semmoo.Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo:*Mega Printing Press:Fnfinnee

_______( 201 1). *Akkantaa. Qorannoo Hujoo (applied research)* : Mega Printing: Finfinnee Oromiyaa

Asafaa Tafarraa.(2009). *Eela. Seenaa Oguma Oromoo*:_______: Finfinnee

________(2006). *Anaan'yaa*. Artistic Ptinting Enterprise: Finfinnee

________.(1997). *Edas-Edanas*. Artistic Ptinting Enterprise: Finfinnee

Chandranm A, Pradeep S.Raj.(2016). Role Of Literature In Facilitating Language Learning *International Journal Of Management Research & Review*. Issn: 2249-7196 ,India

Charles B.(_2018 ) .*What Is The Importance Of Literature And Its Impact On Society*. Whith Out Literature Life Is Hell: Manali Oak .___

Daniel Heller.*(2011).*Figurative Speech As ARepresentationOf Meaning Winged Words*: ADescriptive And Quantitative StudyOf Figurative Speech*: World Litetature Studies (Article),In The Subtitles Of7de Laan

Dastaa Dassaaleny. (2013).*Dimimmisa, Asoosama Biroo Waliin* :Nech Sar prenting:Finfinnee

Eshete Gemeda.(2013). *Oromo Oral Narrative***.**Literary Efficiency And The Interpretation Of Oral Literature In Its Own Right: Verbal Repertoire AsSocio-Historical Evidence (pdf)

Turke F.(1991*).Using Literature In Language Teaching*. Hacettepe University Say:6/299-305

Fayyisaa Addunyaa.(2016).*Xiinxala Adeemsaafi Fakkoommii Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Kamisee.* Waraqaa Qorannoo Itti Guuttannaa Digirii 2ffaa(MA) Kan hin Maxxanfamne Yuunivarsiitii:Addis Ababaa

Fedhasaa Taaddasaa.(2013).*Subii:*Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo:Subi Printing Press: Finfinnee

Lata Qana'ii. (2010). *Miila Kaayyoo*.mana maxxansaa Subii (subi printing press). Finfinnee

Lazar G. (2009). *Literature And Language Teaching A Guide For Teachers And Trainer:* United KingdomCambridge : Yunversity Press

Giloux, Jamea and Williston G. (1974) . *Appreciation of Literary form*.Rhode Inland: Jamestown publishers

Ibsaa Addunyaa.(2016). *QaaccessaItti Fayyadama Malleen DubbiiOgwalaloo Anaan'yaa Keessatti*. Waraqaa Qorannoo Digirii LammaffaaGuuttachuuf Qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaa : Finfinnee.kan hin maxxanfamne.

Islam.R. (2014). *Use of Literature in Language Teaching and Learning:* ACritical Assessment Journal of Education and Practice For MA In English. Bangladesh : Jatiya Kabi Kazi Nazrul Islam University.ISSN 2222-1735

Jeylan W.H. (2005). *The Functions Of Afrcan Oral Arts: The Arsi-Oromo Oral Arts.* In Focus Faculty Of Education, African Study Monographs: Alemaya University

Kahadijah. (2016). *Figurative Language Analysis In Five John Legends Song*. In Fulfillment Of The Requirements For DegreeOf Sarjana Sastra: MaulanaMalikibrahim State Islamic University. Theses

Lizl M. (2014 ). *A Descriptive And Quantitative Study of figurative Speech In The Subtitles Of 7de Laan:* Thesis Presented In Partial Fulfilment Of The Requirements For Thedegree Of Master Of Philosophy In Translation In The Faculty Of Artsand Social Sciences At Stellenbosch University Supervisor: Stellenbosch University

HannaL. (2012). *Teaching Figures Of Speech.*Learning Strategies Mid Continent Comprehensive Center (MC3) Regional ELL/CCSS Task Force : The University Of Oklahoma

Mack N.Cynthia W.Kathleen M.Macqueen. (2005). *Qualitative Research Methods*: AData Collectors Field Guide : Research : Triangle Park, North Carolina 27709 .USA

Martha C. (2005). *Living Folklore.*An Introduction to the Study of People and TheirTraditions: United States of America : Utah State University Press

Blake Wil. (2013). *An Analysis Of Figurative Language On The Poims Intitiled* "Classic Poetry Series. Tarbiyah Of The State For Slamic Stadies(IAIN). Syekh Narjati Cirebob. Research

Mehrotra V. (2017). *Teaching/Learning Language ThroughLiterature.* Natioal Conference Cum Workshop On Recent Trends In Technical LanguageAnd Communication:University, Mathura.U.P.(India) ISBN:978-93-86

Mekuria Bulcha.(1995). *Onesimos Nasib's Pioneering Contributions To Oromo Writing Nordic*. Journal Of African Studies: University Of Uppsala:Sweden

Ollila B. and J. Jantas (2006) *The Definition of Poetry (NPP)*

Qananii Baayisaa.(2008). *Xiinxala asoosamoota Burreen Bifa Tokkoo Mitifi dibaa: Ija Yaaxina Bifiyyeetiin.* Waraqaa qorannoo itti guuttannaa digirii 2ffaa(MA)Yuunversiitii Addis Ababa Kan hin maxxanfamne.

Rabbirraa Tarrafaa. (2010). *Gadaa*: Barnoota Afaan Oomoo Kutaa 5-8: Far East Trading

Sanyii Raggaasaa .(2011). *XiinxalaItti Fayyadama Malleen Dubbii Asoosama Ichima Jaalalaafi Numaaniyaa Keessatti*. Waraqaa Qorannoo Itti Guuttannaa UlaagaaDigirii Lammaffaa (MA): Yuunversiitii Jimmaatti Kan Hin Maxxanfamne.

Swardhani W. (2013). *Figurative Language in Poetry.* Mana maxxansaa hin qabu.

Viorela R. (2014). The Importance Of Literature In Primary School Pupils Development And Personal Growth. *The 6th International Conference World Issues*, *7th - 9*th. University Of Pitesti, Targu Din Vale, Pitesti, Romania

Wondimu Tegegne. (2016). *The Development Of Written Afan Oromo And The Appropriateness Of Qubee, Latin ScriptFor Afan Oromo Writing*. Historical Research Wolayita Soddo University, Ethiopia ISSN 2224-3178

Dornyei Zol. (2007). *Research method in apoplied linguistics*: Quantitative and mixed methodologies : New York: Oxford Unversity Press.

**DABALEE‘A’:HAALAWWAN DUBBII KITAABA WALALOO *MIILA KAAYYO***

**I.AKKASAA**

Fakk.1

Utuu agartuu-
Utuu dhageessuu waan ifaa
Marxifattee
Dubbiif loota akka bofaa.

Fakk.2

Yaadda’uun kee
Qaaruukoo irraa kaasa hidda
Gidiraan kees
Na waxala akka abiddaa…..(f. 44)

Fakk.3

Oromoon miliyoona shantama
Sanarrayyuu ni caalaa
Maal fayyada lakkoofsaan
Baay’achuun akka baalaa?.(f.54)

Fakk.4

Yookiin jiraadhu akka namaa
Deemi karaa isa ganamaa
Dhoksaatti hin funaaniin qarmii
Garaaf dhiisi-sabaaf falmi...(f. 82)

Fakk.5

Akka qalbii ijoollee
Maaliif qilleetti of huuna
Erga du’uun hin oollee
Du’a taaddasaa duuna!…(f.95)

Fakk.6

Lapheemaan waljaallanna
Arrabaan wal hin kuullu
Hanqaaquu fakkeessinee
Dhagaa wal irra hin tuullu..(fuula 99)

Fakk.7

Hiika dhabe namni har’aa
Fira ilkaanii kan lafarraa
Bitaacha’aa dabaa farraa
Quuqqqaa lafee-akka golfaa
Madaa walii argee kolfa..(fuula 99)

Fakk.8

Akka waan hoospitaalaa
Ogeessi fayyaa ajajuu
Konkolaataafi qarshiidha
Ulaagaan wal kabajuu..(fuula 101)

Fakk.9.

Yeroo gabaabduutti
Dubbiin bukoo taatee
Qe'een abbaa keenyaa
Kan ormaa fakkaate…(fuula 21)

Fakk.10

Kanneen akka weennii
Gosoonni simbiraa
Yoo feetan sanyiidhaan
Xaddeetti of jijjiiraa..(fuula 23)

Fakk.11

Akka gaarri jigu beekta
Kanaaf cittee itti deemta
Saphaphuun daandiikee cufu
Beekta bulee akka kufu
Baataa waadaa aabboofi aayyoo
Miila xiiqii-miila kaayyoo..(f.35)

Fakk.12

Galma ga'uu yoo feete
Sodaakee ofirraa diigi
Karaa dhugaa qabadhuu
Akka baaburaa fiigi.…(f.49)

Fakk.13

Kennaadha naan jettee
Kaasuu guuttee ciicoo
Damma fakkeessitee
Na hin obaasiin ciicoo.(f.50)

Fakk.14

Ol deebitee oduu bocca
Akka hantuutaa manaa wacca.
Ganamni kee waa'ee gurbaa
Galgalli kee waa'ee durbaa
Galgalli kee waa'ee kubbaa.
Mata dureen kee laga hin cehu
Dhiiga kooyyuu qabda hin se'u.
Ilma sammuun akka raaree
Guyyaan si dhalchen abaare!..(f.56)

Fakk.15

Bineensa wajjin deemtee
Baala nyaattee daggalaa
Alagaa wareersite
Akka abjuu galgalaa!.(f.62)

Fakk.16

Kan faayidaa hin qabene
Akka gu'a muchaa
Maaf qilleensa galchee

Gurra keenya duuchaa?--(fuula 83)
Fakk.17
Bifti kan kee
Akka namaa-akka Rabbi
Hojiin kan kee
Akka sa'aa -akka jabbii..(f.67)
Fakk.18
Miila qullaayyu yoo fiige
Oromoon tokkoffaadha!
Hidhaa dirree dorgommii
Kutee darbe akka xiyyaa
Bakka angafaatti olbaase
Maqaafi kabaja biyyaa! (f. 90)

**II: Habalaka**

Fakk.1
Arraba kee dhadhaa dibdee
Mukaan dhagaa-
Dhagaan muka faallessita
Daba hojjettee
Haadha hiyyeessaa joonjessita (f. 33)
Fakk.2
Gaafa eebbaafi ijaarsaa
Boroo dhokatee taa'a
Gaafa diiggaafi abaarsaa
Gasoo qaratee yaa'a…(f.63)
Fakk.3
(Dirmammuu)
Madaa ooltee bultee qoortu
Maal abbaashee kulkulfanna…
Sobaan fayyaa jiraachuurra
Dhugaaf jennee dhukkubsanna.…(f.109)
Fakk.4
Garaan keenya dirmammuudha
Irraan garuu huccuu uffanna
Haa bultu dubbiin haa bultu
Bara dabarree dubbanna.(fuula 109)
Fakk.5
Lollis araara qaba
Jaalalumaan wal hidhee
Jaalalaan wal adaba…(f.47)
Fakk.5
Bara qonnaan baay'ate
Biyyoon lafa diimessa
Michummaan gaangaa darbe

Bulee nama diinessa….(f.52)

**III. Iddoosa**

Fakk.1

Galma qeerransootaa
Mandhee leenca kormaa
Bosona cirtanii
Bineensa hin godhiinaa
Baqataa biyya ormaa..(85)

Fakk. 2

Yaa warra uumaan tolchee
Yaa warra qe'een duudhaa
Oromummaa jechuun kun
Miidhagummaa jechuudha!…(f.106)

**IV.Nameessuu**

Fakk.1

Bishaanidha abbaan haqaa...
Biyyoodhaan booressanii
Itti gatanis raqa
Kan nan miidhamee hin boonye
Bishaanidha abbaan haqaa…(f. 2)

Fakk.2

Bitaacha'aa dubbii..
Galagaltoo jiruu
Fuggisoo lafarraa
Qamaleetu injiraan
Funaana namarraa…(f.86)

Fakk.3

(Nama ta'uun ga'aadha)
Deebisuu qabna nutis
Aadaa jaalalaafi tolaa
Waliif hin taanu taanaan
Seenaan darbee nuun lola.(f.112)

Fakk.4

Galagaltoo jiruu
Fuggisoo lafarraa
Qamaleetu injiraan
Funaana namarraa…(f. 86)

Fakk. 5

(Siif hin boo'u)
Achi hin hafne-
As hin hafne taatee gidduu
Barri sobaa
Sitti dhume yaa gaaddidduu

Erga of faaltee
Kosii keessaa haafa fuutee
Na hin komatiin
Siif hin boo'u gaafa duute!..(f. 33)

Fakk.6

Maal si goone bishooftuu..
Maaf nutti taate burree?
Ati dur durii kaaftee
Bakka nageenyaa hin turree?
Sin gaafadha bishooftuu
Naaf deebisi dirqama
Eessa deeme eebbikee
Inni jaarraa digdamaa?..(f. 78)

Fakk.7.

Kobbee koo
Kobbee koo –hiriyyee koo
Marartuu akka daa'imaa
Otuu ati hin jirtu ta'ee
Maaliinan dhugaa himaa?
Dubbadhu ni dubbanna
Ofirraa buusuuf ba'aa
Yoo gurri namaa dide
Laftiyyuu nu dhaga'aa! (fuula 1)

**V. Atee**

Fakk.1

Dura foon haa taatu..
Yaa obbo jinfeessaa
Yaa obbo nagarii
Jechiifi gochi keessan
Lamaanuu gargari.
Jechi keessanillee
Waan sabaaf dhiigudha
Gochi keessan garuu
Waan saba diigudha…(f.40)

Fakk.2

Anaaf ta'a jettee
Hin abdatiin fira
Tarii oolee bulee
Mukatti si dira ..(fuula 69)

Fakk.3

Xiiqii karaa dalgaa
Qadaadi afaansaa
Jibbaafi haaloo dhiisi
Kanuma dawaansaa!

Jaalalli ati gate
Utuu bakkee labuu
Gara fuulduraattuu
Hirribni si hin qabu!..(f.77)

Fakk.4

Ani dargaggoomee
Duris dhiise kittaa
Eenyutti uwwisuudhaaf
Daayipperii bittaa?-(f.81)

Fakk.5

Isa ati jettu miti
Bakki dhibee kiyyaa
Daa’imummaa seetee?
Dhugaa dhabeen iyya.--(f.81)

Fakk.6

Bara barri naaf tolee
Callaan gumbii koo guutuu
Taa’ees ka’ees sin arga
Na biraa miila hin fuutu..(f.1009)

Fakk.7

Isin maal taatanii
Reesu hirribaa kaatuu?
Gara caalu qircachuuf
Turaa maaf dhamaatu?
Dura kuruphittiin
Duutee foon haa taatu!---(fuula 40)

Fakk.8

Dhabe sin gaafadhaa
Dhabde na gaafadhu
Faallaa koo hin dhaabatiin
Faallaakee hin dhaabadhu.
Ni ijaarra yoon jedhe
Koottu farda yaabii
Dagalee naaf muri
Utubaa naaf dhaabi.…(f.19)

Fakk. 9

Qeerroo jechuun…..
Maqaan qeerroo yoo ka’u
Si nyaata -si dhukkuba
Takkaa qaaruu si waada
Takka funyaan si guba.
Garaatu si bokoka
Hiddi mormaa dhaabatee
Asiifi achii mul’atta…..(f. 9)

## VI. Arbeessuu/Gurra gudisuu

Fakk.1

Ati jabaa namaati
Ammakee hin geessu dhibbi…(f.64)

Fakk.2

Yeeyyiifi waraabessatu
Dabareedhaan wal baata
Namni buddeena dhiisee
Barbareedhaan wal nyata!.(f.102

Fakk.3

Galatoomi barsiisaa
Abbaa qubee ganamaa
Utuu ati hin jirtu ta'e
Lafa hin argu iji namaa
Albee seenaa qarattee
Daggala hamaa cirta
Ofiikee baqxee dhumtee
Dukkana lafaaf ifta….(fuula 105)

Fakk.4

Isa aangoo kennutu
Kolfaan danfee dhiignisaa
Akka waan aangoo fudhatuu
Huccuu gatee dhiichisa…….(f.47)

## VII. Tuskee

Fakk.1

Dur bara durii keessa
Bara arfaasaan bonaa
Bara nagaan hin jirre
Kan walii galteen onaa
Isaan kun warra akkasii
Isaan kun warra ebeluu
Jedhee bara hundumtuu
Aangoodhaaf wal kabalu…(f.46)

Fakk.2

Seenaafi duudhaa qabda
Mallattoo kee durii
Akkeessaa alagaa
Hin funaaniin xurii!(f.103)

Fakk.3

Dur akka beeknutti
Balballi balbala
Kan bakkee jirutu
Dhufee ittiin olgala

Balballi inni durii
Inni furtuu qabu
Bubbeef hin banamu
Hattuufis hin cabu...(fuula 83)

Fakk.4

Dabummaan keenya miti
Abbuummaa isaatiif galchaa
Seenaarraa akka beeknutti
Oromoon goota dhalcha...(fuula 110)

**VIII.Eeye mitii**

Fakk.1

Ilkaan akaayii nyaate
Marqaa nyaachuu yoo dide..(f.31)

Fakk.2

Kan miila hin qabne
Ati guutaa maleefi quufa malee
Hin agarre hir'uu canduu
Amaluma sitti ta'ee
Waakkii barte osoo qabduu--(fuula 43)

**DABALEE B: HAALAWWAN DUBBII WALALOO*EDAS-EDANAS***

**I: Akkasaa**

Fakk.1

Biyyaa Abbaa
Sokaa sokka'uu 'saa
Sokaa eebbisuu 'saa
Sookkoo lafa dhiqu
Dhiqee hin qulleessine
Akka lolaa Arfaasaa
Eebba dhahaa roobu
Roobee hin dhoqqeessine
Akka rooba caamsaa...(fuula 62)

Fakk.2

Atee loon
Silgi kee,
Dhiigi ilmaan kee
Dhiigi dannaba-aabbaa
Akka madda hora kee
Akka saglan eela kee
Akka afran mucha kee
Lolaan lola'a
Hededa 'rraan cabsee…..(fuula 79)

Fakk.3

Allaadduun hin hollatti
Akka busurtiin qabee
Muki lafaaf qoomma'a
Akka waaqaan waldhabee
Shimbirroon hin barrifti
Akka waan manneen dhibee
Name bosona bula
Akka waan qe'een jibbee
Mucaan quba'saa hodha
Akka duuti haadha sarbe….(fuula 149)

Fakk.4

Sagalee salgan waaqoo...
Akka aaduu haadha hiyyeessaa
Akka boo'a ilma-xinnaa
Akka fiiguu qilleensaa
Akka  fiiguu sheexanaa
Akka weedduu sariitii
Akka huursaa galaanaa
Akka iyyata hiyyeessaa
Akka iyya kormaa-hindaaqqoo

Akka qawweessa arfaasaaa
Akka kolfa obbo-guddoo
Kolfa galhaa-maa’essaa…(f. 145)

**II: Iddoosa/Bakkasaa**

Fakk.1

Gaaddidduu aayyolee uumtuu
Giiftii simboodhaan guutuu
Waaqee guntuta biilaa
Kan aggaamtee hin dhabne
Qaroo qara sibiilaa..(f.66)

Fakk.2

Kan dhaabataan tiratu
Jaarsa qoma dabbassaa…(f.61

**III. Nameessa**

Fakk.1

Barri hamma gufuuti
Dhaqaa gala si dhoofti
Gatii lubbuu dubbifti (f.50)

Fakk.2

Akka mugduu lafaa gadii
Duuti ittiin mari’atuu…
Yaanni nu burjaajja’a…..(f.151)

Fakk.3

Geeraraa dhiichisaa
Miila lafaan reebaa
Dibbee dudubbisaa
Ulullee boochisaa…(f.108)

**IV. Eeyemitii**

Fakk.1

Kanan jaalla
Kanan jibbas
Yaadee yaadda’uu malee
Gaddee gadaduu malee..(f.41)

Fakk.2

Korommiin koo sagalii
Sadii ciincessaa baatee
Sadii nikaa hidhamtee
Sadii jiraatti duute..(f.116)

**DABALEE C: Qabxiilee Mirkaneessituu (Checklist)**

Gabateen armaan gadii kun qorataan malleen dubbii Ogwalaloo Miila kaayyoofi Edas edanas keessatti argaman addaan baafachuuf itti garagaarame kan agarsiisuudha. Kunis gabaticha keessatti malleen dubbii achi keessatti kan argamaniifmallattoo “ ” kanneen hin argamneef immoo mallattoo”x”kaa’un agarsiisee jira.

| Lakk. | Makkeen dubbii | Miila kaayyoo | Edas edanas |
|---|---|---|---|
| 1 | Akkasa | ✓ | ✓ |
| 2 | Nameessa | ✓ | ✓ |
| 3 | Iddeessa | ✓ | ✓ |
| 4 | Habalaka | ✓ | ✓ |
| 5 | Arbeessa | ✓ | ✓ |
| 6 | Tuksee | ✓ | ✓ |
| 7 | Eeyemitii | ✓ | ✓ |
| 8 | Atee | ✓ | ✓ |
| 9 | Mallattoo | ✓ | ✓ |
| | | | |